

Qaacceessa Ergaa Faaruu Gooticha Badhaadha Dilgaasaa:
Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam

Siinbooneeraa Iraasuu Tufaatiin

Waraqaa Qorannoo Yuunivarsiitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii
Hawaasaafi Hiwuumaanitee Damee Barnoota Afaan Oromoofi
Ogbarruutti Qophaa'ee Dhiyaate

Guraandhala, 2021/2013

Jimma, Oromiyaa

Yuuniversitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiwuumaanitii
Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutti

Waraqaa Qorannoo Qaacceessa Ergaa Faaruu Gooticha Badhaadha
Dilgaasaa: Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam

Siinbooneeraa Iraasuu Tufaatiin

Gorsaan: Alamaayyoo Faqqadaa (PhD)

Gorsaa gargaraan: Margaa Abbabaa (MA)

Mirkaneessa

Yuuniversitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiwuumaanitii

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutti

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuu Gamisaan Guuttachuuf Siinbooneeraa Iraasuu Tufaatiin Mata duree “Qaacceessa Ergaa Faaruu Gooticha Badhaadha Dilgaasaa: Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam” Jedhu Irratti Qophaa’e.

Waraqaan qorannoo kun kanaan dura ulaagaa digirii lammaffaa ittiin uuttaachuuf Yuuniversitii kam keessattu kan hindhiyaanne ta’uufi maddan ragaa irraa fudhe hundaaf beekamtii kenneefi kanan qopheesse ta’uu akka armaan gadiitti nan mirkaneessa.

Maqaa	Mallattoo	Guyyaa
Siinbooneera	Iraasuu	_____

Waraqaan qorannoo kun qormaataaf dhiyaate ulagaa digirii lammaffaa guuttachuu kan guutu ta’uu akka gorsaa, gorsaa gargaaraafi qoraattii nan mirkaneessa.

Maqaa Gorsaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Maqaa Gorsaa Gargaaraa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____

Koree Qormaataa

Qoraa Keessaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____
Qoraa Alaa	Mallattoo	Guyyaa
_____	_____	_____

Axeereraa

Kaayyoon qorannoo kanaa faaruu gooticha Badhaadha Dilgaasaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam qaacceessuudha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf qorannoon kun saxaxa qorannoo dhimmaawaa (case study design) mala qulqulleefatatti dhimma bahe. Maddi ragaalee qorannoo kana keessatti hojirraa oolaan madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaadha. Maddi ragaa tokkooffaan maanguddoota, hawwaan, dargaggootaafi qabsaa'oota gooticha waajjiin qabsa'aa turan yemmuu ta'u, maddi ragaa lammaffaan immoo galmeewwan seenaafi faaruwwaan osoo hinqaacceeffamin jiraniidha. Iddattoon qorannichaa namoota digdaamii jaha. Isaan kun tooftaa iddatteessuu kaayyeeffataa (purposive sampling) fi darbaa dabarsaatin (snow ball sampling)tin filatamaan. Meeshaaleen ragaan ittiin walitti qabamees afgaaffii, marii gareefi Sakatta'a galmeewwaniitiniidha. Ragaa haala kanaan argame bifa faaruun sun ittiin dhiyaateetti qoqoduun, akkaataa ergaa isaan dabarsaaniin qindeessuun mala qulqulleffataadhaan qaacceeffamee dhiyaateera. Ragaa qaacceeffame irraa diinadgeen hawaasichaa warana mootummaa wayyaneetiin akka miidhame bira gahameera. Gama siyaasaatin immoo gooticha kanaaf kiyyoon xaxoo siyaasaa yeroo baayee kan dirirfameef ta'uudha. Yeroo baayees gootummaa isaatin injifatee keessa darbaa akka ture hubatameera. Dhumarratti garuu kiyyoo xaxoo siyaasaa tolchaadhan dirirfameen bakka Dheebisa jedhamuutti akka qabamee ofiin ofajjeese bira gahameera. Dabalatanis, faaruwwaan gootichaa yeroo inni injifannoo argate ittiin jajuf akka kalaqamaan qorannoo kanaan bira gahameera. Kana malees, aadaa hawaasichaa kan akka gumaa baasuu, ibsuufi eegee tursiisu, seenaa hawaasichaa keessatti dhimmoota akka ququqqaa ittiin ibsachuufi goota ittiin jajjabeessuu keessaatti faayidaa olaanaa akka qabu qorannoo kanaan bira gahameera. Dabalataanis, walaloo faaruu dhiyaate keessaatti gootichi goota cimaa, gootummaadhan dhaadachuun injifannoo galmeessuun hawaasa isaa hanga lubbuun jiruutti roorroo jalaa baasee aara kan galfachiise ta'uun argannoowwan qorannoo kanaati. Kanumarra ka'uun qorattuun Waajjirrii Aadaafi Tuurizimii, barssisoonni afaaniifi qorattoonni akkaata isaan ilaallatuun osoo irratti hojjetanii gaariidha jechuun yaada furmaataa yookan yaboo keessee jirti.

Galata

Hunda dursee gorsaa koo Alamaayyoo Faqqadaa (PhD adeemsa qorannoon keessa taruu qabu hunda nahordofsiisuun nuffii tokko malee karaa natti agarsiisuun, waraqaa qorannoo kana akkan hojjedhu waan naqajeelchaa turaniif galanni koo guddaadha. Dabalataniis, gorsaa gargaaraa koo Margaa Abbaabbaa (MA) yeroo isaanii aarsaa gochuun qophii waraqaa wixineerraa kaasee hanga dhuma qorannoo kanaatti beekumsa qabaniin fiixaan bahiinsa qorannoo kanaa keessatti tumsa naa taasisaaniif guddaan galateeffadha.

Itti aansuun odeefkennitoota qorannoo kootii odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu naa kennuudhan raawwii qabatamaan agarsiisaan hundaaf galanni koo daangaa hinqabu. Keessumattuu, itti gaafatamtuu waajjiira aadaafi tuuriziimii Aanaa Dagam Oromiyaa Darajjee odeefkennitoota qorannoo kanaa akkan argadhuuf haala waan naa mijeessiteef baay'een galateeffadha.

Hiika Jechootaafi Gabajeewwan

Emmifoortii: Gosa Meeshaa Qawwee Rasaasa 21 Nyaatu Kan Halaalatti Rukkutu

Miidhee: Maqaa Qoosaa Badhaannii Qabuudha. Hiikni Isaarakoo Irraan Geesise

Baxaaxaa: Wayyaaneen Maqaa Badhaadhaa Waamuu Dadhabuun Kan Moggaastedha

Xaxoo: Shira

Togee: Raatuu

Tolchaa: Xonqolaa

Mannee: Gola

Marraabii: Huccuu Xiqqoo

Faalii: Meeshaa Waraanaa Qawwee Fakkaatu

Labanii: Maqaa Qawweeti

Dhiitaa: Dhagaa Guddaa Irraa Gadee Gadhiifamu

Qicuu: Buusuu

Keettoo: Keessa Beekaa

Darabaa: Godoo Yookan Mooraa Loonii Naannoo Manaatiin Alaatti Ijaaramu

Baandaa: Diinaaf kan hojjetu

Goljaa: Dheeraa

Labata: Dhaloota

Waashaa: Holqa

A.L.I: Akka lakkofsa Itoophiyaatti

A.L.A: Akka lakkoofsa Awurooppaatti

K.K.F: Kan kana fakkaatan

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axeereraa.....	i
Galata	ii
Hiika Jechootaafi Gabajeewwan.....	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo	5
1.3.2. Kaayyoo Gooree.....	5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa	6
1.5. Daangaa Qorannichaa	6
1.6. Hanqina qorannicha	7
1.7. Qindaa'ina Qorannichaa.....	7
1.8. Ibsa Bakka Qorannichaa.....	8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWANII.....	11
2.1. Maalummaa Fookiloorii.....	11
2.1.1. Ogafaan	13
2.1.1.1 Faaruu	14
2.1.1.2. Akaakuuwwaan Faaruu	16
2.1.1.2.1. Faaruu Cidhaa	16
2.1.1.2.2. Faaruu Loonii	17
2.1.1.2.3. Faaruu Daa'immanii	17
2.1.1.2.4. Faaruu Gootaa	17
2.2. Dayeessa qo'annoo	20
2.3. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii	21
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA	24
3.1. Saxaxaafi Mala Qorannichaa.....	24

3.2. Madda Ragaa Qorannichaa	24
3.3. Mala Iddatteessuufi Iddattoo Qorannichaa	25
3.3.1. Mala Iddatteessuu Qorannichaa	25
3.3.2. Iddattoo Qorannichaa	25
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa	26
3.4.1. Afgaaffii	26
3.4.2. Marii Garee Xiyyeeffannoo	26
3.4.3. Sakatta'a Galmeewwaanii	27
3.5. Mala Qaaccessa Ragaa.....	27
4.1. Yoomeessa Faaruwwan Gooticha Badhaadha Dilgaasaa Keessatti Kalaqamaan	28
4.1.2. Yeroo Gootichi Iddoo Isaa Hinmallee Dhaabbatu Ittin Qeequufi Gorsuuf	30
4.1.3. Yeroo Gootichi Hubannoo Hawaasaa Cimsu	32
4.1.4. Wareegama Gootichaan Walqabsiisuun.....	33
4.1.4.1. Akkaataa itti waareegameen	33
4.1.4. 2. Yeroo Wareegamuun Walqabsiisuun	36
4.1.4. 3. Bakka Itti Wareegame Ibsuuf.....	38
4.1.4. 4. Shiraan Wareegamuu Gootichaatif Gadda Itti Dhagahame Ibsachuuf	41
4.2. Dhaamsa Faaruwwan Gootichaa Gama Diinadgeefi Siyaasaatiin Qabu.....	44
4.2.1. Gama Diinagdeetiin.....	44
4.2.2. Gama Siyaasaatiin	46
4.3. Faayidaa Faaruwwan Gootichaa Aadaa, Eenyummaafi Seenaa Hawaasichaa Ibsuufi Eegee Tursiisuu Keessaatti Qabu.	49
4.3.1. Aadaa Hawaasichaa Ibsuufi Eegee Tursiisuu Keessatti	49
4.3.2. Eenyummaa Hawaasichaa Ibsuufi Eegee Tursiisuu Keessatti.....	52
4.3.3. Seenaa Hawaasichaaa Ibsuufi Eegee Tursiisuu Keessatti	54
4.3.3.1. Quqquqqaa Ittiin Ibsachuuf.....	54
4.3.3.2. Gootaa Ittiin Jajjabeessuf.....	55
4.3.3.3. Goota ittiin Jajuuf.....	58

4.3.3.4. Hawwii Qaban Ittin Ibsachuuf	64
4.3.3.5. Baandotafi Basaastoota Ittiin Koomachuufi Ittin Ceepha'uuf	65
4.4. Akkaataa Dhugaan Gootummaa Gootichaa Walaloo Faaruu Keessatti Dhiyaate.	69
5.1 Cunfaa Qorannichaa	78
5.2. Argannoowwan Qorannichaa	79
5.3 Yaboo Qorannichaa	82

Wabiilee

Dabalee A

Dabalee B

Dabalee C

Dabalee D

Dabalee E.

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana jalatti seendubee, ka'uumsa, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaa, qindaa'inafi ibsi bakka qorannichaa walduuraa duubaan dhiyaataniru.

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Sabni Oromoo saboota gaanfa Afrikaa jiraataan keessa beekamaa kan ta'eefi keessuumattu, saboota Itoophiyaa keessaa jiraataan keessaa baayina uummataatiin kan beekamudha. "The Oromo are one of the ethnic groups inhabiting the Horn of Africa, predominantly in Ethiopia" (Ashenafi and Eba, 2017, f. 1). Sabni guddaaan Gaanfa Afrikaa jiraatu kunis yeroo dheeraadhaaf ogbarruu barreeffaamaa kan hinqabne yemmuu ta'u, duudhaa, seenaa, aadaa, barsiifata, beekumsa hawaas-dinaagdee isaa ogafaan isaatiin dhalootaa dhalootaatti dabarfaachaa tureera. "The Oromo did not have written literature in the past. Oral traditions thus remained as the sole source of knowledge about the society's socio-cultural experiences (Ashenafi and Eba, 2017, f. 1).

Sabni Oromoo muuxannoofi beekumsa waliigala jiruufi jireenya isaa sammuutti qabatee yaadachuudhan himamsa afaanitiin yookan raawwiidhan dhalootaa dhalootaatti kan daddabarfachaa dhufeedha. "Transmission by reading aloud or by performing from memory (sometimes accompanied by improvisation) is not at all incompatible with some reliance on writing" (Finnegan, 2012, f. 21). Ogafaan kanas hayyoonni hedduun bakka garaagaraatti haa qoodan malee, kanneen gurguddoo ta'an kanneen seeneeffamanifi walaleeffaman yookiin kanneen bifa afwalalootin daddarban akka ta'an hayyoonni baayeen nieeru. Kanneen bifa afwalalootin daddarban kunis, faaruu jaalalaa, faaruu lolaa, faaruu amantaa, faaruu quqquqqaa, faaruu boo'ichaa, faaruu goototaafaadha. "To the various categories of poetry, love songs, satirical songs, war songs, epic, dirges, religious songs, and didactic poems as among African literary forms" (Finnegan, 2012, f. 35). Kanaafuu, sabni Oromoos afwalaloo isaatin miiraa isaa waan isaatti dhaga'amefi gadda isaa ibsachaa tureera. Hawaasichaaf faayidaan afwalaloonis ta'ee, ogafaan kaan qabu hedduudha. ofiifi yaada ofii karaa humna qabuufi kalaqa qabuun ittin ibsaachaa kan turedha. Faaruun walaloo miira faarfannaatiin guuttame ta'ee, namoota hojii gaarii qaban jajuuf, gurra guddisuufi galateeffachuuf kan gargaruudha. Akkuma gosoota ogafaan kaanii hirmaannaa jamaa qaba. Kana jechuun bakka

kan faarsu jirutti kan jalaa qabu nijiraata jechuudha. Raawwii faaruu keessaatti dabaree dabareedhan haala walfakkatuun hirmaattonnii waljalaa qabuun raawwatu. Finnegan (2012, f. 13) hirmannaa jamaan raawwii faaruu keessatti qabu akka itti aanu kanatti ibsiiteetti.

The audience can be exploited in similar ways in the performance of poetry, particularly in sung lyrics where it is common practice for the poet to act as leader, singing and improvising the verse line, while the audience performs as a chorus keeping up the burden of the song, sometimes to the accompaniment of dancing or instrumental music.

Dabalatanis, hayyoonni adda addaa faaruu ulaagaa garagaraatiin bakka garagaraatti qooduu. Hayyoota kanneen keessaa, Finnegan (2012, f. 203). kan ajjeessaa (huntig)fi kan lolaa (war) jechuun bakka lamatti qooddi. Faaruwwan lamaan kunniin akka Finnegan jettutti, Saba Oromoo biratti geerarsa ajjeesaa yookiin loltuu jedhame beekaama (Finnegan, 2012, f. 203). Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amuuttii kan bineesota gurguddaa ajjeesseefi lolee injifaannoo gonfaachuun geeraru yookiin faarsu goota waanta'eef faaruu goota jennee waamuu nidandeenya. Faaruun gootaa kunis yoomessa keessatti faarfatamu qaba. Faaruun lolaa yeroo baayee kan faarfatamu, moo'icha dirree lolaarratti argame booda yemmuu ta'uu, waraana duras nifaarfaatama. Sabaabni waraana dura faarfatamuuf immoo goototni dirree lolaatti deeman cimani akka lolaniif jajjabeessuuf, miireessuufi hamilee itti horuufi akkasumas, fedhii mo'ichaa dirree lolaatti argachuuf deeman ittin ibsuufidha.

In the war songs sung before going out to battle, or in triumph after it. The desire for glory and the sense of competitiveness were incited by the stirring war songs and dances, where the words, the melody and the movement all helped to create a warlike atmosphere. These, like other war songs, were often highly rhythmical and onomatopoeic (Finnegan, 2012, f. 2010).

Akka yaada kanaatti, faaruun waraanaa kan faarfamuu osoo dirree waraanaatti hinbahiin yookan waraanaan booda yemmuu ta'u, faaruun kunis galataafi dhaadannoon kan guuttame; faaruu lolaaf nama kakaasu; sagaaleen sirbaa isaa mi'aawaa kan ta'e; sochiin hunduu waraanaaf kan nama kakasuufi faaruun isaa sagalee muziiqaafi rukkuttaa manaatin kan guuttame ta'uu isaati.

Haaluma kanaan gootonni Oromoo Godina Shawaa Kaabaas cunqursaa keessaafi alaa uummata isaanirratti fe'amaa ture calliisanii ilaalaa kan turan osoo hintaane, dirree waranaatti bahuun lolaanii injiffannoo galmeessaa kan turaaniifi dirree waraanaatti aarsaa lubbuu kanfalaa kan turan hedduu ta'uun isaanii beekkamaadha. Kanafuu, xiyyeeffaannoon qoraannoo kanaa Ergaa Faaruu Gooticha Badhaadha Dilgaasaa kan hawaasa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagamiin faarfaatamu dhaamsa inni qabu qaaceessuudha.

Goonni qaama garaagaraatiin hiika garaagaraa qaba. Qaamuma hawaasaa tokko keessattu hiika garaagaratu argama. Baayinaan saba Oromoo biratti garuu, hiikni gootaaf keennamu, Gootni nama yemmuu dhiibbaan mirgaa, cunqursaan, sirni gita bittaa garbummaa saba isaa irratti fe'amuu uummata isaatiif bilisummaa laachuuf gootummaa isaatiin socho' uudha. Gootonni Oromoo hedduunis maqaa gootummaa kan argatan cunqursaa halagaa saba isaanirraa fonqolchuuf kanneen kutaaannoodhan dhiirummaan yookaan gootummaan filannoo lolaa keessa galanii injifachuun mirga ofiifi sabaa kabachiisaaniidha. Kanneen immoo adeemsuma qabsoo keessatti osoo bilisummaa saba isaaniitiif qabsaa'anii kan aarsaa lubbuu kanfaalaniidha.

Gootichi Badhaadha Dilgaasaa kanneen adeemsa qabsoo keessatti aarsaa lubbuu kanfalan keessaa isa tokkoodha. Gootichi Badhaadha Dilgaasaa bara 1956 A.L.I Godina Shawaa Kaabaa aanaa yaayyaa Gullaallee ganda Buyyamaafi Qo'atti dhalatee kan guddate yemmuu ta'uu, nama bilisummaa saba isaatiif laachuuf gootummaa isaatiin socho'aa tureedha. Badhaadhni umurii dargaggummaa isaatti gochaalee aadaa kan akka gugsii fardaa, mikkitoo shimalaa, wallaansoo, adamsoo, sirba lolaafi nagaa shaakalaa tureera. Uummata baadiyyaa jireenya hiyyummaa keessa jiraatan daawwachaafi gootota isa dura turan kan akka J /Taddasaa Birruu, Hagarii Tulluufi Muluu Asanuufaa faarsaa kan guddateefi leenjii loltummaas waraana Dargiitti dabalamuun fudhateera. “Kaayyoon leenjii loltummaa fudhachuu isaatiis, gara fulduraatti qabsa'aa ta'uudha. Kaayyoosaa kana galmaan gahuuf malee Dargiif loltuu ta'uuf miti” (Assefa, 2015, f. 349).

Dabalataniis, Assefa-an Badhaanni Dilgaasaa Guyyamaa Yaayyaa Gullaalleetti dhalatee, gootummaadhaan waggaa afur qabsoo hadha'aa bara (1991- 1994) A.L.A erga geggeessee booda bara mootummaa wayyane, waraana humna waraanaa wayyaaneefi garee waraanaa Badhaadhan hogganamu gidduutti geggeeffameen rukkutamee du'a gaddissisaa ofiin akka ofajjeesse (2015, f. 356) ibsera.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Godinni Shawaa Kaabaa Godina saba biraa kan afaan, aadaa, amantaa, eenyummaa, sirna siyaasaa mataa isaanii qabaaniin daangeeffamee kan argamuudha. Daangeeffamee argamuu caalaatti immoo sabni biraan kun hawaasichaatti makamee yeroo dheeraaf walkeessa jiraachaa turaniru. Hawaasni Saba biraa kunis yeroo dheeraadhaf olaantummaan siyaasaafi aangoo harka isaanii kan ture yemmuu ta'u, olaantummaa siyaasaafi aangoo isaanitti fayyadamuudhan hawaasaa Godinichaa afaan, aadaa, amantaa, diinagdeefi eenyummaa isaanii miidhaa tureera. Yeroo kana immoo hawaasni Godichaa callisee miidhaa, hacuuccaafi sirna bittaa garbummaa kana tole jedhee kan fudhate osoo hintaane, kallattii garaagaraatin qabsaa'aa kan tureedha. Adeemsa qabsoo kana keessaatti hawaasichi goototaafi hayyoota hedduu aarsaa godhaa tureera. Goototafi hayyoota kanneenis yeroofi haalotaan kan dagate osoo hintaane, ogafaan isaa kanneen akka faaruu, geeraarsa, dhiichisaafi k.k.f fayyadamudhaan bakkeewwaan akka daboo, cidhaa, kabaja ayyanoota adda addaatti jajaafi seenaan isaanii dhalootaa dhalootaatti akka daddarbu godhaa turaniru. Dabalataanis, ogafaan isaanii kanan gootota amma lubbuun jiraan kan ittiin jajjabeessaaniifi gadhee /lugna kan ittiin gorsanidha.

Haa ta'uu malee, ogafaan isaa kan akka meeshaa waraanaatti isaa tajaajilaa ture kun yeroo dheeraaf afaaniin labataa labataatti daddarbaa waan tureef, sababa amantaafi siyaasaatin yeroo amma kana kan duriirra itti fayyadamni isaa gadi bu'a dhufeera. Kun immoo baduu yookan dagatamuu isaatiif sababa ta'uu danda'a. Sababoota faaruwwaan Oromoo Salaalee ittiin dagatamaa jiran Melese Ijara (2019, f. 1277) yemmuu ibsu,

Yeroo ammaa kana dhaloonnii haaraan uummannii baadiyyaalle, Sababaa qaroominaafi barumsaatiin ogafaaniitti fayyadamaa akka hinjirree, dargaggoonni beekumsaafi bashannana argachuuf, ogafaan dhaggeeffachuu caalaa kitaaba dubbisuurratti xiyyeeffaachaa akka jiran, Kun immoo lakkoofsa namoota afwalaloofi faaruutti fayyadamanii gadi xiqqeessuu akka danda'uufi qabeenya hawaasaa kana hubachuun kunuunsa taassisuuf qorannoon akkanaa barbaachisaa akka ta'ees ibsee jira.

Kanaafuu, qorattuun qorannoo kanaa ogafaan haala kanaan dagatamaa yookan badaa jiran kana keessaa faaruun Gooticha Badhaadha Dilgaasaa isaa tokko waan ta'eef, dhaamsa isaa

wajjiin barreeffamaan olka'aamuun isaa hanga tokko badiisa faaruu gooticha kanaa xiqqeessuu danda'a jettee waan yaaddeef dhimma faaruu gootichaa kana qaacceessuun ergaa keessa jiru baasuun barreeffamaan olkaa'uun dhalootaa dahalootaatti akka darbuuf kakaaseedha. Haaluma kanaan gaaffilee bu'uuraa armaan gadii deebiisuuf yaalamee jira. .

Gaaffilee bu'uuraa qorannichaa.

1. Faaruwwan Gooticha Badhaadha Dilgaasaa yoomeessa akkamii keessatti kalaqamaan?
2. Faaruwwan Gooticha Badhaadha Dilgaasaa dhaamsi inni gama dinaadgeefi siyaasaatiin qabu maalii?
3. Faaruwwan Gooticha Badhaadha Dilgaasaa Aanaa Dagamitti aadaa, eenyummaafi seenaa hawaasichaa ibsuufi eegee tursiisu keessaatti faayidaa maal maal qaba?
4. Dhugaan gootummaa Gooticha Badhaadha Dilgaasaa walaloo faaruu keessatti akkamiin dhiyaate?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Ergaa Faaruu Gooticha Badhaadha Dilgaasaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam qaacceessuudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

- ❖ Faaruwwan Gooticha Badhaadha Dilgaasaa yoomeessawwan akkamii akkamii keessatti akka kalaqamaan ibsuu.
- ❖ Faaruwwan Gooticha Badhaadha Dilgaasaa dhaamsa inni gama diinadgeefi siyaasaatiin qabu ibsuu.
- ❖ Faaruwwan Gooticha Badhaadha Dilgaasaa Aanaa Dagamitti aadaa, eenyummaafi seenaa hawaasichaa ibsuufi eegee tursiisuu keessaatti faayidaa akkam akkamii akka qabu ibsuu.
- ❖ Akkaataa Dhugaan gootummaa Gooticha Badhaadha Dilgaasaa walaloo faaruu keessaatti dhiyaate ibsuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun qaamolee adda addaaf faayidaa adda addaa qaba. Qaamoleen qorannicharra fayyadamoo ta'anis:

- ❖ Namoota faaruuwaniifi ergaa faaruuwwaan Gooticha Badhaadha Dilgaasaa baruu barbaadan nibarsiisa.
- ❖ Hayyoota/ namoota dhiimmoota gooticha kanaarratti qorannoo gadi fagoo geggeessuu barbaadaniif ka'uumsa ta'uufi nidanda'a.
- ❖ Dabalataanis, waajjiraaleen aadaafi turiizimii aaniichaas ta'ee, godinichaa faaruuwwaan gooticha kanaa tajaajila adda addaaf akka oolchaniif gargaaruu nidanda'a.
- ❖ Faaruuwwan gootichaa kanaa qaamni biroos jedhuudhan gootummaa isaa akka gabbifatuuf nigargaara
- ❖ Qaamaa faaruuwwaan goototaa Oromoo akka hindagatamneef furmaata, yookan sirreeffama taasisuu barbaadu mara nigargaara.
- ❖ Daree barnoota keessatti barattoota ittiin bashannansiisa ogbarruu Oromoo barsiisuuf gahee olaanaa qaba.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoo saayinsawaa ta'e tokko geggeessuf bakkafi qabiyyeedhan daangeessuun barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan qorannoo kunis, bakkaan Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam, qabiyyeen immoo ergaa faaruuwwan Gooticha Badhaadha Dilgaasaa kan hawaasni aaniichaa farfaachaa tureefi farfaachaa jiru qaacceessuurratti kan daangeeffameedha.

1.6. Hanqina qorannicha

Bu'aa ba'ii qorannoo kanaa keessatti rakkoolee qorattuu muudatan keessaa, dhukkubni vaayirasii koronaa (covid-19) addunyaa gaaga'a jiru isa tokkoodha. Biyya keenya keessattis dhukkubni kun mullachuu isaatiin mootummaan labsii muddamaa labsuudhan namoonni akka wal hinqunnamne taasiseera. Sababa kanaan namoonni odeeffannoo naakennuu waan hindanda'aanyeeff hanga labsiin kun ka'uutti osoo odeeffannoo hinfudhatiin tureera.

Gama biraanis, humni hidhatee (WBO) bosonaa aanichaa keessa waan jiruuf, waraanni mootummaa humna kana adamsuuf achiitti bobba'aaan, yeroon gara uummataatti dhiyaadhee odeeffannoo walitti qabachuuf deemetti waraana mootummaatin hordooffii na mudachuu isaati. Dabalataan namoonni seenaa gooticha Badhaadha Dilgaasaa beekaniifi qabsaa'onna isa waliin turan faca'anii lafa fagoorra waan jiraataniif beellama dheeressuun na dedeebisanis obsaan ragaan barbaadu argachuu danda'eera.

Haat'uu malee, rakkoowwan namudatan, dhukkuba covid-19 erga labsii ka'ee booda ulaagaa isaa eeguun, akkaata odeeffannootaatti dhiyaachuun danda'amuun fudhadheera. Rakkoo gama waraana mootummaatiin na muudatees haala eeggachuudhaan kanneen biroos obsaafi kutannoon keessa darbuun ragaa qorannichaaf barbaachisu hunda argachuu danda'eera.

1.7. Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan ofkeessaa qaba. Boqonaa jalqabaa keessatti: seenduubee qorannichaa, ka'uumsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qindaa'inafi ibsa bakka qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta'iinsa barruu adda addaatu jira. Kutaa kana keessatti yaadni beektoonni adda addaa mata duricha ilaalchisee waan jedhan sakatta'ameera. Boqonnaa sadii jalatti immoo, malleen garagaraa qorannoo kana galmaan gahuuf filataman dhiyaateera. Boqonnaa afur jalatti immoo ragaaleen afgaaffii, marii gareefi sakatta'a galmeewwanitin argaman qaaceffamani dhiyaataniru..

Dhumarra cuunfaa, Argannoowwan qorannichaan bira gahameefi yaboon boqonnaa shanaffaa keessatti ibsameera.

1.8. Ibsa Bakka Qorannichaa


Godinni Shawaa Kaabaa godinoota bulchiinsi mootummaa naannoo Oromiyaa qabu keessaa isa tokkoodha. Godinichi aanaalee 13fi bulchiinsa magaalaa lama kan qabuudha. Argamni godinichaa magaalaa Finfinnee kallattii kaabaatti km 112 fagaatee argama. Daangeffamni kallattii lamaan naannoo Amaaraan kan daangeffamu yoota'u, isaanis kaabaafi kaaba bahaati. Kibba Bahaan immoo Godina Shawaa Bahaa, Dabalataan Kibbaan Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee, Kibba Lixaan Godina Shawaa Lixaan daangeffamee argama. Akka ragaan bulchiinsa godinichaa irraa argame ibsutti uummanni Dhibbeentaa 91 qonna midhaaniifi horii horsiisuu irratti kan bobba'eedha. Gama biroon akka ragaan istaastiksii biyyoolessaa bara 1999 ibsutti baay'inni uummata godina shawaa kaabaa 1,431,305 yoo ta'u, yeroo ammaa kana baayyinni uummataa miliyoona 1.6 tti kan tilmaamu ta'uu ragaan bulchiinsa godinichaa irraa argame niibsa. Kana keessaa dhibbeentaa 92.43 amantaa kiristaanaa kan hordofan, dhibbeentaa 5.34 amantaa musliimaa hordofan dhibbeentaa 2.33 amantaa biroo kan hordofaniidha. Jiraattonni godinichaa dhibbeentaa 84.33 saba Oromoo, dhibbeentaa 14.99 saba Amaaraa, dhibbeentaa 0.68 saba biroodha. Bal'inni lafa godinichaa iskuweer kiloometira 8989.8(km²) dha.

Madda: Afgaafii Maanguddoo Luba Girmaa Daadhii guyyaa 20/02/2013

Aanaan Dagam aanaalee Godinni Shawaa Kaabaa qabdu keessaa tokkoodha. Magaalaa gudditti aaniichaas hambisoo jedhame wamama. Moggaasa maqaa Aanaa Dagamiif yaada lamatu jira. Yaanni jalqaaabaa, Bara durii keessa sababa lafa babal'ifannaatiin sabnifi sabni, gostiifi gosti walitti bu'aa turaniiru. Kanuma irraa ka'uun sabni Oromoofi sabni Amaaraa iddoo kanatti waraana walitti banan jedhama. Kana keessaa sabni Amaaraa saba Oromoo kana waraana muka irraa qaramee tolfameen waraane. Inni tokko immoo “digam digam” jedhen. Booda Oromoonni biroo namichi maal jedhe jedhanii yoo wal gaafatan “dagam dagam” jedhe jennaan iddoo kanaan dagam jedhanii waamuu eegalan jedhama.

Yaannii lammaffaan immoo, Naannoo jaarraa 16ffaa keessa Nigist Illeenii kan jedhamtu iddoo amma bosona Ileen jedhamee beekamu gaara Ileen irratti mana ijaarratee jiraachaa yeroo turtetti daawwitii dagamaa turte jedhama. Yeroo kana Oromoonni naannawa kana jiran “Nigist Illeenin maal gooti” jedhanii gaafatan. Yeroo kana “daawwitii dagamti” jedhanii deebisaniif. Kana irraa ka'uudhan iddoo kana Dagam jedhanii waamuu eegalan jedhama.

Magaalan Hambisoo Kan Hundoofte Bara 1946 Dha. Sababiin hundeeffama isheetis sababa gabayaatin kan walqabateedha. Magaalan Hambisoo Finfinneerraa Km 125 fagattee kan argamtu yoo ta'uu magaalaa gudditti godinichaa irraa ammo km 13 fagattee argamti. Aanaan tun Gandoota Magaalaa 2fi Gandoota Baadiyyaa 18 Walumaagatti Gandoota 20 Qabdi. Aanaan Dagam kaaban Naannoo Amaaraa kibbaan Sh/Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa Bahaan Aanaa Giraar Jaarsoo dhihaan Aanaa Hidhabuu Abooteefi kuyyuudhan daangooftee argamti.



Kaartaa Aanaa Dagam

(Madda: Dookimaantii Waajjira Aadaafi Tuuriziimii Aanaa Dagam irraa kan argame)

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWANII

2.1. Maalummaa Fookiloorii

Fooklooriin yaada bal'aa ofkeessatti hammata. Yaada bal'aa ofkeessatti hammachuun isaa kun immoo namoota hedduufi dirree qorannoo adda addaarraa walitti dhufaniin akka qoratamuuf karaa bane. Kun immoo, hiika garagaraa qabaachuu fooklooriitif sababa ta'e. Kanaafuu fooklooriidhaf hayyoonni garagaraa hiikaa garaagaraa kennaniru. Hiikawwaan fooklooriif hayyootaa garaagaratin kennamaan keessaa muraaasni akka armaan gaditti dhiyaataniru. Sims and Stephens maalummaa fookloorii ilaalchisuun yemmuu ibsan .

fooklooriin waan hedduudha. Fookloorii jecha salpadhaan ibsuun hindanda'amu. Fooklooriin waan hayyoonni fookloorii qo'ataniifi dirree qo'annoo isaaniillee nidabalata. Fooklooriin kan walaleeffamuufi kan seeneeffamuudha. Kunis fooklooriin sirbootaa, durdurii, xalayaa seenaa qabeessa, baacoo, maqaa masoo, nyaata aadaafi wantoota mul'ataniifi hinmul'anneedha. Fooklooriin magaalaa keessa, baadiyyaa keessa, ganda keessa, maatii keessa, gita hojiifi mana keessa kan jiruudha. Fooklooriin waliin dubbii alidilee kan afaanii yookiin barreeffamaa keessatti, duudhaa hawaasaa kanneen akka amaleeffannaafi jilawwaan aadaa ykn meeshaalee keessatti kan argamuudha. Akkasumas, sona, barsiifatafi akkaataa yaada keenyaa of keessaa qaba. (2005, f. 1-2)

Dabalatanis, waa'ee ogummaa; waa'ee namootaafi karaa namoonni waa baraniti. Nuti eenyuu akka taaneefi akkaataa addunyaa naannoo keenyatti hiikaa kenninu kan nu barsiisudha Fooklooriin aadaa, amantaa, seenaa, afaan, falaasamaafi asdhuftee walumaagalatti walii gala haala jireenya hawaasaa ofkeesstti qabata.

Dabalataniis , Filee (2016, f. 30) fookiloorii yemmuu ibsu,

Jechii Ingiliffaan folklore jedhu jechoota tishoo lama “folk” fi “lore” irraa kan argame yemmuu ta'u, “folk” jechuun uummata; “lore” jechuun ammoo beekumsaadha (wisdom). Yaadrimeen isaanis, beekumtaadha. Beekumtaan beekumsa uummatni tokko jiruufi jireenya isaa mo'aachuuf, to'aachuuf yookaan fala itti barbaaduudhaaf waan adda addaa kalaquudhaaf beekumsaafi falaasama isaa itti fayyadamee keessoo isaa karaa raawwiifi afaaniin karaa ittiin waliif yookaan hawaasaa biroof beeksiisuuf ittii fayyadamuudha jechuun ibseera.

Akka yaada kanaatti, fooklooriin beekumsa hawaasni sochii qaamaa, meeshaa aadaanis ta'ee, afaaniin dhalootaa dhalootaatti ittin dabarfatuufi hawaasaa birootti ittiin beeksifatudha.

Fooklooriin beekumsa waligala jiruufi jireenya hawaasa tokko kan ofkeessaatti qabatudha. Beekumsi waligala jiruufi jireenya hawaasa kunis hundumtu karaa idilawaa ta'een mana baruunsa galuun qofa kan argamu osoo hintaane adeemsa waliin jireenyaa keessaatti hawaasni tokko yookaan kan biraan kan walirraa baratuufi waliif daddabarsuudha.

Folklore is informally learned, unofficial knowledge about the world, our selves, our communities, our belief, our cultures, and our traditions that is expressed creatively through words, music customs, actions, behaviors and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, communicating and performing as we share that knowledge with other people (Sims and Stephen, 2005, f. 12).

Yaada armaan oliirraa hubachuun akkumaa danda'amu, fooklooriin alidileen kan baratamu, beekumsa idilawaa hintaane, waa'ee addunyaa, waa'ee keenya, waa'ee uummata keenyaa, waa'ee amantaa keenyaa, waa'ee aadaa keenyaafi barsiifata keenyaa jechatti, muuziqaatti, gochatti, amalaafi meeshaaleetti gargaaramuun oguma (kalaqa) hawaasaa kan ibsudha. Akkasumas, walitti hidhaminsaafi raawwiin beekumsa waljijjiiruu keessa uumamaa kan deemudha.

Beekuumsi waligala jiruufi jireenya hawaasaa karaa alidileen baratamu kanas, hayyoonnii hedduun bakka garagaraattii qoodu. Hayyoota kaanneen keessa, Sims and Stephen (2005, f. 12) "Folklore can be categorized in many ways, based on its particular characteristics and how it is expressed. Three broad categories often used to describe folklore are verbal, material and customary jechuun bakka sadiiti qoodu. Akka yaada kanaatti fooklooriin amalaa isaafi akkaataa ittin ibsamuu irratti hunda'uun dubbii afaanii, meeshaaleefi duudhaatti qoodama. Kana malees, Dorsan gooroowwaan fookiloorii bakka gurguddoo afuriitti qooduun ibseera. Isaaniis, ogafaan (oral literature, duudhaa hawaasaa (social folk custom), aartii hawaasaa (folk performing art) fi wanta aadaa (material culture) dha. Gooroowwaan fookiloorii qoqqooddii Dorson kana jalatti kan argamu keessaa tokko ogafaan (oral literature) Dorson (1972, f. 3) dha.

2.1.1. Ogafaan

Ogafaan gooroowwaan fookloorii keessaa isa tokko ta'ee, dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii, yookan otoo hinkennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa adda addaa kan calaqqississudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumaagalatti, ogumaa (wisdom) fi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabuudha. Ogafaan ogummaa, beekumsaafi muuxannoo hawaasni tokko bara duriitii kaasee kuufataa ture dubbii afaaniitiin dhalootaa dhalootaatti kan daddabarsuudha. "Oral expression uses varying permutations of human vices (speaking, singing, chanting, shouting ...), singly or combined, with generic conventions based on, for example, verbal and performance style, appropriate speaker(s) and audiences, context, or purpose (Abrahams, 1980, f. 1). Akka yaada kanaatti ogummaan afaanii ykn ogafaan ogummaa hawaasaa kan garagaraa akkaataa qindoomina qabuun jechuunis, karaa dubbii afaanii, sirbaa, faaruufi k.k.f tokkoon ykn walitti qindeessuun dubbii afaaniifi gochaan jamaa biraan kan gahuufi kan tursuudha. Faayidaan ogafaan hawaasaa abbaa ogafaanichaatiif qabu hedduudha. Hawaasichii miira isaa waan isaatti dhaga'ame gaddafi gammaachuu, jaalalaafi jibba, roorroo, hakuuccaafi k.k.f ogafaan isaatin ibsata. Assefa-an (2015, f. 33) gahee ogafaanii yemmuu ibsu

... oral literature has been, I argue, not just the cultural transmission of knowledge and conventions from generation to generation but also to comment on the negativistic social transformation, namely evictions from their land, as a major problem affecting the lives of millions of rural peasants and their families in their respective environment.

Akka yaada kanaatti, ogafaan aadaa hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootaatti kan dabarsuufi beekumsa tursiisu qofa osoo hintaane, dhimmoota faallaa hawaasichaa ta'an kanneen akka qotee bulootni baadiyyaa lafa isaanii irraa ari'atamuun, maatii isaanii naannoo isaanii jiraachisuu akka hindanda'amneetti dhorkamuun yemmuu isaan muudatuullee yaada isaanii itti ibsachuuf kan isaan dandeessissuudha.

Kanafuu, ogafaan qabeenya hawaasaa kan hawaasni miiraa isaa dubbii afaaniitin walaleessuun yookan seenessuun itti ibsatufi gochaan agarsiifaatuudha. Kana jechuun ogafaan akaakuu lama kanneen seeneffamaniifi kanneen walaloodhan dhiyaatan ofkeessaa qaba jechuudha. "Oral literature is composed of various types both prose and poetry (Finnegan 1970, f. 195). Kanneen walaleeffamanis ta'e, kanneen seeneffaman karaan daddarbinsa isaani

garuu, afaanidha. “The criterion transmission by oral means another common basis for differentiating in oral literature” (Finnegan, 1974, f. 61). Ogafaan dubbii afaaniifi raawwii bu’uura godhachuun muuxannoon jiruufi jireenyaa dhalootaa dhalootatti ittin daddarbuu kanas hayyoonnii gooroowwaan adda addatti qoodu. Sims and Stephens (2005, f.13) Akaakuuwwan duudhaa afaanii hayyoota fookiloriitin qo’ataaman faaruwwan /folk songs, raagoofi seenessoowwan akka ta’an akka itti aanuutti ibsaniru. “Some of the most recognizable forms of verbal lore/tradition studied by folklorists are folk songs, myths, and folktales”

Dalabatanis, Hussein (2005) Sirbi jaalalaa, seenessoowwaan seenaa, mammaaksi, faaruun daa’immaanii, faaruun galataa, faaru gootaafaan gooroowwaan ogafaaniti jechuun ibseera.”Oral genres such as love songs, narrative stories, proverbs, cradlesongs, eulogies and hymns (poems of praise), epic verses and dirges are examples of oral tradition (f. 15).

2.1.1.1 Faaruu

Faaruun gooroowwaan ogafaanii keessaa isaa tokko ta’ee, walaloon miidhaksee kan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan leellisuu barbaade ittiin leellisu, kan jibbe ittiin jibbasaa agarsiisu, akkasumas, kan ittiin kadhatee mooksatu galaana kalaqa uummataati. Faaruun dhimmaa faarfatomurratti hunda’uun hordooftoota mataa isaa niqabata. Kana jechuun faaruun galataa hordooftoota isaa dhimma galateeffatamuuf sana bu’uura godhachuun kan beekkamu yemmuu ta’u, faaruun gootaas dhimma gootummaan ittin mul’atee san bu’uura godhachuun faarfata. Goonni dirree lolaattii moo’icha argatee, olaantummaa dinaa isaarratti argate bu’uureeffachuun kan faarfatu yemmuu ta’u, gootni ajjeesse gootummaa isaa mirkaneeffatees dhimmuma kana bu’uura godhatee faarfata. “Praise poems are always known by all his followers, and include references not only to his actions in war but also to acts of generosity and to his skill and achievement in hunting” (Finnegan, 2012, f. 125).

Kanafuu, faaru dhimma baay’ee barbaachisaa ta’eefi qabeenya hawaasaa isa beekamaa kan dur tureefi hawaasa ammaa keessattis gahee olaanaa taphatudha. “oral poetry plays an important, often pivotal role in current public life of the Oromo people and does not merely consist of those anonymous oral narratives and poems handed down by tradition” (Assefaa, 2003, f. 17). Akka yaada kanaatti, afwalaloon Oromoo Jireenya uummatichaa keessaatti

gahee olaanaa kan qabufi abbaan af-seenaa sanaafi walaloo sana dhuunfummaadhan kan hinbeekammedha.

Faaruum miira mararteen kan guuttamee jiruudha. Namni tokko waan faarsu san jaalatee mararfata. Kanuma bu'uura godhachuun faaruun akaakuu hedduu qaba. Isaanis: faaruu loonii, faaruu jaalalaa, faaruu gootaa, faaruu ateetee, faaruu mararoo cidhaa, faaruu fardaa, faaruu hofcoo, faaruu boo'ichaa, faaruu oogdiifi k.k.f hedduutu jiru. Faaruwwan kunniin bakkaafi yeroo itti faarfatan qabu. Fakkeenya, yeroo cidhaa, yeroo boo'ichaa, yeroo oogdii dhahan, yeroo midhaan daakaniifi kan kana fakkataan nifaarfata.

Haa ta'uu malee, faaruu haayyonni adda addaa ulaagaa kanneen akka ergaa, uunkaafi qabiyyee isaarratti hunda'uun bakka adda addatti qooduu. Asafaanis, ergaa isaarratti hunda'uun faaruufi seenessoon kan waraanaa, kan ilaalcha addunyaa kanaafi kan jaalalaa akka jiran ibsa. "The songs and narratives focus on three major themes: war, worldview and love (Assefa, 2017, f. 7).

Dabalatani, Finnegan (2012, f. 104) "General categories of song in any society—in work songs, children's verse, lullabies, or the chorus parts of antiphonal songs" jechuun tarreessiteetti. Akka yaada kanaatti, qoqqooddiwwan faaruu akka waligalaatti, hawaasa kamiyyuu keessatti faaruun hojii, faaruu daa'immaanii, uruursa daa'immaanii yookan faaruwwaan gareedhan walharkaa fuudhuun faarfaatamaan kanneen biroo akka jiraanidha.

Kana malees, Bascom (1954, f. 347) faaruun akaakuwwan adda addaa kan akka faaruu uruursa da'iimmanii, faaruu jaalalaa, faaruu hojii, faaruu boo'ichaa, faaruu amantaa, faaruu galataa jechuun akkaataa kanaa gaditiin ibseera. "Various types of song: lullabies, love songs, war songs, work songs, ballads, blues, religious songs, songs of praise, and songs of ridicule or allusion). Walumaa galatti qooddi akaakuwwaan faaruu kana olii kanarra hubachuun kan danda'uu akaakuwwaan faaruu garaagaraa akka jiraanifi hayyoonni adda addaa akka hubannoo isaaniitti akka qoodaniifi qoodiin kun immoo dhaabbataa akka hintaaneedha. Haata'uu malee akaakuwwan faaruu armaan olii kun faaruu saba Oromoo Keessattis bal'inaan waan argamaniif, faaruwwan sabni Oromoo dhimma adda addaati itti faayyadamu keessaa muraasni isaanii akka itti aanuutti dhiyaataniru.

2.1.1.2. Akaakuwwaan Faaruu

2.1.1.2.1. Faaruu Ciidhaa

Faaruu ciidhaa gosa faaruu ta'ee, Gama gurbaa fuudhutinis ta'ee, intaala heerumtuutin jala bultii gaa'eelaati hanga raawwii isaatti faaruu faarfatamuudha. Faaruun ciidhaa kun gammachuu qofa osoo hintaanee, gaddalle ittiin ibsaachuuf nigargaara. "The songs often overlap with faaruu gaddaa, i.e., songs of sorrow"(Assefa Tefera , 2017, f. 13). Kanaafuu, faaruun ciidhaa faaruu gaddaallee ofkeessaa qaba jechuudha. Kana jechuunis misiiroon gurbaafi kanneen gammachuun isaanitti gahame gammadanii yemmuu sirban, misiiroo durbaa immoo waa'een naannoo keessatti guddaatee, hiriyoota isheefi maatii isheerraa gargar baatee, maatii amala isaanii hinbeeknee, naannoo haaraa dhaqxuu ishee dhiphisuu nidanda'a. Gaddafi dhiphina keessoo ishee kana kan ittin ibsattuus faaruu miiraa gammachuutin guuttame osoo hintaane, faaruu miira namaa gaaddissisu kan ofkeessaa qabuniidha.

At the heart of this nuptial song sung by peers is a close emotional association which causes the listener(s) to shed tears hearing the song, as simple in form as in style, and accepted without any question for its dense content, embedded by the melancholic a heave Of separation and estrangement represented by "macca" as by marriage (Assefa, 2017, f. 14)

Akka yaada kanarra hubachuun danda'amuutti, faaruu ciidhaa kophaa kan faarfatamu osoo hintaane, hiriyoonnii missiiroo durbaa miira gaddaatiin imimmaan buusanii faaruu gargaar baahinsa ibsu kan faarfaatan ta'uu isaati. Faaruu kana keessaattis dhimmoonni xiyyeeffannoodhan ka'anii faarfaatamaan seenaa jireenya misiiroo kan hanga gaa'eelaatti jiru naannoo keessatti guddatteefi hiriyoota wajjiin guddaateedha. "In Oromo nuptial songs, the bride mentions local place names and the names of her kin in order to memorialize those places where she harvested fetched firewood and water,danced, and played with her peers as a young girl" (Assefa , 2017, f. 15). Akka yaada waraabbii keessa jiruutti, faaruu ciidhaa kan Oromoo keessaattis, misiiroon durbaa maqaa naannoo keessatti guddatee; maqaa firoottaniifi hiriyoota keessatti guddatee; yeroo bishaan waraabdu, qoraan funaantu, sirboota hiriyoota ishee wajjiin sirbaa turte yaadachuudhan kaastee sirbiti.

2.1.1.2.2. Faaruu Loonii

Loon diinadgee Oromoo keesaatti akka lafee duugdaattii waan ilaalamuuf Oromoon jaalalaa looniif qabufi faayidaan loon sabichaaf qabus heddu waan ta'eef, jaalalafi faayidaa loonii kanas faarfachuun ibsata. Faaruu loonii ammo bakka loon bishaan obaasan, tiiksan, elman, miidhaan dhahaniifi kan kana fakkaatanitti farfaatama. Faaruu loonii ilaalchisee, Bayyanaa (2008, f.16) Warquufi kaawwan (1993,f. 63) waabeffachuun yemmuu ibsu, "faaruun loonii jajachuu yookan Mararfachuu akka ta'etti" lafa kaa'a. Kanaafu Oromoon Loon akka madda galiitti, yeroo fuudhaafi heerumaa; yeroo gumaa waan baay'eef waan itti fayyadamuuf loon nijaalata nimaraarfata. Jaalalaafi maraartee loonii kanas, loon yeroo bobbaa deeman, yeroo bobba'aanii galan, yeroo daarii midhaanii dheedan faarsuun ibsata.

2.1.1.2.3. Faaruu Daa'immanii

Sabni Oromoo faaruu isaatiin waan inni hinibsannee hinjiru. Kanumarraa ka'uun, faaruu daa'immaaniitin haadhooliin daa'immaan sossobuun raaffisuu dabalatee hawwii daa'immaan isaanitif qaban kan ittin ibsatan, dhukkuba yookiin gidira isaan qunnamuu dandaa'u waaqayyoo eegaa akka ta'uuf kan ittiin waaqa kaadhatanidha. Dabalataanis, daa'immaan isaanii guddaatanii dinaagdefi beekuumsaan badhadhoo akka ta'ani hawwii gaarii isaaniif qaban faaruudhan ibsatu. Haadhooliin hunduu hanga humna isaanitti daa'imman isaanii nikununsuu. Nyaatafi ciisicha gaariis niqopheessuuf. nyaata qophaayee nyaachisuufis ta'ee raffisuuf faaruu isaanitin bira hin dhabaman. Abiyoot (2008, f. 24) "haadhooliin hunduu sadarkaa qabeenya isaanitin jaalalafi oo'a guddaan yeedaloo qabbana'an daa'immaan isaanii sossobaa cisicha gaarii qopheessuun akkasumas meeshaa oo'aafi qulqulluu ta'eetti annan naqaanifi daa'imman isaaniiti kunuunsaa taasisu" jechuun ibsera

2.1.1.2.4. Faaruu Gootaa

Gosoota faaruwwaanii hayyoonnii kanaa olii eeran keessaa tokko kan ta'e faaruu gootaati. Faaruun goota gosa lamatu jira. Innis: faaruu gootaa ajjeessaafi faaruu gootaa kan dirree waraanaati. Faaruun gootaa ajjeessaa kan faarfatumuu yemmuu gootichi bineensota beebbekkamoo ajjeesseedha. "Hunting songs are also often sung at the funerals of skilled hunters (Finnegan,.2012, f. 219).

Karaa biraatin immoo faaruun gootaa dirree lolaa, faaruu gootota yemmuu, dhiibbaan mirgaa, cunqursaan, sirni gita bittaa garbummaa saba isaanii irratti fe'amuu uummata isaaniitif bilisummaa laachuuf gootummaa isaanitiin socho'aa turaaniifi socho'aa jiran gootummaa

isaanii jajjabeessuuf faaruu farfaatamudha. Akaaakuun faaruu kana kan faarfatumu gootonni osoo dirree waraanaatti hinbahiin gootuummaadhan akka bahaan jajjabeesuufi moo'icha dirree lolaatti argatan ittiin ibsuufillee erga dirree lolaatii deebi'aanis nifaarfatama. "In the war songs sung before going out to battle or in triumph after it" (Finnegan, 2012, f. 2010).

Kanaafuu, gootonni Saba Oromoos jaarrawwan garagaraa keessatti dirree lolaatti bahuun adda dureedhan waranaa beebekamoo ta'an irraattii hirmaachaa kan turan ta'uun isaa beekkamadha. Gootota adda durummadhaan dirree lolaatti bahaan kanas sabni Oromoo gootummaa isaanii jajjabeessuufi moo'ichaan akka galaniif faaruu isaatin jajjaa tureera. Waraana bebbeekkamoo sabni Oromoo keessatti hirmaates, Assefa (2017, f. 7).

A substantial number of the texts are historical accounts of three major wars the Oromo participated in during the second-half of the nineteenth century: the war of conquest by Menelik II led by Ras Goobana Daacii and the continuous Oromo resistance and the Ethio-Italian war akka ta'an ibseera.

Akka yaada kanaatti, sabni Oromoo seenaa keessatti walakkaa jaarraa 19ffaa waraana kaanneen hangafa ta'an lola Minilik II kan Goobaanaa Daaciiin hogganamufi waraana Itiyoophiyaafi Ixaaliyaanii gidduutti raawwatee keessaatti hirmaachaa kan turan ta'uu isaati. Dirreewaan waraanaa kanneen keessatti hayyoonniifi gootonni Oromoo namoota gootummaa qabanitti fayyadamuun gootummaa isaanii mirkaneessaa turaniru. Gootonni saba Oromoo rakkoleen sirna cunqursaa yemmuu isaniifi saba isaanii irratti fe'amu (mirgi isaanii dhiibbamu) callisaanii hinteenye. Haala kana keessatti kanneen aarsaa lubbuu, lafeefi dhiigaa kaffaalaa turan hedduudha. Gootota kana seenaan bifa faaruutiniis ta'ee ogafaan kanneen biroottiin isaan yaadata. Faaruun gootaa gootota haala kanaan aarsaa kanfalaan ittiin jajuufi seenaa isaanii labatatti dabarsuu keessatti faayidaa olaanaa qaba.

Gama biraatinis, hawaasni miira isaa kan akka, gadda, roorroo, hiyyuumma, quuqqaafi gammaachuu isaa kan ittin bulgaafatu faaruu gootaatiini. Dabalataanis, faaruun gootaa lugna ittin gorsuufi gootaa ittiin jajjabeessuudhaf nitajaajila. Keessaumattu, faaruun gootaa gootonni hamileedha dirree lolaatti diina isaanii fuldura dhabbatanii akka lolaaniifi hogganaa isaanii akka hingannee taasisu keessatti qooda olaanaa qaba.

The use of war poetry in the actual face of the enemy is best documented for certain peoples of North-West Africa. The Oromo gheraera, warriors' boasting, is often in the form of a challenge, sometimes hurled between two armies (Finnegan, 2012, f. 205).

Akka yaada kanaatti walaloon lolaa Uummatni Kaaba-Dhiha Afrikaa jiraataan diina isaanii fuldura dhaabbatanii akka lolaaniif kan baayee tajaajiluu akka ta'eefi keessumattu geeraarsi lolaa kan Oromoo qaama lamaan gidduutti waldorgoommii cimaa kan uumu ta'uu isaati.

Dabalataanis, sabni Oromoo Gootota bilisummaa saba isaniitif jedhani dirree lolaatti wareegamaan kan dagatu osoo hintaane, gooreewwaan ogafaan garaagaraatiin seenaa isaanii kaasuun seenaan isaanii akka hindagatamneefi dhaloota ammaa gootummaa ittiin barsisuufis ta'ee gootummaa isaanii cimsuuf itti fayyadamaa jira. gooreewwaan ogafaanii kanneen keessaa faaruu isa tokko yoo ta'u, faaruu kanaan lakkoofsa gootota dirree lolaatti du'aanii kaasuun gootota kanaaf mootummaa waaqaa haawwaa dina isaan ajjeesse immoo arrabsaa miira isaanii ibsatu. "songs for conveying a dead member to a place of burial, Songs for parading in the street, songs of insult songs of incitement/ kakasuu and so on" (Finnegan 2012, f. 113).

Kana malees faaruun gootaa hubaannoo siyaasaa, dinaadgee, seenaa, aadaafi k.k.f hawaasicha keessatti uumuu keessatti humna guddaa qaba. Kana jechuunis hawasichi haalli siyaasaa, diinadgee, seenaafi aadaa isaa kan kanaan duraa maal akka fakkaatuufi maalif akkas akka ta'ee faaruu isaa keessaa hubata jechuudha. Assefa (2003, f, 16). Faayidaa afwalaloon Jaarsoo Waaqoo hubaannoo hawaas-siyaasa, seenaa, aadaafi dinaadgee hawaasa Oromoo keessatti qabu akka itti aanuu kanatti ibseera. "The significance of jaarsoo waaqoo's poetry is critically analysed from The perspective of the socio-political, historical, cultural and economic life situation of Oromo Society in general and the immediate milieu surrounding the poet and his works in".

Walumaa galattii faaruun gootaa dirree lolaattis ta'ee dirree lolaatin alatti lugna ittiin gorsuuf gootummaa cimsuuf, hubaannoo siyaasaa, dinaadgee, seenaafi aadaa uumuuf shoora olaanaa taphata.

Akaakuuwwaan Faaruu kamiyyuu yoomeessafi hirmaattota mataa isaani qabu. Kanneen keessaa muraasni faaruun cidhaa mana cidhaa, bakka hojii fa'atti kan faarsamu yoo ta'u, faaruu loonii bakka loon tiiksan, yeroo loon bishaan obaasan, elman, yeroo midhaan

dhahamuufi kan kana fakkaatan faarfatama. Faaruun gootas yeroo daboo, yeroo cidhaa, yeroo kabaja ayyanoota adda adda, yeroo lolaafi adamsoo faarfatama. Keessumattuu faaruun gootaa kan lolaa, yeroo goonni dirree lolaatti bahuuf deemuufi dirree lolaatti hamilee isaa cimsuuf gammachuu moo'icha dirree lolaatti argamee ittin ibsachuuf irra caalaatti nifaarfatama. "War songs are possibly also sometimes sung in triumph on the victorious field of battle (Finnegan, 2012, f. 205)

Kana malees, goota faarfachuu keessaattis qaamoonni hawaasaa adda adda gahee adda adda taphatu. Dargaggoonnifi jaarsooliin eeboofi gaachana qabatanii dhichisaanii yemmuu faarfatan, dubartoonni ammoo walharkaa fuudhanii ililchuun gammaachuu gootummaa gootni dirree lolaattii agarsiise dhageessisu. "The women play their part by greeting the warriors with shrill cries—lili, lili, lili, lili!—their normal way of expressing joy and delight, thus adding to the display and to the men's sense of heroism (Finnegan, 2012, f.205. Walumaa galatti faaruun gootaa yoomessa mataa isaa keessatti hirmaattoota mataa isaatiin farfaatama.

2.2. Dayeessa qo'annoo

Qorattoonni fookloorii (folklorists) gooroowwaanis ta'ee gooreewwaan fookloorii adda adda irratti yemmuu qorannoo gaggeessan adeemsa qorannoo isaanii fuulleeffachuuf, dayeessaawwan adda addaatti yemmuu fayyadaman argina. Kunis qorannoon fookloorii dayeessa hinbu'uureffanne taanaan qulqullinaan fiixa bahuu akka hindandeenye ibsa. Kanaafuu, dayeessota qorannoon fookiloorii bu'uureffatu adda baafachuun milkaa'inaafi fiixaan ba'iinsa qorannoo fooklooriitif murteessaadha.

Dayeessi faaru gootaa qaaccessuuf kana jedhamee kan lafa ta'ee dhabamuus, qo'annoo kanaaf bu'uura nita'a jedhamee kan yaadamu dayeessa faayidaati. Dayeessi faayidaa qo'annoo fookloorii keessatti, tajaajila fooklooriin aadaa hawaasaa keessatti hawaasaaf qabuufi walitti dhufeenya inni hawaasicha wajjiin qaburratti xiyyeeffata. "Functionalist approach focus round differing assumptions about how art forms, oral traditions, etc., are related to society" Finnega (1992, f. 30). Akka yaada kanaattii, dayeessi faayidaa artiin hawaasaa, duudhaan hawaasaafi k.k.f walitti dhufeenya isaan hawaasicha wajjin qaban qo'ata. Kanafuu, hayyoota fookloorii faayida fooklooriin hawaasichaaf qabu akka madaalaan

isaan taasisa. "One of the ways folklorists consider meaning is to examine the way folklore functions in the community (Sims and Stephen 2005, f. 174).

"Dayeessi faayidaa giddu gala jaarraa 20ffaa keessaa qo'annoo xiinaadaa Biritish keessaatti hunda caalaa hojirraa oolaa akka ture, Keessattuu dayeessi caas-faayidaa jaarraa kana keessa qo'annoo duudhaa afaanii (oral traditions) fi artii afaanii keessatti bu'aa kallatti agamsiisaa akka ture" (Finnega 1992, f. 27) niibsiti.

Dabalatanis, Hayyoonni fookiloorii gooroowwan fookiloorii xinxaluuf dayeessi itti fayyadaman keessa inni tokko, dayeessa faayidaa (Functionalism) akka ta'e, (Sims and Stephens, 2005, f. 174) addeessaniiru. Dayeessa kanatti adda durummaan kan fayyadame 'William Bascom' akka ta'eefi faayidaan gurguddoo Fookilooriis, barsiisuu (to educate), dhiibbaa aadaan namarratti taasisuu jalaa milquuf (to escape from impositions of culture), aadaa kunuunsuufi beekamtii kennuuf akka tajaajilu hayyoonni armaan olitti tuqaman ibsaniiru.

Kanaafuu kaayyoon qorannoo kanaa gooree fookiloorii keessaa tokko kan ta'e faaruu Gooticha Badhaadha Dilgaasaa qaacceessuun yoomeessa akkamii keessaatti akka kalaqamaan ibsuu, dhaamsa inni gama adda addaatiin qabu keessaa baasuun faayida inni aadaa, eenyummaafi seenaa hawaasichaa ibsuufi eegee tursiisuu keessatti qabu ibsuufi dhugaa gootummaa gootichaa faaruu keessatti dhiyaate ibsuu waan ta'eef dayeessa kana bu'uura godhachuun danda'ameera..

2.3. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban yookiin walfakkaatan kan keessatti dhiyaataniidha. Haata'u malee, mata duree qorannoo kanarratti hojjetaman hanga ammaatti sakatta'a taasifaameen kan hinargamne ta'uyyuu, kan mata duree kanatti dhiyaatan niargamu. Haaluma kanaan qorattuun qorannoo kanaa waraqaalee qorannoo garaagaraa kan kanaan dura hojjetaman sakatta'uudhaan waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban yookiin walitti dhiyaatu jedhamee kan yaadame haala armaan gadiin ibsitee jirti.

Waraqaa qorannoo kan mata duree kana wajjin walitti dhiyaatan kan digirii lammaffaa inni jalqabaa, kan Tasfaayee Dubaroo Mata duree Xiinxala afwalaloo "gooticha Oromoo Jeneraal Huseen Buneen Daraaraa" Godina Baalee Aanaa Sawweenaa bara (2008/2016) irratti

qorannoo gaggeesedha. Walfakkeenyi qorannoo lamaanii, qorannoon lachuu afwalaloo goototaa irraatti xiyyeeffachuu isaaniti. Garaagarummaan qorannoo lamaanii, qorannoon jalqabaa, afwalaloo “gooticha Oromoo Jeneraal Huseen Bune Dararaa” Godina Baalee Aanaa Sawweenaa yemmuu ta’u qorannoon kun immoo faaruu gooticha Badhaadha Dilgaasaa Godina Shawaa Aanaa Dagam kan qaaccesseedha. Kanaafuu qorannoon kun lamaan yoomeessa adda adda qabu. Dabalatanis, bal’ina qabiyyeetin garaagarummaa qabu. Kana jechuun, qoraannoon duraa afwalaloowwaan gootichaa kan Godina baalee aanaa sawweenaa hunda xiinxaleera. Qorannoon kun immoo afwalaloo keessaa faaruu gootichaa qaaccesseesuf kan kaayyeeffateedha. Argannoon qorannoo jalqabaa kanaan bira gahamees:

Gootichi kun hacuuccaafi cunqursaa jalaa uummata baasee hawaasa biratti kabajaafi fudhatama guddaa argachuu isaa, gootummaa isaa mirkaneessee rakkoo uummataa, dinagdee, misoomaa, barnootaafi kan kana fakkaatan furee uummataaf bu’aa guddaa buusuu isaa, dhaloonni ammaa afoolawwaniifi afwalaloowwan kanatti fayadamaa akka hinjirreefi afwalaloowwaniifi afoolliwwan goototaa dagatamaa dhufuurraan kan ka’e yoomessi isaa hafaa jiraachuun isaa argannoo qorannoo kanaan bira gahamee kanneen muraasa ta’aanidha.

Waraqaa qorannoo kan mata duree kana wajjin walitti dhiyaatan kan digirii sadaffaa, kan Assefa Tefera Dibaba Mata duree “Ethnography Of Resistance Poetics Power And Authority In Salale Oromo Folklore And Resistance Culture”(2015) jedhudha. Walfakkeenyi qorannoo lamaanii faaruu irratti xiyyeeffachuu isaaniti.

Garaagaruummaan isaanii immoo qoraannoon Assefa walaloowwaan qabsoo uummata salaalee, kan gootota dabalatee qaaccesseera. Qoraannoon kun garuu, faaruu gootota salaalee keessaa, kan gooticha Badhaadha Dilgaasaa kan Aanaa Dagam qofa qaaccesseesuf kan yaadameedha. Argannoon qorannoo Assafaatin bira gahamees:

Uummanni salaalee duriirra kaasee sirna bulchinsa Abinissi’aa keessatti haala jiruuf jireenyaa, akkasumaas hariiroo aangoo qixa qoodachuu kan hinqabne ta’uu isaafi walitti bu’insa keessatti uummata faaruu/walaloo isaatti akka tarsiiimoo sirnawaatti itti fayyadamuun quuqqaa isaa ibsachuun Oromummaa isaa mirkaaneeffachaa ture ta’uu isaa isaan muraasa.

Dabalataniis, Mallase Ijara, Barruu qorannoo bara (2019) maxxanfame kan mata dureen isaa “Oral Songs In The Cultural Resistance Of Salaalee Oromoo” jedhuu keessatti faaruuwwaan qabsoo uummata salaalee qaaccessera. Walfakkeenyi qorannoo kanaafi qorannoo Mallasee Lamaanuu faaruu qaaccesuurratti fuulleffachuu isaaniti.

Garaagarummaan qorannoo lamaanii, qorannoon kun faaruuwwan salaalee keessaa faaruu gooticha Badhaadha Dilgaasaa kan Aanaa Dagam qofa qaaccesuuf kan kaayyeeffateedha. Qorannoon Mallasee garuu, faaruu qabsoo uummata salaalee keessattu, faaruu gootota kan Hagarii Tulluufi Asaaffaa Shaaroo lammii kan qaaccessedha. Dabalataanis, qorannoon Mallasee faaruuwwaan uummata salaalee kan sirna bulchinsa mootummaa garboonfataa yeroo garaagara jechuunis, sirna bulchinsa mootummaa Minilik II-dhaa hanga waayyaneetti jiru qaaccesseera. Qorannoo kun garuu, yeroo gootichi Badhaadha Dilgaasaa qabsoorraa turee wajjiin walqabsiisuun faaruuwwaan gootichaa kan sirna bulchinsa mootummaa wayyane keessatti faarfameefi ammas faarfata jiru qofa qaaccesuuf kan kaayyeeffatedha. Argannoon qorannoo Mallasee kanaan bira gahamees:

Faaruuwwan seenaafi walaloowwan, qabsoo Oromoon Salaalee saamicha qabeenyaafi dhiibbaa siyaasaa mootummaa darbeen irra gahee ittiin ofirraa deebisuuf kan itti fayyadamaa ture ta’uusaa, qotee bultootni Salaalee afwalaloowwan adda addaatiin quuqqaafi mormii abbaa lafaa kan qabeenya isaani dhaale ittin ibsachaa akka turan, Faaruun aarii, mormiifi muufii har’allee uumaata Salaalee biratti faaruu hojii, amantaafi kan biroo keessatti akka duriitti ta’uu baatuus, gadda, dhiphinaafi muufii ittiin ibsachuuf akka hojiirra oolaa jiraniidha. Haata’u malee, Yeroo ammaa kana dhaloonnii haaraan uummannii baadiyyaalle, Sababaa qaroominaafi barumsaatin ogafaaniitti fayyadamaa akka hinjirree, dargaggoonni beekumsaafi bashannana argachuuf, ogafaan dhaggeeffachuu caalaa kitaaba dubbisuurratti xiyyeeffaachaa akka jiran, Kun immoo lakkoofsa namoota afwalaloofi faaruutti fayyadamanii gadi xiqqeessuu akka danda’uufi qabeenya hawaasaa kana hubachuun kunuunsa taassisuuf qorannoon akkanaa barbaachisaa akka ta’ee bira gahamee jira.

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHA

3.1. Saxaxaafi Mala Qorannichaa

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf yookan gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanaa deebisuuf qorannoon kun saxaxa qorannoo dhimmaawaa (case study) mala qulqulleefataa (qualitative research method) hojii irra oolchera. Sababni isaas qorannoon kun dhimmoota faaruu gooticha Badhaadha Dilgaasaa duuba jiran gadi fageenyaan qorachuudhan dhaamsa inni ofkeessaa qabu keessaa baasuudhaan dhiyeessee jira.

3.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaalee qorannoo kana keessatti hojirraa oolaan madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaadha. Haata'u malee, Maddi ragaa qorannoo kana keessatti irra caalaatti dhimma itti bahame madda ragaa tokkooffaadha. Sabaabni isaas, maddi ragaa tokkoffaan hawaasaa dhimmichi kallattumaan ilaallatu waanta'eef, kallattiidhaan gara jamaa qorannicha jechuunis, gara hawaasaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagamitti imaluudhan hawaasa kallattumaan dhimmichi ilaallatu keessaa namoota faaruu gootichaa kanaa sirriitti nibeeku jedhamee yaadamurraa odeeffannoo walitti qabachuun waan danda'ameefidha. Sabaabni isaas madda ragaa tokkoffaa kana keessatti maanguddoota isa beekaniifi namoota gooticha kana wajjiin qabasa'aa turaan argachuun danda'ameera.

Dabalataniis, hojjeetoota Waajjira Aadaafi Tuurizimii aanichaa kallattiidhaan argachuun iddoo namoonni kun jiranitti argamuun gaaffii afaaffii banaa gaafachuun ragaa qorannoo kanaa hanga beekan irraa fudhachuunifi eeruu waa'ee maanguddoota dhimma kanarratti hubannoo qabanii irraa argachuun danda'ameera.

Kana malees, odeeffannoo qorannoo kanaa madda ragaa lammaaffarraallee kan funaaname yemmuu ta'u, akka madda ragaa lammaffaatti, barreeffamoota mata duriicharratti qaama adda addatiin jechuunis, hojjeetota Waajjira Aadaafi Tuuriziimittiin, barreessitoota adda addaatiiniifi k.k.f walitti qabamee osoo hinqaacceeffamiin lafa taa'ee jiru fudhachuun qaacceeffamaniru. Walumaa galaatti odeeffannoon qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffarra walitti qabamanii qaacceeffamani dhiyaataniru.

3.3. Mala Iddatteessuufi Iddattoo Qorannichaa

3.3.1. Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Adeemsi iddattoo hirmattoota qorannoo keessaa ittiin filataan ofeggannoo gaaffata. Of eeggannoon kunis kan taasifamuu qabu yeroo, mallaqaafi argama odeef-kennitoota ilaalcha keessa galchuudhan ta'uu qaba. Kanuma bu'uura godhachuudhan mala iddatteessuu kaayyeeffataa (purposive sampling)fi mala iddatteessuu darbaa dabarsaatiin (snow ball sampling) iddattoon qorannichaa filatamaniru.

Mala iddatteessuu kaayyeeffataa filatameen hojjetootni Wajjiira Aadaafi Tuuriziimii Aanichaa lama filatamuun kaayyeeffatamee bakka isaan argamanitti qaamaan argachuun odeeffannoo qorannichaa irraa fudhatameera. Dabalatanis, eeruu odeeffannitoota faaruu gootichaa beekanii irraa fudhachuun danda'ameera.

Malli iddatteessuu qorannoo kana keessatti hojirraa oole inni lammaffaan, mala darbaa dabarsaati. Mala kanaan jalqaba namoota dhimmicharratti odeeffannoon badhadhoo ta'an eeruu hojjeetoota waajjira aadaafi tuuriziimii aaniicharraa argameen ragaa qorannichaa irraa sassabbachuudhan, namoonni odeeffannoo kennan dabalatanis namoota odeeffannoo qorannichaa kennuu danda'an akka eeraan gochuun odeeffannoo qorannichaa fudhachuun danda'ameera. Mala iddatteessuu kanaan namoonni odeeffannoon irraa fudhatame, maanguddota hawwaan, dargaaggootafi namoota gooticha wajjiin qabsa'aa turan dhimmicha/faaruu gootichaa beekan irraa odeeffannoon qorannichaa fudhatameera.

3.3.2. Iddattoo Qorannichaa

Iddattoon qorannoo kanaa namoota faaruu gootichaa irraatti odeeffannoo gahaa kennuu nidanda'aan jedhamee yaadamu maanguddoota kudha afur, haadholii (hawwaan) afur, namoota isaa wajjiin qabsaa'aa turan lama, dargaaggoota afuriifi hojjeetoota waajjiira aadaafi tuurizimii aanichaa lama walumaa galaatti, iddattoo qorannichaa, namoota digdaamii jaha (26) mala iddatteessuu kaayyeeffataafi darbaa dabarsaatiin filachuun odeeffannoon qorannichaa irraa funaanmeera.

3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa

3.4.1. Afgaaffii

Qorannoo kana keessatti meeshaan odeeffannoo ittiin sassabame inni jalqabaa afgaaffiidha. Gosti afgaafichaas afgaaffii banaa yemmuu ta'uu, meeshaalee ragaa kanan qorattuun qorannoo kanaa, kallattiin odeef-kennitootti dhiyaatee, odeeffannoo qorannoo ishee ifaan ifatti gaafatee deebii odeef-kennitootarra afwalaloofi hololoodhaan argatte waraabuufi barreeffamaan galmeeffachuun sassaabbachuudhan odeffaannoo gaaffilee bu'uura qorannichaa deebisuu danda'u, faaruun gootichaa yoomeessa akkami akkamii keessaatti akka kalaqaaman, aadaa, eenyummaafi seenaa hawaasicha ibsuufi eegee tursiisuu keessatti faayidaa maalii akka qabu sassabbachuun qaacceessuun dhaamsa isaa keessaa baasuu dandeessee jirti. Iddattoowwan qorannichaa keessaa namoonnii afgaaffiidhan ragaa qorannichaa akka kennan taasifamees, maanguddota afur, hawwaan lama, dargaggoota lamaa namoota isa wajjiin qabsaa'aa turaan kan amma lubbuun jiran lamafi hojjeetoota waajjira aadaafi turizimii lama walumaa galatti namoota kudha lama bakka isaan jiraanitti yoomeessa namtolchee keessaatti qaamaan argamuun afgaaffii banaa nama tokko wajjiin yeroo sa'aa lama hincaallee taasissun oddeeffannoos qorannichaa fudhatameera..

3.4.2. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Qorannoo kana keessatti meeshaan odeeffannoo ittiin sassabame inni lammaaffaan, marii gareeti. meeshaa ragaa kananis, irraa caalaatti odeef-kennitoota aangoomsuun iddattoon dhimma qorannichaarratti waliin dudubbatanii yaada isaanii akka waliif qoodan taasisuudhaan, odeeffannoo bilchataa ta'e kan gaaffilee bu'uuraa qorannichaa keessaa faaruun gootichaa gama diinagdeefi siyaasaatiin ergaa akkami qaba jedhu galmaan gahu argachuudhaaf, dabalatanis, odeeffannoowwan afgaaffiidhan harcaa'ani hafan maanguuddonnii kudhan, hawwaan lamaafi dargaggoonni lama walumaa galatti namoota kudha afur yoomeessaa namtolchee keessatti garee lamatti qooduun marii gareetiin odeeffannoo qorannichaa walyaadachisaanii qotaanii akka baasan taasissuudhan odeeffannoo qorannichaa fudhachuun danda'ameera. Yemmuu qorattuun qorannoo kanaa odeeffannoo qorannoo kanaa meeshaa Ragaa kanaan walitti qabduus, booda hunda yaadachuun ulfataa waan ta'eef, odeeffannoowwan argamaan suuraan, suursagaleeniifi yaadannoo qabachuun galmeeffachuun walitti qabdeetti.

3.4.3. Sakatta'a Galmeewwaanii

Qorannoo kana keessatti meeshaan odeeffannoon ittin sassabame inni sadaffaan, Sakatta'a Galmeewwaaniiti. Meeshaa funaansa ragaa kanaan immoo galmeewwan garaagaraa dhimmaa gootummaa gooticha Badhaadha Dilgaasaa irraatti barreeffamaanifi faaruuwwaan gooticha Badhaadha Dilgaasaa qaama adda addaatin walitti qabamaani osoo hinqaacceeffamiin hafan sakka'uudhaan qaacceeffamaniru. Isaanis, Dookimantarii Fiilmii Seenaa Badhaadha Dilgaasaa TV OBS darbee, kitaaba mata dureen isaa Seenaa qabsaa'oota Oromoofi wareegamtootaa jedhu Kan Baqqalaa Laataatin 2011 barreeffameefi sirboota Badhaadha Dilgaasaa faarsaan walitti qabamanii dookimantii ta'an irraa odeeffannoo fudhachuun qorannoo kana keessatti dhimma itti bahuun danda'ameera. Galmeewwan kunninis seenaa faaruun gootichaa keessatti kalaqamaniin walqabsiisuun dhaamsa isaa keessaa baasuun akkaataa dhugaan gootichaa walaloo faaru keessatti dhiyaate ibsu keessatti shoora olaanaa taphateera.

3.5. Mala Qaaccessa Ragaa

Qorannoo kana keessatti odeeffannoon gaaffilee bu'uura qorannoo kanaa deebisuuf funaanaman af-gaafii, marii garee xiyyeeffannoofi sakkata'a galmeewwaniiti. Ragaan mala kanaan argame bifaawwan faaruun sun ittiin dhiyaateetti qoqqooduun akkaataa ergaa isaan dabarsuu danda'aaniin qindeessuun mala qulqulleffataadhaan qaacceeffamee dhihaatera. Faaruuwwaan gaaffilee bu'uura qorannoo kanaa deebissuuf walitti qabamaan bifa sirba shobooxee, dhiichisaafi geeraarsaatiin waanta'eef bifa isaan ittiin dhiyaatan kanneenitti qoqqooduun qaacceeffamaniiru. Odeeffannoowwan haala kanaan qaacceeffamaanii ergaa gama adda addaatiin keessaa bahe gurmeessuun seenesuu (narration) fi ibsuun dhiyaatera.

BOQONNAA AFUR: DHIYEESAAFI QAACCEESSA RAGAALÉE

Faaruu damee ogafaanii Sabni Oromoo jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatuufi dhalootaatti ittin dabarfatu keessaa isa tokkoodha. Ragaaleen faaruu gooticha Badhaadha Dilgaasaatin walqbatu maangooddotaa, haawwaan, dargaggoota, namoota isa waajjiin qabsa'aa turaaniif hojjeettota wajjira Aadaafi Turiiziimii Aanaa Dagam irraa afgaaffii, marii gareefi sakatta'a galmeewwanitin argame qaacceeffamee dhiyaateera.

4.1. Yoomeessa Faaruwwan Gooticha Badhaadha Dilgaasaa Keessatti Kalaqamaan

Faaruuwwan gooticha Badhaadha Dilgaasaa haalawwaan, bakkaafi yeroo adda addaatti waan gootichi yeroo qabsoorra ture keessa oolee bulu bu'uura godhachuun kalaqamee har'aa hawaasichi dhimmoota adda addaatiif itti fayyadamaa jiru akka itti aanuu kanaatti qaacceeffamee dhaamsa isaa wajjiin dhiyaateera.

4.1.1. Yeroo Gootichi Injifannoo Argatu

A. Faaruwwaan Bifa Shoboxeetiin Dhiyaatan

Faaruu 1.

Daandii qalloo kan Miidheen bobba'uu

Alii dheeraa yaa biyya kilaashiin boba'uu

(Madda: Afgaaffii Nama "O" irraa guyyaa 18/02/2013 argame)

Akka faaruu kanarraa hubachuun danda'amuutti, gootichi Badhaadha Dilgaasaa daandii qalloorraa kan bobba'uu ta'uu agarsiisa. Sababni isaas goonni bahee galuun, deemsi, nyaanniifi haasaan isaa ofeeggaannoo guddaa barbaada. Ofeeggannoo barbaachisaa hintaasisuu taanaan diina yeroo hunda riphee isaa adamsu harka bu'uu dandaa'a.

Gaarri Alii Dheeraa /Tulluun Alii Dheeraa Aanaa Yaayyaa Gullaallee Ganda Alii Dheeraa keessatti argama. Ganda Alii Dheeraa Aanaa Dagam ganda Yaayyaa Harootiin waldaangeessa. Gaarrii Alii dheeraas daangaa gandoota kana lamaanirraatti argama. Kan

nama aja'ibisuu gaarri Alii Dheeraa uumaama isaatiin gaarreen sadii dhedheeraan kan walbira dhabbatuu yoo ta'uu hangaafaafi quxusuu fakkaatu.

Yoomeessi Faaruun Kun keessatti faarfatames, guyyaa tokko guutuu waraanni loltoota wayyaaneefi loltoota Badhaadhaa gidduutti taasifamee dhukaasni abiddaatti jijjiramee boba'aa ooleerra ka'uun kan uumaameedha. Akka odeefkennaan "O" jedhuutti, innis isa wajjiin lolaa waan tureef "guyyaan kuniifi iddoon kun guyyaafi iddoo injifaannoo keenyaati" jedha. Sabaabni isaas, loltoonni wayyaanee guyyaa itti daguuggamaan waan ta'eef kan isaani garuu loltoonni muraasni akka miidhaaman qabsa'aan Fayyisaa Gizee Booruu nidubbatu.

Dhaamsi faaruu kanaatis, adeemsa qabsoo keessatti dhaloonni ammaa akkaata deemsa isaanii waan keessa oolanii bulan hundaaf of eeggannoo yoo godhan injifannoo argachuu akka danda'aan karaa itti agarsiisuudha.

Faaruu 2.

Akkatti uursu Mogeenu

Dhabbatteet laaltii togeenu

(Madda: marii garee guyyaa 23/02 2013 adeemsifame irraa argame)

Lagni Mogor godina Shawaa Kaabaa (Salaalee), Shawaa Lixaafi godina addaa Finfinnee daangessee argama. Kunis aanaalee 9 (Wacaalee, Sulultaa, Yaayyaa Gullallee, Dagam, Kuyyuu, Warra Jaarsoo, Ada'aa Bargaa, Meettaafi Abuna Gindabarat) daangessa. Lageen xixiqqaa kanneen akka laga loomii, Dubar, Giraar, Qacama, Sobdolle, leemmanifi k.k.f kanneen laga Mogor gabbisaniidha.

Yeroo gannaattis, laga kana ce'uuf yaaluu miti ijaan ilaaluun baayee nama sodaachisa. Naannawan laga Mogor bu'aa ce'ii (Gaarreen, Bosona, Hallayyaa, Dhakaa, Holqa, Doloolloo fi .k.k.f) waan ta'eef diina diidaa dhufee Badhaadha Dilgaasaa waraanuu mitii nama keessatti dhalatee guddateefuu loluuf lafa isaa yoo itti hinbeekne mijataa miti Badhaannifi gareen waraana isaa diina meeshaa waraanaa hanga funyaanitti hidhatee dhaqu salphumatti rasaasafi boombii malee dhiitaadhan unkuteessaa turan.

Kana malees, naannaawaa laga Mogor keessatti bineensota, Allaattiwwan, Sinbirroota adda addaa, mukkeenii sanyii biqiloota adda addaatu argama. Kanaafuu, lagni Mogor Badhaadhaaf madda nyaataa, mana jireenyaafi icciti injifaannoo isaati.

Lagni Mogor laga bonaafi ganna yaa'uu lagaa guddaadha. Hawaasni qarqara laga Mogor gamanaafi gamas jiraatu yeroo gannaa sababa guutuuf walitti dhufuu hindanda'aan. Gootichi Badhaadha Dilgaasaa garuu gaaf tokko laga daaktuu beekkaman hinyaallee hiriyoota isaatiin "nan ce'a" jedheen. Hiriyoonna isaatis, "hindandeechuu dhiisi" jedhaaniin innis "naan ce'a" jedhee dide achumaan hiriyoonna isaafi namoonni achii jiran "maa si miidhe" jedhaniin. Haa ta'uu malee bishaan daakuudhaan baayee beekkamaa waan ta'eef kutee keessa darbe. Kanurraa ka'uun hiriyoonna isaa maqaa qoosaa "Miidhee Dilgaasaa" jedhanii akka waaman odeeffkennitoonni marii gareerratti argaman ibsaniru.

Yoomeessii faaruun kun keessatti faarfatamees, yeroo gootichi Badhaadha Dilgaasaa laga nice'a jedhamee hinyaadamne ce'ee injifannoo argatedha. Dhaamsi faaruu kanaa dhaloonni ammaa waan godhan hunda onneedhan yoo godhan injifannoo argachuu akka danda'aan kan barsiisuudha.

4.1.2. Yeroo Gootichi Iddoo Isaa Hinmallee Dhaabbatu Ittin Qeequufi Gorsuuf

B. Faaruwwaan bifa Dhiichisaatiin dhiyaatan

Iccitiin diinaaf harka laachuu yookan jilbeenfachuu dhiisuu Oromoo Salaalee gootota dacheen ishee biqichiteedha. Gootota kanneeniis, hawaasni akkuma yeroo isaan injifannoo galmeessan jajan, jajjabeessaan, deeggaraan yeroo iddoo isaanii hinmalle, iddoo kabaja gootummaa isaaniifi kabaja Saba isaanii tuqu dhaabbatan ogafaan isaanitin nigorsu niqeequ karaa itti agarsiisuu kallatti diinni oolee buluu itti himu. Faaruun kanatti aanee jirus hawaasni godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam kan faarfatee haalli Badhaanni irra jiru gaarii waan hintaaneef diinaaf karaa saaquu kan danda'uufi kabaja gootummaa isaa kan tuquu waanta'eef ittin goorsuufi qeequuf kan faarfateedha.

Faaruu 3.

Moo Badhoo

Araangabaa seetee Axweedha

Jaalalaa seetee nabseedha

Araangabaa seetee Arbuudha

Jaalala seetee lubbuudha

(Madda: Afgaaffi Nama “R“irraa guyyaa 26/02/2013)

Araangabaan, Axxeefi Arbuun mukkeen baayinaan gammoojjii qarqara laga Mogoritti argamanidha. Faaruunis kan bahu wantootuma naannoo jiran bu’uureeffachuun akkaata mana rukkutuu, yeedaloo qabaachuufi miira namaa qirqirsuu danda’uuniidha.

Faaruu kunis, kan faarfataamee “yeroo gootichi kaayyoo manaa baheef dagatee dubartii abbaan mana ishee irraa du’ee kan bareedinaan dhiira boojitu Tolashii jedhamtu jaalatee osoo qabsoorra jiruu humnaan itti galeedha’ jedha odeefkennaan “R“n. Kun immoo akka aadaa hawaasichatti isaa kan qeeqsiisuufi kabaja gootummaa isaa tuquu bira darbee diinaan kiyyeeffamuu isaatiif kan karaa saaquudha. Kanaafuu hawaasni gooticha kana sababa kanaan dhabuu hinbarbanne “jaalala sitti hinfakkaatin kiyyoo lubbuu keetitii dhiisi”jechuun gorsuuf faarfatan.

Faaruu 4.

Mooyaa Badhoo

Loon keenya badanii

Dhukkeerraa gad yaa’uu

Jaalaalli yoo bushaa’ee

Tambooraa aja’uu

(Madda: marii garee guyyaa 23/02 2013 adeemsifame irraa argame)

Hawaasa qorannoon kun irratti geggeeffamee biratti Loon lafee duugda dinadgee isaati. Kanaafuu, hawaasichi loon nijaalata, nimaraarsiifata, nifaarsa. Bakki Dhukkee jedhamu immoo lafa qarqara laga Mogoriitti argamuudha. Bakki kun bosonaan haguggamee waan argamuf bineensota bosonaa kan akka Karkarroo, Waraabeessafi Qerreensafi k.k f baayinaan keessatti argamu. Loon badanii iddoo kana yoo dhaqan carraan warabeessaan nyaatamu isaani bal’aadha. Kanaafuu loon gara sanatti akka hinyaaneef eegumsi nitaasifamaaf. Faaruun kunis, “yeroo Badhaanni dubartii Tolashii jedhamtu jaalatee mana isheetti deeddebi’u” akka bahe odeefkennitoonni marii gareerraatti argaman nidubbatu. Jaalalli waan

haalaan bushaa'uudha. Jaalallii bushoofnaan immoo wajjibuutu dhufa. Akkuma loon keenya iddoo isaanii hinmallee yoo dhaqan bineensaan nyaataman, siifis iddoo kun si hinmalu afaan bineensaat buuta, Jaalala boru busha'uuf jettee iddoo kabaja gootummaa keeti tuqufi kiyyoo keessa si buusuu danda'u hindhaabbatin jechuun gorsuuf kan faarfataameedha.

Dhaamsi faaruu kanatis, goonnii kabajaa gootummaa isaafi ofii isaatif sirriitti eegumsa taasisuu akka qabu kan akeekkachisuudha.

4.1.3. Yeroo Gootichi Hubannoo Hawaasaa Cimsu

C. Faaruwwaan Bifa Geerarsaatiin Dhiyaate

Faaruu 6.

Koottu yaa Badhoo kiyya

Yaa Badhoo goda Maraaramii

Koottu Badhoo kiyya

Hundumaan araaramii

Koottu yaa Badhoo kiyya

Hamattuuf gurgurtuun abbaa qabdi

Gadhee goota hamattu

Koottu yaa Badhoo kiyya

Gaggarafii biraa deemii

Akka eeffana reefu leenjitu

(Madda: Afgaaffii Nama “M” irraa guyyaa, 23/02/2013 argame)

Faaruu kun kan faarfaatameef, Raayyaan Wayyaanee yeroo hunda “Badhaadhaan hatuudha. Shiiftaadha. Eessa jira? Eessa oola? Eessa bula” jedhe iyyaafata. “Namni Badhaadha argitan nutti himaa, bakka argitaanittis rukkutaa badhasa qabdu” jedhee uummata gorsaa ture. Namoonni tokko tokkos ilaalcha kana dhuguma jedhanii fudhatani turan. Haa ta'u malee, namnii hundi Badhaadha fuulaan addaan baasaani hinbeekan turan. Gaaf tokko Badhaanni bakka daboon qotaa jiru tokko dhaqee nama tokkootti siiqee “Badhaadha Dilgaasa

beekta ? Nama akkamiiti? Odoo argitee maal goota? Jedhee gaaffate. Namichii kunis yaaduma Raayyaan Wayyanee qabachise kana qabatee “eeyyee Badhaanni shiiftaadha, odoon argee qottoo ofharkaa qabu olqabee, “qottoo kanaan kukkuta” jedheen. Nama lammaffa biras dhaqee “ati hoo odoo argitee maal goota?” Jedhee gaafate inni immoo qaccee ofharkaa qabu itti agarsiisee “qaccee kanaan kukkuta “jedheen

Badhaannis hunduma isaniitin “altokko na dhaggeeffadha?” Badhaanni Dilgaasaa anuma, ani hattuu miti qabsaa’aa mirgaa hawaasa kootiti” jedhee kaayyoo isaa hunda erga ittii himee booda namicha jalqaba qotloodhaanan kukkuta jedhe san akka isaa ta’uu dhisee muka qottootiin rukkutee adabe. Namicha isaa lammaffaas boo’oo qotaa jiraan keessa cibsee qaccee inni ittiin qotu harkaa fuudhee “ilaalcha gadhee kana maaliif fudhattee?” jedheeni gaggarafee biraa deeme. Ergasii namoonni naannoo sanaa “waqaa seeraa” jechuu dhiisaanii “waqaa Badhaadha Dilgaasa” jechuu akka jalqabaan odeefkennaan “M” dubbateera. Kanumaarraa ka’uudhan hawaasni faaruu kanan “kan si hamatuufi si gurguruudhaa yaalu nama hundaa miti koottuuti nama kaaniin araaramii kan si hamatuu immoo gorsii leenjiisii biraa deemi” jedhanii faarfatan.

Dhaamsi faaruu kanatais, goonni bilisummaa saba isaatiif qabsa’u hawaasa faallaa isaa dhaabbatulle gorsuun kaayyoo qabsoo isaa hubachisuu akka qabu malee, akkaataadhuma adabbii isaanitiin tarkaanfii du’aa irratti fudhachuu akka hinqabne kan gorsuudha

4.1.4. Wareegama Gootichaan Walqabsiisuun

4.1.4.1. Akkaataa itti waareegameen

D. Faaruuwwaan Bifa Shoboxeetiin Dhiyaatan

Faaruu 7.

Harka seekkoodhaa

Yaa Badhaadha harka seekkoodhaa

Wayyaaneen maal si balleessite

Kan si galafate keetloodha

(Madda:Afgaaffii Nama “M” irraa guyyaa, 23/02/2013 argame)

Seekkoon Meeshaan faayaaf oolu yeroo san kan Badhaanni harkatti hidhatuudha. Seekkoon gatiin isaa mi'aawaa waan ta'eef, kan harkattiidhatu nama hunda osoo taane, namoota qabeenyaa qabaniidha. Badhaannis osoo qabsoof jedhee bosona laga Mogor hinseeniin dura qotee bulaa cimaa waan ta'eef nama meeshaa kana bitatee harkatti hidhachuuf carroomedha. Kanumarraa ka'uun hawaasichi meeshaa bareedinaa harka isaarra jiruun walqabsiisuun akkaata du'aa gootichaa ibsu.

Yeroo baay'ee gootonni Oromoo qabsoo keessatti diina fuldura jiru qofaan osoo hintaane, diina gantuu sabaatti fayyamuun kan dhumaan ta'uun isaa beekkamadha. Gooticha Badhaadha Dilgaasaatiis Diinni /waraanni wayyaanee waraana itti bantee osoo hintaane, maqaa afferraatiin keetoodhaan nyaata irraatti hojjatame/ dagamame gantuun saba keessa dhalatte akka nyaachistu taasiisuun shiraan too'aatte. "Badhaanni keetoodhan du'e" jechuun odeeffennaan "M" dubbateera. Keetoo jechuun nama keessa beekuun jechuudha. Hawaasni Haalli ajjeechaa Badhaadhaa keetoodhaan nyaanni qophaa'ee duubaan diina itti fidanii akka rukkuchiisan hubate; osoo lola kallattii ta'ee akka harka hinkennine beeku; yartuu sabaan ganamuun kan isaan aarse: gootummaa isaa ibsuufi quuquqqaa qaban"maalaan sii godha kan si galafate nama keessa beekuudha" jechuun akkaataa du'a isaa ibsu.

Faaruu kun, diinni gantuu sabaatti fayyadamuudhan nama miidhuu akka danda'u hubachiisufi namoonni gocha fokkisaa saba miidhu hojjetan immoo akka irraa ofqusatan akeekkachiisuf gargaara. Kana malees, gootoonni ammaa akka goota kanaatti akka hinduune, lafa diinni jiru dursaanii odeeffannoo sassabbachuun sooraata ofeeggannoon sooraachuu akka qabaniifi tooftaan socha'uu akka qaban hubachisa.

Faaruu 8.

Yaa Badhoo kiyyaa

Dirree buute Caaliinii

Ana qawween na hindhawu jettaa

Maa Morma sirraa kute faaliinii

(Madda: Afgaaffii Nama "T" irraa guyyaa, 26/02/2013 argame)

Faaruu kun immoo kan nu hubachisu, osoo hindu'iin dura Badhaanni loltuu cimaa waan tureef soda qawwee waan hinqabneef 'qawween na hindhawu" jedhe qawwee kan tuffachaa ture ta'uu kan ibsuudha. Kunis kan nama hubachisu goonni kun kan garaa hiruufi kan afaan qawwee sodatu osoo hintaane kutataa kan afaan qawwee hinsodanne ta'uudha. Haata'uu malee, gaaftokko kiyyoon tolchaadhan dirirfame qabuun hinoolle. Harka kiyyoo kanaatiis Kan bu'e namoota qarshiin goota daldalaaniidha. "Gootichi Badhaadha Dilgaasaatiis daldaloota kanaan harka jaraa ergi bu'ee "jarrii natti taphachuu hinqabdu" jedhee ofumaa qawwee faalii qabatee jiruun mormatti ofdhukaasee ofajjeesse" jetti Galaaneen. Kanaafuu, hawaasni duraan "Badhaadha qawween hinrukkutu" jedhee amanaa ture har'aa qawween rukkutuu isaa yeroo dhaga'e aja'ibsiifachuun akkamitti akka qawween rukkute odeeffannoo fudhachuuf kan faarfatedha. Walumaa galatti yomeessi faaruun kun keessatti uumame yeroo gootichi baandootaan harka diinaa gallaan ofwareege yommuu ta'u, akkaataa gootichi itti wareegame ibsuufiidha.

Faaruu kun, goonni qawween naa rukkuta jedhee sodatee kan manatti deebi'uu yookan roorroo gad jedhee baatuu osoo hintaane, kan soda qawwee hinqabne akka ta'e kan hubachisuudha. Faaruun itti aanuu kunis, yoommeessa wareegama gootichaa kan ibsu yemmuu ta'u, gootichi kan wareegame manatti osoo hintaane, hallayyaa keessatti akka ta'e kan ibsuudha.

Faaruu 9.

Faaliidha moo Emmifoortii wayyaa

Moo yaa Miidhee gangalatee buute hallayyaa

(Madda: Marii garee guyyaa, 20/02/2013 *adeemsifame irraa argame.*)

Faaliifi emmifoortiin meeshaa lolaa gootichi Badhaadha Dilgaasaa ittiin lolaa ture yemmuu ta'u, gootichi kun bakka faaliidhaan mijatuutti faaliidhaan, bakka emmifoortiidhan mijaatuutti immoo emmifoortiidhan diina isaafi diina saba isaa itti naanna'ee kan ittiin bahaafi gala isaan dhowwaa tureedha. Kanaafuu hawaasni gooticha kanaaf mannee ta'eefi faarsuun jajjabeessaa ture, akkaataan wareegama gooticha kun kan isaan aarse aarii isaanii meeshaa inni ittiin lolaa ture kanan bareechanii yoomeessa wareegamuu gootichaa ibsatu. Yoomeessi wareegamuu isaatiis, "ka'uumsi isaa mana affeerra itti waamamee yemmuu ta'u, kan lubbuun isaa itti abarte hallayyaa garaa Ada'a Bargaa keessatti" jedhu odeeffannitoonni

marii garee irratti argaman. “Badhaanni erga nyaata itti tolfame nyaatee booda niraata’e, diinni raata’uu isaa ergii bartee dhuftee itti naannooftee miila rukutte, Badhaannis raata’uu isaa erga adda baafatee loluu akka hindandeenye hubate. Harkaa bahee gara garaa Ada’aatti gadi baqate jedhu odeefkennitoonni kun. “Leenca dulloomee biliin nyaatti” jedha Oromoon. Gaarii Ada’aa bu’aa bahii, hallayyaafi holqaan kan guuttamtee mana gooticha kanati. Guyyaan namaa geenyaan manni du’a namarraa hindhoowwu. Gootichi kunis, harkaa bahee jedhee gara mana isaatti baqatee osoo gadi jedhee miila rukkutame maarraabiidhaan hidhachaa jiru jarrii irra gattee dhukaasa itti bante. Inniis, cisee erga nama afur ajjeessee xiyyiitiin harkaa dhumnaan jaraattin akka ajjeefu erga baree booda “harka jaraatiin du’uu hinqabu” jedhee xiyyiitii tokkitti hafteef ofitti galagalchee morma keessaa ofbaasee du’a gaddiissisaa ofiin of ajjeese. Yeroo lubbuun keessaa baatuus, wixxiifatee hallayyaa waan bu’eef “akkaataa siif maluufi bakka siif maluutti hindunee gangaalatteet hallayyaa buute” jechuun hawaasni akkaataan du’aa isaa isaan aarse aarii isaanii faaruu kanaan ibsatu.

4.1.4. 2. Yeroo Wareegamuun Walqabsiisuun

E. Faaruwwaan Bifa Dhiichisaatiin Dhiyaatan

Faaruu 10.

Moo yaa Badhoo

Tokkostuu qawwee labanii

Salaaleerra si dhabanii

Moo yaa Badhoo

Hinaareem hinaaruu

Dhoowwee si dadhaabee

Shiiboo sitti ijaaruu

(Madda: Marii garee guyyaa 23/02 2013 adeemsifame irraa argame)

Yoomeessi faaruun kun keessatti faarfaatame, “yeroo gootichi Badhaadha Dilgaasaa affeerraa foon re’ee gurraatti itti tolchame irraatti argamuuf deema jiruudha” jedhu odeefkennitoonni marii garee irratti argaman. Yeroo kana jaalleewwan qabsoo isaa “hindhaqnu” jedhanii dinnaan Badhaanni didee dhaqe. Yeroo san jaalleewwan qabsoo

gootichaa affeerraa sun daba akka qabu baraniru. Akkaaataan isaan itti baraniis akkuma waamichi affeerraa isa qaqqabeen Badhaanni akka maraattu Laga Mogor irra kaachuun “yaa Laga Mogor, yaa Odaa Laga Mogor yoo na galchitees yoo na kennites kunoo” jechuun naanna’ee dhadachaa akka ture nihimama. Kanumaarra ka’uun namoonni isaa wajjiin qabsaan wamiichi kun “daba qaba hindhaqnu jedhanii” dhoowwaan, Badhaanni garuu, “du’a sodannee hinhafnu odoo du’a sodaannee jalqabuma maaliif mana baane” jechuun didee dhaqe. Garuu gootichi shira ittiin ajjeessuuf xaxame hinbarre ture. Waraanaan natti dhufi jedhee waan yaadeef, naan moo’aadha hamilee jedhuun dhaqe. Kanumarraa ka’uun qawwee inni qabachaa turee kan qawwee labanii jedhamuufi amala isaa walbira qabamuun kan faarfatamedha. Labaniin meeshaa waraanaa inni qabachaa tureedha. Amalli isaa immoo obsa qabeessa kan waan xiqqoodha aaruu osoo hintaane waan hunda hubannaadhan nama ilaaluu danda’u, nama hiyyeessaaf yaadu, nama eebbaafi gorsa maanguddoota fudhatu akka ta’e nihimama.

Dhaamsi faaruu kanaa namni yeroo kaan obsa qabu, gorsa fudhatu har’a sababa malee hindidu waanta’eef dhaloonni ammaa gootota haala kanaan wareegamuu danda’aan akkuma salphaatti gadidhiisuu isaanii tika akka godhaniif kan dhaamsa dababsruudha.

Faaruu 16.

Looniin eegani

Zangii qalloo looniin eegani

Koottu shugguxii kee narraa fudhu

Yoon du’ellee waan hinbeekani

(Madda: Afgaaffi Nama “R” irraa guyyaa 26/02/2013)

Zangii qalloon ulee qalloo eegicha looniitif mijaattu taatee, ulee bosona naannoo irraa kan argamtuudha. Mukti hundi zangii qalloo looniin eegaan hinta’uu zangii qalloo looniin eeganiif filatamaan muka arooreessa yoo ta’u, bakka arooreessi hinjirreetti ceekaa qajeeltuutu ta’a. Faaruu kanaas hawaasni gaafaa kalaqu haala miira namaa tuquun, ergaa dabarfachuu barbaade akkaataa dabarsuu danda’uufi sammuu namaa keessa turuu danda’uun waan ijaa argu bu’uureeffachuun kan kalaqeedha. Yoomeessi faaruun kun keessatti kalqamees, yeroo gootichi kun waaregame yemmuu ta’u “Badhaanni yeroo ofrukkutee kufetti jalqaba bira kan

gahe qonnaan bulaa maqaan isaa Taaddasaa Hordofaa jedhamu shuguxii kana diinni akka hinfudhanneef bakka ittiin ofajjeesee gatee kaasee nama olkaa'edha” jedha odeefkennaan “R”n. Qonnaan bulaan kun meeshaa gootaa kana nama itti kennu dhabuun, akka tasaa diinni yoo na harkatti arge na ajjeesaa soda jedhuu kan qabu ta'uu isaa hawaasni hubate faaruu kanaan soda qotee bulaa kana kan ittiin ibsaanidha.

Faaruu kun, Meeshaan goonni kun ittiin lolaa ture harka diinaa galuu hinqabu kunuunfamaa dhalootaa dhalootatti darbuu qaba yaada jedhuu kan ofkeessaa qabu waan ta'eef, namni kun diinaanis ta'e, yeroon isaa gahee yoo du'ee dhaloonni meeshaa kana walharkaa fudhaanii gootummaa gooticha kanaa ittiin barsiisaa tursiisu akka qaban Dhaamsa kan dabarsuudha.

4.1.4. 3. Bakka Itti Wareegame Ibsuuf

F. Faaruwwaan Bifa Dhiichisaatiin Dhiyaatan

Faaruu 11.

Hoolaa malee maa re'ee sii qaltii

Moo yaa Miidhee Ada'i duruu nama ganti.

(Madda: marii garee guyyaa 23/02 2013 adeemsifame irraa argame)

Gooticha Badhaadha Dilgaasaatif iddoo hedduufi yeroo hedduu kiyoon kan diina isa adamsaa olee buluun kan kiyyeffamaa ture yemmuu ta'u, kiyyoo gantuu hawaasa Ada'aa keessa jiraattu itti dirirsiteen qabamuu akka danda'e odeefkennitoonni marii gareerratti argaman dubbataniru. Iddoo kanatti kanaan duraas gootonni akka Badhaadhaa gantuu sabaatiin waareegaman akka jiran nihimama. Akkuma gootummaa goota tokkootin maqaan hawaasaa olka'ee leeliifamu gochi gantummaa gantuu takkaatiis, maqaan hawaasichaa akka gurraacha'u nitaasisa. Kanumarra ka'uun iddoo Ada'a Bargaa jedhamu kanatti Badhaadha kan gurgurate nama tokko yemmu ta'u yeroo maqaan Badhaadhaa dhahamu garuu, gareen hawaasaa sun maqaa gaarii hintaane kana wajjiin dhahama. Kanumaarraa ka'uun, hawaasni Aanaa Dagam koomii hawaasa kanarra qabu faaruun kanaan kan ibsate ta'uu agarsiisa.

Dhaamsi faaruu kanaatis, akkuma waan gaarii namni tokko hojjeteen gareen hawaasichaa wamaamu waan gaarii hintaaneenis niwaamama. Kanaafuu, dhaloonni ammaa goota qabsoo sabaaf manaa bahe tumsuu akka qabu malee, dabarsee diinaaf akka hinlaanne kan akeekkachiisudha.

Faaruu 12.

Yaa Badhoo koo maal gochuu buute

Ganda qarree biiftuu liixaa

Moo yaa Miidhee Meeqatu si bita

(Madda: Afgaaffii Nama “O” irraa guyyaa 18/02/2013 argame)

Gandi qarree biiftuu liixaa aanaa hawaasa qorannoon kun irraatti geeggeeffamerraa gara lixaatti kan argamuudha. Innis Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada’a Bargaa yemmuu ta’u hawaasnii Aanaa Ada’a Bargaa qarqaraa laga mogor karaa lixaa jiraatu, hawaasaa godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam qarqara Laga Mogor jiraatu wajjiin waldaangeessa. Gooticha Badhaadha Dilgaasaa immoo toofta qabsoo isaa keessaa tokko kan ta’e bakka kaleessa itti argame har’a itti argamuu dhiisuudha. Iddoofi tooftaa qabsoo isaa jijjiirrachaa sababa ooluuf injifannoo dinqisiisaa galmeessaa akka ture nihimama. Bakka itti waareegame kana kan dhaqee garuu, tooftaa qabsoo isaa jijjiirrachuu osoo hintaane, “tolchaachaan raata’ee” jedha odeeffennaan “R”n. Hubannoo hawaasaa keessa kan jiru osoo achii hindhaqne ta’ee hinwaaregamu kan jedhuudha. Sabaabni isaatis, hawaasni Aanaa Dagam keessattuu, kanneen qarqara Laga Mogor jiraatan wajjiin loluurra darbee baayee miliqsaa waan turaniifidha. Amma ergi wareegame garuu jaalala gooticha kanaaf qaban “osoo sibittaachuun danda’amee sibatanna qarshii meeqatu sibataa?” jechuun gadda isaanii faaruudhan ibsatu.

Ergaan faaruu kanaatis, goottoni har’aa iddoo oolaniifi bulaan akkasumaas, nama wajjin oolaniifi bulaan addaan baafachuu akka qaban gorsuudhan. iDabalataniis, hawaasni gootota wareegamaan qarshii meeqanillee bitachuun akka hindanda’amne hubachisuun gootota isaanitif eegumsa taasisuufii akka qaba kan dhaamsa dabarsuudha.

Faaruu 13.

Moo yaa Badhoo

Maal gochu buute biyya godaa lafaa

Biyya keenya qeerreensu odaa jala rafa

(Madda: Afgaaffii Nama “Y” irraa guyyaa, 26/02/2013 argame)

Faaruu kunis bifuma walfaakkatuun iddoofi hawaasa inni keessatti waaregame koomachuuf kan faarafatameedha. Biyyi faaruu kana keessatti biyya godaa lafaa jedhamee wamaamu iddoodhuma gootichi Badhaadha Dilgaasaa itti waaregame Ada'a Bargaa bakka Dheebisa jedhamuudha. Iddoon kun akka iddoo inni ta'ee qabasa'aa ture hallaayya, bosonaafi holqa kan miliquuf mijataa ta'e osoo hintaane godaadha/ bakkee diriiraadha. Iddoo inni mannee godhatee qabsa'a ture immoo bosona mukkeen akka oadaa, qilxuu, dodotiifi k.k.f uwwifamee kan argamu waan ta'eef akkuma bineensa bosonaa naannoo kanaa bilisummaadhan keessa kan jiraatu ta'uu isaa kan agrsiisuudha. Kanummarra ka'uun "biyya keenyaatti si'ii miti qeerrensuu bilisummaa qaba. Odaafi seerri oadaa jalatti tumamus gaaddisa isaati. Ati maaliif qarqaraatti baatee harka diinaa buute" dhaamsa jedhu dabarfachuuf kan faarafatameedha.

Dhaamsi faaruu kana, bosonni qeerreensa qofaaf osoo hintaane, goototafillee dirree biisumma akka ta'e bosona keessaa yoo bahee adamsoon kan itti baayatu waan ta'eef gootoonni har'aa sochii isaanitif ofeeggannoo gochuu akka qabaniifi hawaasni immoo iddoo bilisummaa gootota qabsoof manaa bahaaniifi bineensotaa kan ta'e bosonaa kunuunsuu akka qaban kan akeekkachisuudha.

Faaruu 14.

Yaa Badhaadha koo

Olonkoomiin suma leellisaa

Wayyaaneen maal balleessiite

Kan si galaafate dheebisaa

(Madda: Afgaaffi Nama "R" Irraa guyyaa 26/02/2013 *argame*)

"Warannii Wayyaneen Badhaadha ajjeessuuf kallattiwwaaniifi bakkeewwaan adda addatti ajjeessuuf kan yaalan ta'u, kan milka'aan Ada'aa Bargaa bakka Dheebisa jedhamutti" jedha Buzunaan. Kanummarra ka'uun hawaasni, "Wayyaaneen maal balleesite shira xaxxe malee, kan shira xaxame harka si buuse gantuu hawaasa Dheebisa jedhamu keessa jiraattudha" jechuun koomii isaanii ibsatan. Goota abdiin sabaa ta'ee namni hunduu tiksuu qaba. Kanaafuu bakkeewwaan garaagaratti hawaasni kaayyoo qabsoo isaa hubateefi injifannoo inni galmeesse arge kan jaju, leellisuufi gurra guddisu yemmuu ta'u, baandoonni immoo gootaafi biyya isaanii garaaf gurguratu. Kanaaf hawaasni iddoo biraa jiraan koomii Dheebisaarra

qaban ibsachuun baandonni hawaasichi akka koomatamu taasisanis gocha akkanatti akka hindeebine akeekkachisuuf kan faarfatameedha.

Dhaamsi faaruu kanatis, Badhaanni roorroo saba isaa irra gahu falmuuf akka manaa bahe, iddoowwan kunneen abdiin akka irraa qaban, fuula duraaf hawaasni goota nyaachuu osoo hintaane tumsuu akka qaban dhaamsa kan dabarsuudha.

4.1.4. 4. Shiraan Wareegamuu Gootichaatif Gadda Itti Dhagahame Ibsachuuf

G. Faaruwwaan Bifa Shoboxeetiin Dhiyaatan

Faaruu 15.

Yaa Badhaadha koo

Badhaadha faaliin gungumaa

Babbaddee yaa dhiira dhugumaa

(Madda: Afgaaffi Nama “A” irraa guyyaa 24/02/2013 *argame*)

Faaliin meeshaa Badhaanni diina ittiin bahee galuu dhorkatudha. Badhaadha faalii gungumaa kan jedhameefis, yeroo hunda sagaleen faalii isaa waan dhagahamuufidha. Yeroo hunda Waraana Wayyaanee kan hawaasa keessa deemuun qabeenya hawaaasaa saamuufi bilisummaa hawaaasaa sarbitus yeroo arge bifa gootummaa isaa mirkaneessuun tarkaanfii irraatti fudhata. “Gootumaa isaa afaaniin osoo hintaane gochaan mirkaneeffata” jetti odeeff kennituun “A”n. Kanaafuu hawaasni gootummaa isaa nijaja. Haa ta’u malee, shiraa wayyaaneen xaxteen wareegamuun isaa kan isaa aarse faaruu kanaan gadda isaanitti dhaga’ame ibsatu.

Dhaamsi faaruu kanaatis, Badhaanni goota kuttannoo qabu ta’uu isaa ibsuun, dhaloonni har’aallee goota kana fakkeenya goodhachuun goota akka ta’an kan onnachisuudha.

Faaruu 16.

Yaa Badhaadha koo

Badhaadha faaliin babarruu

Tokkicha koo wal hinagarruu

(Madda: Afgaaffi Nama “B” irraa guyyaa 28/02/2013 *argame*)

Faaruu kunis faaliidhuma gootichaa bu’uura gochachuun kan faarfame yoo ta’u, gama bifa faaliin sun qabu irratti hunda’uudhaani. Akka faaruu kanarraa hubachuun danda’amuutti faaliin Badhaadhaa babarruu kan bifatti bareedu ta’uu agarsiisa. Hawaasni faalii isaa kana argee bareedina faalii isaafi gootummaa isaa walbiraa qabuun gaddaafi maraarsifannaa gootichaaf qaban ibsatu.

Faaruu 17.

Araangabaan bona hinsaaruu

Badde yaa Badhaadha Dilgaasaa

Qeerrensa qeerrensa caaluu

(Madda: Afgaaffi Nama “A” irraa guyyaa 24/02/2013 argame)

Mukti arangabaa jedhamu amala isaatiin gannaafi bona walbira qabamee yeroo ilaalamu kan saaruufi bifatti tolu waktii gannaati. Sababni isaatis, naannoon hawaasa faaruu kana kalaqee lafa gammoojjii waan ta’eef yeroo bonaa bonaan rukkutama. Kanaafuu, hawaasni naannoo kanaa amala arangabaan yeroodhaa yerootti agarsiisu kana fageenya godhachuun gootummaa gooticha kanaa amala qerreensa cimaatiin walmadaalchisuun “waareegamuun hinqabdu” jechuun gadda isaaniitti dhagahe kan ibsata ta’uu agarsiisa.

Faaruu 18.

Yaa Badhaadha Koo

Yaa Badhaadha cammaan kiskiisii

Jalqabuumaan hafte atisii

(Madda: afgaaffi Nama “A” irraa guyyaa 24/02/2013 argame)

Faaruu kun kopheen Badhaanni godhatu kan kiskisii jedhamu ta’uu ibsa. Kophee kana kan godhatu nama hundaa miti. Baayinaan loltoota yemmuu ta’an, kan bitachuu danda’aanis bitanii godhatu. Kan kaawwatamuus, yeroo hunda osoo hintaane, yeroo sirnoonni adda addaa jiruudha. Kanaafuu, faaruun kun Badhaanni Dilgaasaa roorroo uummata isaatiirra gama diinagdee, siyaasaa, eenyumman gahu falmuuf lola qawwee filatee, lolaa akka tureefi uummanni illee abdiin akka isarraa qabu kan hubachiisudha. Haa ta’u malee ija dhamatii isaa osoo hinargiin wagga afur qabsoo hadhooftuu erga taasisee booda. Waraanni wayyaanee waraanaan ergii dadhabdee booda tolchaa itti hojjechisuun raata’ee akka harka isaanii bu’u

taasiisuun of harka buufte. Erga harka isaanii bu'ees akka itti taphataniifi itti roorrisaan waan beekuuf “jarri tun natti taphachuu, roorrisuufi na ajjeessuu hinqabdu” jedhee ofiin du'a gaddissisaa akka of ajjeesse nihimama. Kanumarra ka'uun hawaasni jalqabaatti hafuun isaa isaan aarsee faaruu kanaan gadda isaanii kan ibsatan ta'uu agarsiisa.

Dhaamsi faaruu kanaatis, goonni bilisummaa saba isaatiif manaa bahee aarsaa lubbuu kanfale kun laphee sabaa keessaa yoomuu kan jiraatu ta'uu hubachisuun dhaloonni ammaallee waan gaarii gochuun seenaa isaanii laphee hawaasaa keessatti akka galmeeffatan kan barsiisuudha.

Faaruu 19.

Biyyee diigdee hingaltuu

Yaa Badhoo koo

Akka arrittaa reefu magartuu

(Madda: Afgaaffii Nama “DH” irraa 23/02/2013 argame)

Biqiltuun arrittaa jedhamu yeroo biqilu kichuufi hawwataadha. Fooliin isaallee urga'aafi baayee kan namatti toluudha. Hawaasni goota kana biqiltuu namatti tolu kanaan walqabsiisuun hawwii akkuma biqiltuu kanaa osoo deebi'ee biqilee roorroon isaanirra jiru akka furamu hawwii qaban ibsachuuf kan faarfateedha. Faaruun kun Badhaanni ergii du'ee hacuuccaan hawaasicharra kan gahe ta'uu kan agarsiisu yemmuu ta'u, osoo inni deebi'ee galuu danda'ee hinrooriifamnu yaada jedhu kan dabarsuudha.

Faaruun kun, namoonni naannichaa dararri osoo irra jiruu callisee akka hinteenye kan gorsuufi onnachiisuudha. Dabalataanis, nama osoo lubbuun jiru jilbeenfatee jiraatu caalaa goonni gootummaa isaatiin waareegame hawaasaan leellifamaa akka jiraatu kan hubachiisuudha.

Faaruu 20.

Yaa Miidhee silaa karaa Fiicheet galtee

Emmifoortikee eessatti gattee

(Madda: Afgaaffii Nama “Y” irraa guyyaa 26/02/2013 argame)

Faaruun Kun wareegama gootichaatiin walqabachuun kan bahe yookan kan uumame yemmuu ta'uu, “yeroo gootichi kun ofiin ofwaareege reefi isaa kallattidhan iddoo dhaloota

isaatti galee hinawwallamne” jedha obboo Asaffaan. Waraanni Wayyaanee “anutu ajjeesse anatu” ajjeesse jechuun wan waldehabaniif eenyu akka ajjeesse addaan baasuudhaaf Qorannoodhaf finfinnee deeme. Dhumarraatti Badhaanni ofiin akka ofajjeesse erga mirkanaa’ee booda reeffi isaa fiicheerran iddoo dhaloota isaatti geeffame. Kanuumarra ka’uun hawaasni “kan si ajjeesse silaa jaraa mitii osoo jarri si ajjeestee reeffi keetis meeshaan keetis hinmul’atu” jechuun meeshaa goonni kun itti qabsa’aa ture harka jaraa akka hingalle hawaasni hubate eenyu harka akka jiru addaan baafachuuf kan faarfatameedha. Kana malees, Hawaasni Miidheen du’aan osoo hintaane injifatee lubbuun akka galu fedhii isaanii ture, Erga du’uun mirkanaa’ee qawween isaa ittiin diina ajjeesaa ture akka seenatti olkaa’uun dhalootaa dabarsuuf akka barbaadan agarsiisa.

Faaruu kun goonni qabsoo keessatti wareegamuu akka danda’u hubachuu garuu immoo qawwee goonni ittiin lolaa ture akka gatamuu hinqabne kabajaan olkaayamee dhalootaa dhalootatti seenaa baatee darbuu akka qabu kan hubachiisudha

4.2. Dhaamsa Faaruwwan Gootichaa Gama Diinadgeefi Siyaasaatiin Qabu

Hawaasaa kamuu keessaatti diinadgeefi siyaasaa gargaar baasaanii ilaaluun hindanda’amu. Hawaasni oolaantummaa aangoo fi siyaasaa ofharkaa qabu diinagdees ofharkaa qaba. Faallaa kanaa immoo hawaasni cunquurfamoon diinagdeedhaanis duubaatti hafoodha. Kanaafuu dhaamsa faaruun Gooticha Badhaadha Dilgaasaa gama dinadgeefi siyaasaatiin qabu akka itti aanuutti qaacceeffame dhiyaaateera.

4.2.1. Gama Diinagdeetiin

A. Faaruwwaan Bifa Shobooteetiin Dhiyaatan

Faaruu 21

Kuulleen dhalee Arboon darabaa galee

Yaa Badhaadha Dilgaasaa ergii sagalee

(Madda: Afgaaffi Nama “R” irraa guyyaa 26/02/2013 *argame*)

Hawaasni naannoo qorannoon kun irraatti geggeeffame bu’uurrii diinagdee isaa qonnaafi loon horsiisuudha. Hawaasni kun miidhaaniifi loon isaatiif kabajafi jaalalaa olaanaa qaba. Loowwaan isaatiis akkuma ilmoo isaa maqaa moggaasee ittiin waama. Kuulleefi Arboonis maqaa hawaasni naannoo Laga Mogor jiraatu loon isaaniitii moggaasaanii ittiin

wamaaniidha. Kanuumaarraa ka'uun yemmuu gadda, ququqqaa gammachuufi jibba isaa ibsatu wanuma naannoo isaatti argamu kanaan wal bira qabee ibsata. "Hawaasa naannoo kanaas Waraanni wayyaanee "foon fidaa aannaan nuu qicaa" jettee rakkisaa turte" jechuun odeefkennaan "R" dhugaa baha. Hawaasni saawwaan isaa ofii isaatii eelmatefi sangaa isaa qalatee hinnyaannefi elmaatee hindhugne, yommuu raayyaan Wayyaanee achitti bobba'e dirqisisee elmisiseefi qalsisee nyaatu aariidhaan kan waaddamaan "Kuulleen keenya dhalee Arboonis furdachuuf darabaa galee nu jalaa qalaatti sagalee kee nuu ergii simalee jarattiin tun homaa hinsodaattu" jechuun qarreerratti gad ba'aanii sagaalee guddaadhan sirbuun rakkoo isaanii kana gooticha roorroo saba isaarra gahee calliise ilaaluuf sammun isaa hayyamuufi didnaan qabsoo hidhannoo filatee bosonaatti galee kanatti himatu.

Walumaa galattii, dhaamsi faaruun gooticha kanaa gama diinagdeetiin qabu, hawaasni kun sangaa darabaa ta'ee furdisee waraannii wayyaaneen achitti bobbaaftee kan dirqisistee harkaa fuutee qalatee nyaachaa turte ta'uufi dirqisiistee aannaan buusistee dhugaa turte ta'uu kan agarsiisuudha. Kun immoo diinagdee hawaasicha lafee duugdaa kan tuqu waan ta'eef hawaasni olaantummaan siyaasaafi aangoo harka hinjirre kun diinadgedhaan kan miidhame ta'uu ibsa.

Faaruu 22

Kuula maraniis laga Liqimmeetti

Kuula maraniis

Sawwaan dhugaa hinoolanii

Irraa hindheeffiin yaa Badhoo

Lubbuu mukaan koraaniis lolaan tolaanis

Du'a hinoolaanii

(Madda: Afgaaffii Nama "M" irraa guyyaa, 23/02/2013 argame)

Faaruu kun dhiibbaa diinadgee hawaasicharra jiru bu'uureeffatee Badhaanni Dilgaasaa dheeffee akka hingallee jajjabeessuuf kan faarfaatameedha. Dhiibbaa diinagdee hawaasichaa kan ta'ees. Yeroo baayee maqaa amantaatiin burqaafi hora hawaasni loon isaa obaafatu "tsabala" jedhamee akka hinobaffaanne dhorkamuu isaati. Lagni Liqimnee jedhamu laga hawaasni naannoo kana yeroo dheeraaf loon isaa bishaan obaafachaa tureedha. Adeemsa

keessa garuu luboonni amanta ortoodoksi naannoo sana jiraan bishaan sana qulqulleessanii kuula itti maranii “tsabala” jechuun hawaasichii ofii isaatifis, ta’ee loon isaa akka hinobaasne dhorkan. “Lagni liqimnee amma tsabala ta’e. Namniis horiinis hindhugu” jechuun odeefkennaan “M” dubbateera. Haata’uu malee, hawaasni loon lafee duugdaa diinagdee isaa ta’e kana calliisee kan ilaale osoo hintaane, fagaateetis ta’u iddoo bishaan jiru barbaadee loon isaa kana obaafacha akka ture faaruu kanarraa hubachuun nidanda’ama. Kanarraa ka’uun akkuma bishaan loon keenya dhugaaniitti maqaa amantaatiin kuullii itti maramee yoo dhorkamnees, fagannee obafannee malee, loon keenya dhuguun isaanii hinhafne, du’aa sodatanii yoo dheeffanis, du’aa hinoolanii, jabaatanii yoo lolanis guyyaa ofii malee hindu’aani irraa hin dheeffiniitii jabaadhu loli ergaa jedhu dabarsuuf kan faarfaatameedha.

Walumaa galattii, gama diinagdeetin Dhaamsi faaruun kun qabu, diinagdee hawaasicharraa dhiibbaa siyaasaa qofa osoo hintaane, dhiibbaan amantaatiis kan irra ture ta’uu ibsuun, dhaloonni ammaa dhiibbaa dinagdee isaarra maqaa adda addaatiin gahu hubannoodhan ilaaluudhan ofirraa qolachuu akka qabuudha.

4.2.2. Gama Siyaasaatiin

B. Faaruuwwaan Bifa Shoboxeetiin Dhiyaatan

Faaruu 23.

Baala qilxuu gogdee waashaa hinlixxuu

Moo yaa Miidhee yaa itti cittu

(Madda: Afgaaffii Nama “O” irraa guyyaa 18/02/2013 *argame*)

Yoomeessi faaruun kun keessaattii faarfaatame Yemmuu gootichi Badhaadha Dilgaasaa maqaa jaarsuummaatiin gowwoonfamee harka mootuummaaa wayyaanee muummicha ministeera yeroo sanii obbo Mallas zeenaadhan hogganamu bu’ee mana siirreessaatti darbatamee achii badee bahe kan faarfatameedha.

Maqaan jaarsummaa har’aas goototaafi beektoota baay’ee galafachaa jirtu tun kan gooticha Badhaadha Dilgaasaa harka jaraa buuftee baandota itti kofaalchiftee karaa deemaa kan itti roorristedha. Akka odeeffannoon odeefkennitootarraa argame ibsuutti, mootummaan Wayyaanee Badhaadha ofharka buufachuuf kallatti garagaraatiin erga dafqa isaa xururfaate dadhabee booda gaaf tokko maqaa jaarsummaa xaxoo siyaasaa ofkeessa qabun itti dhufe.

Jaarsoolii biyyaafi maanguddoota itti erguun “koottu wajjiin biyya keenya guddiifna waan ati saba keetiif barbaadduu nigoonaa” jedhaniin. Innis dubbiin karaa maanguddootaafi jaarsoolii biyyaa itti dhufe kun dhugaa itti fakkaate “tole” jedhen. “Isaaniis hidhannoo hikkachisaanii baayee utuu hinturiin mana sirreessatti darbatan” jedha odeefkennan “O”n. Mana sirreessa keessatti ajjeessuuf akka shira xaxaa jiraan ofirraatti beeke. Dabalataanis, jala deemtoonni jaraa goota harkaaf miila isaa malee onnee isaa hidhuun hindanda’ mne kana mana sirreessaa keessatti tuffaachuufi arrabsuun isaani akka inni hadhaa guuree jaalleewwaan isa wajjiin kaayyoo tokko qaban mana sirreessa keessa akka barbaadee gurmeessu taasiseera. Utuu olee hinbulinis namoota afurtama qindeesse. Dubartoota gala fidduun barbaree akka fidduu ajajatani yeroo alaa olgalaan humnoota tikaa barbaree ijatti naquun utuu isaan ija isaanii sukkummatanii meeshaa irraa fudhachuudhaan mana sirreessaa cabsani bahaanii qabsoo hidhannooti akka galanis odeefkennaan “O” dubbateera.

Dhaamsi faaruu kun gama siyaasaatiin qabus, mukti qilxuu muka baala babal’aa qabu kan bineesoonni bosona, sinbirroonnifi beeyiidoonni manaallee roobaafi aduu itti dheeffuuf dawoo godhataniidha. Baalli damee isaatis baala babal’aafi miidhagaadha. Haata’uu malee, baalli qilxuu gaafa dame isaarraa goge bu’e gatii hinqabu. Qilleensi fudhee bakka barbaade geessa. Bineesoonnifi beeyiidoonni inni dawoo ta’aafi ture yoo miilaan irra ajjeetan salphumatti daaraa ta’a. Akkasumas gaafa Badhaanni maqaa jaarsummaatin harka jaraa bu’uu goonni dawoo saba ta’ee kun gatii akka hinqabne, xaxoo kiyyoo siyaasaa isa qabde keessa bahuuf kan itti ulfaatu ta’uu kan tilmaamaan gaafa gootichi kun mana sirreessaa cabsuun jaalleewwan qabsoo isaa qindeeffate bahuu dinqissiffachuun “moo yaa Miidhee itti cittuu’ jechuun gootummaa isaa kana faarsaan.

Faaruu 24.

Moo yaa Badhoo

Jabbiin hidhaa kuttee hidhaan hidhaa mormaa

Dubbiin natti dhuftee dubbiin diiraa ormaa

(Madda: marii garee guyyaa 23/02 2013 adeemsifame irraa argame)

“Gooticha Badhadha Dilgaasaatiif yeroo baayee kiyyoon Xaxoo siyaasaa dirirfamaafit ture” jechuun odeefkennitoonni marii gareerratti argaman dubbataniiru. Yeroo baayee kiyyoo kanaatti akka hinseenneef tumsaa kan taasisaa ture hallayyaa, bosona, holqa Laga

Mogoriifi hawaasa qarqara gammoojjii Laga Mogor jiraatu yemmuu ta'uu, gaaf tokko garuu qaamni kiyyoo dirirsuuf milka'uun isaa hinoolle. Kanaafuu, hawaasni xaxoo siyaasaa baandoonni waranaa wayyaanee wajjiin xaxaa ooltu dhaga'uufi argu kun “dubbiin sitti dhufaa jirtu kun fira yookan jaarsuummaa fakkatteet dhuftee malee, dubbii diiraa ormaatii ofeeggadhu” jechuun dhaamsa dabarsuuf kan faarfate ta'uu agarsiisa.

Ergaan faaruu kanaa yeroo ammaa kanas, xaxoon siyaasaa kun baandota dayeeffachuun gootota nyaachaa waan jirtuuf, dubbii diiraa ormaafi dubbii firaa addaan baafadha kan jedhuudha.

Faaruu 25.

Re'een dhaltee gadii baasaadha

Erga Mangeen gabaree galee

Yookaan baddaatti ol naa baasaadha

Yookaan maqaa kiyya kaasaadha

Jedha Badhaanni Dilgaasaadha

(Madda : Marii garee guyyaa 20/02/2013 irraa argame)

Hawaasni yeroo hedduu bineensota naannoon walqabsiisanii faarsuun miira ofii baasanii ibsachuutu mul'ata. Akka faarsaa kanarraa hubachuun danda'amuuttis, Beeyladoo keessaa re'een hedduminaan lafa gammoojjii waan jiraattuuf hawaasni qarqara gammoojjii Laga Mogor jiraataan kan faarsaan ta'uu isaa agarsiisa. Sooranni re'ee immoo baala mukaa waan ta'eef naannawa kana bosonni hedduminaan jiraachuu agarsiisa.

Faaruu kun kan faarfatame yeroo mootummaan dargii kufee mootummaan wayyaanee gara aangooti dhufedha.” Gootichi kun loltoota dargii wajjiin waggaa lama erga leenjii lolaa fudhatee sirni dargii saba Oromoof kan hintaane ta'uu hubatee dargii gaanee gale”jedhu odeeff kennitoonni marii gareerratti argaman . Yeroo kana jechuunis, “bara 1981, wayyaaneen gara aangooti dhufuuf mootummaa dargii rakkisaa waan turteef Wayyaaneedha jedhamuun loltoota dargiin hawaasa keessaa barbadaamee rebsifamaa ture”. Baqqalaa Laataa(2011, f. 103). Kun immoo Badhaadha Dilgaasaa akka qabsoo cimaatti seenu taasiseeraa. Kanurraa ka'uun Badhaannii dargaggoota akka isaa sirni bulchinsa dargii uummata isaanii miidhuun

isaa isaan aarsee gurmeessee qabsoo taasifameen mootummaan dargii kufe. Pirezidantiin yeroo saniitis Mangistuun H/Maariyaam aangoo gadhiisee gara biyya biraatti baqate. Hawaasicha biraatti immoo namni biyya isaa dhiisee biyya ormaa dhaqe gabaree gale jedhamee beekkama. Kanaaf hawaasni yeroo san hawwii gootichi kun olba'ee aangoo akka qabatu qabu haala kanaan dhaamsa isaanii dabarfatu.

Dhaamsi faaruun kun gama siyaasaatin qabuus, qabsa'oonni sirni bulchiinsa mootummaa tokko hawaasichaaf kan hinmijanne ta'uu isaa hubatanii qabsa'aan sirnichaa mijaataa taasisuuf waan ta'eef gootichi kun nuu haabulchu maqaa isaa kaasaa dhaamsa jedhu qaba.

4.3. Faayidaa Faaruuwwan Gootichaa Aadaa, Eenyummaafi Seenaa Hawaasichaa Ibsuufi Eegee Tursiisuu Keessaatti Qabu.

Sabni Oromoo aadaa eenyummaafi seenaa boonsaa qaba. Aadaa eenyummaafi seenaa boonsaa qabu kanas, ogafaan isaa fayyadamuun ibsata, kunuunfata dhalootaa dhalootatti dabarfata. Uummannii godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagamis ogafaan faayadamuun jiruufi jireenya isaa ibsata. Faaruunis, akaakuu ogafaan hawaasichaa keessa tokkoodha. Faaruu kanaanis dhimmoota isaa hunda ittiin barsiisaa, gorsaa, adabaa qeeqaa dhaloota itti aanuu dhaalchisa. Faaruun gooticha Badhaadha Dilgaasaatis Aanaa Dagamitti faayidaan inni aadaa, eenyummaafi seenaa hawaasichaa ibsuufi eegee tursiisuu keessatti qabu kanaa gaditti qaacceeffame dhaamsa isaa wajjiin dhiyaatera.

4.3.1. Aadaa Hawaasichaa Ibsuufi Eegee Tursiisuu Keessatti

A. Faaruuwwaan Bifa Dhiichisaatiin Dhiyaatan

Faaruu 26.

Re'een dhaltee gadi baasadhaa

Lakkii gumaa kiyya baasadhaa

Jedha Badhaanni Dilgaasadhaa

(Madda: Afgaaffi Nama “Y” irraa guyyaa 26/02/2013 argame)

Hawaasni naannoo qorannoon kun irratti geggeeffame, namaaf horiidhaa, waaqaaf lafaa, margaaf bishaanii kabaja qaba. Akkuma yeroo namni daye kununsa taasisuf horiinis yoo dhale kununsa nitaasiisaf. Kanaafuu, akkuma beeyladoo kaanii re'eenis yoo dhalte osoo re'oonnii kaan gadi hinbahiin kan dhalte san barii barraqaatiin gadi baasaanii waan ishiin

nyaattu kennaniifi ilmoo ishii itti gadhisu. Kunis kan ta'uuf re'ee dhalte kunuunsuuf akkasumas ilmoo re'ee dhalattee re'oota keessatti yoo itti gadhisaan miidhamuu waan dandeessuufiidha.

Kana malees, Hawaasni kun aadaa boonsaa kan waldhabdee ittiin hiikkatu, ittiin barsiisuu, gorsu, adabu goota taasisu qaba. Faaruun gooticha Badhaadha Dilgaasaa kunis, namni tokko namaan yoo du'ee (yoo namni ajjeesse) gumaan isaa bahuu akka qabu kan hubachisuudha. Kanuma bu'uura godhachuudhaan gooticha Badhaadha Dilgaasaa kan bilisummaa saba isaatif jireenya isaa bosona godhate osoo bilisummaa saba isaa hinargiin irbata jaraa ta'e kana gumaan bahuu qaba dhaamsa jedhuu kan dabarsuudha.

Faaruu 27.

Yaa Badhaadha koo

Guyyaa kurrazziin hinboba'uu

Ajjeftanii nurraan hindeemina

Damiin carqii miti hinmoofa'uu

(Madda: marii garee guyyaa, 23/02/2013 *adeemsifame irraa argame*)

Kurraaziin meeshaa aadaa kan naannoo hawaasa humni ibsaa hinqaqqabneetti yeroo dukkanaa ibsataniidha. Kan ibsatanis, guyyaa osoo hintaane galgaala. Hawaasni naannoo kana waan naannoo isaatti argamuun qindeessee akkaataa sammuu namaa keessa turuu danda'uufi miiraa namaa tuqaa ergaa dabarsuu danda'uun waan jajuu barbaade jajee waan muufatees muufii isaa kan jibbees jibbinsa isaa ittiin ibsata. Kanaafuu akka aadaa hawaasichatti namni nama ajjeesse yoo tureelle damii osoo baasiin hawaasa sana keessa jiraachuu mitii achiin darbuu hindanda'amu

Akka faaruu kanarraa hubachuun danda'amuuttis, adamsiitoonni gootota Oromoo adamsanii ajjeessa turan gooticha Badhaadha Dilgasaatis ajjeessanii biyya isaa keessa garmamuu barbaadnaan hawaasni faaruu isaatiin damiin gooticha kanaa yoo tureelle hinmoofa'uu nuurraan hindeemina jechuun raayyaa wayyaanee dabarsuu diduu isaanii kan agarsiisuudha.

Walumaa galatti dhaamsi faaruu kanaa, aadaa hawaasichaa kan waldhabdee hiikuuf ittii fayyadamaa ture yommuu alaagaan afaan qawweetiin jalaa sarbuu yaaltu kan callissee ilaaluu

osoo hintaanee ququqqaa isaa ogafaan isaa fayyadamuun kan labataatti dabarfatuudha. Kanaafuu faaruun kun aadaa hawaasichaa boonsaa kan ta'ee aadaa gumaa yookaan damii baasuu eegee tursiisuu keessatii shoora oolaanaa taphata.

Faaruu 28.

Harangamaan muka maaliitii

Muki daraaru firii hinqabne

Ilmi Dilgaasaa ilma eenyuutii

Ilmi ajjeessanii damii hinqabne

Gizzeen kuni malinnii

Gizzeen ajjeessani damii hinbaafne

(Madda: marii garee guyyaa, 23/02/2013 adeemsifame irraa argame)

Mukti arangabaa jedhamu carraan inni daraaree firii godhachuf qabu baayee xiqqoodha. Sababni isaas, qoree hamaa waan qabuuf namas ta'ee horiin yeroo bira darbu xaxee qaba. Sababa Kanaaf harka bahuun ulfaata waan ta'eef namnis ta'ee horiin aariidhaa cabsee bira darba, kana malees muka kana faayidaa isaarra miidhaan isaa waan caaluuf namni cirreet balleessa. Kanan walqabsiisuun hawaasichi yeroo hamaa kan aadaa isaanii cabse kana koomata. Ijoon faarsaa kanaas, yeroon seerris ta'ee aadaan ajjeechaa namaa ittisu badee, yeroo namni yakka dalagee akka barbaadeetti bilisaan socha'u, bulchiinsi mootummaa humnaan uummata dhiitee/ajjeesee yeroo bulchaa jiru kana aadaan hawaasichaa kan ajjeessanii damii baasuu waan badeef/sarbameef yeroon qabatanii mootummaa yeroo sanii koomatan. Kana malees, ilmi Dilgasaa ilmuma keenya damii baasuufi qabdu dhaamsa jedhu dabarfachuuf kan faarfatameedha. Walumaagalatti akka faaruu kanarra hubachuun danda'amuutti, yeroon isaa yeroo hawaasichatti jireenyi itti hadhaa'ee yeroo roorroon itti baayate yeroo du'ee gumaa itti dhabe yeroo waan aadaa isaatiin faallaa ta'e isaa qunname akka ta'eedha.

Dhaamsi faaruu kanaas, aadaan hawaasaa tokkoo jiruuf jireenya isaa waan ta'eef yeroo qaama barbaadeen cabu dhaloonni calliisee ilaalu dhiisee aadaa isaa kana kununsee hojiirraa oolchee dhalootatti dabarsuu akka qabu kan akeekkachiisudha. Dabalataniis, dhaloonni akka

tasaa/lolaan lubbuu namaa yoo baasanillee akka aadaa Oromootti gumaa baasuu akka qaban gorsuufi akeekkachiisuuf garagara

4.3.2. Eenyummaa Hawaasichaa Ibsuufi Eege Tursisuu Keessatti

B. Faaruwwaan Bifa Dhiichisaatiin Dhiyaatan

Ogafaan hawaasa Oromoo eenyummaa hawaasichaati. Hawaasichi achii as dhufteen isaa gootummaadhaan, diinaagdeedhaan siyaasaan, hawaasummaadhan eenyu akka ta'e ibsuufi eege tursisuu keessatti faayidaa olaanaa qaba. Faaruun kunis, eenyummaa hawaasichaa akka itti aanuutii ibsa.

Faaruu 29.

Maal gochuu buute biyya Badhaanni jiru

Salaalee biyya Shimalaan nama diru.

(Madda: Afgaaffi Nama “T” irraa guyyaa 26/02/2013 argame)

Sabni Oromoo Qaroominni dhufee qawweefi meeshaan jabanaa hindhufin dura diinaa itti dhufe kamuu shimala, eeboo, goraadee, gaachanaafi k.k.f fayyadamuun naannoo isaa eeggachaa ture. Oromoon Salaaleetis meeshaalee lolaa kanneeniin diina isaa kan ofirraa faccisaa ture ta'us, shimaala olaantummaadhan itti faayyadama. Hawaasichi bosona naannoo isaa margu muka shimalaa, arooreessaafi k.k.f irraa ulee shimala jedhamuu tolfachuudhan akka meeshaa lolaatti kan itti fayyadamuudha. Akka aadaa hawaasichaatti dargaggessi shimalaan makkatuu hindandeenye gadhee jedhamee wamama. namni shimala manaa hinqabnees hinjiru.

Kanaafuu, faarsaan kun Oromoon Salaalee durii jalqabee meeshaa aadaa sagalee hinqabneen diina isaa ofirraa ittiisuun gootummaan isaa mirkaaneeffachaa kan ture ta'uufi hawaasa salphaatti diinaf harka hinlaanne ta'uu kan ibsuudha. Har'allee gootonni eenyuummaa abbootii isaanii kana qabataniin kan jiran ta'uufi dhaloonni ammaas gootummaa kana osoo hindagatin fudhatee akka ce'u kan gorsuudha. Kanuumarraa ka'uun “Oromoon salaalee eenyummaan isaa diinaa isaa shimalaan kan diruudha maaliif gooticha Badhaadha Dilgaasaa kan hawaasni dawoo ta'eef kana barbaachaa Salaalee dhufan” jechuun waranaa mootummaa wayyaneetiif dhaamsa dabarsaan. Faaruun kunis dhaloonni har'aa eenyuummaa abboota isaaniirraa dhaalanii labata itti aanuutti akka dabarsa kan gorsuudha.

Faaruu 30.

Maal gochuu buute biyya Badhaanni jiru

Mogee Kilaashiin baroode deebiin hinjiru.

(Madda: Afgaaffi Nama “Y” *irraa* guyyaa 26/02/2013 *argame*)

Mogeen iddoo Badhaanni mana godhatee qabsaa’aa tureedha. Naannoo kanatti yeroo baayee waraanni wayyanee dirqamtee Badhaadha adamsuuf nidhamaati. Naannoo kanatti guyyaa hunda dhukaasni qawwee nibaayata. Dhukaasa kanaan Badhaanni diina hedduu ni ajjeesa. Kilaashiin gooticha kanaa akkanumaan sagalee dhageessisa osoo hintaane, diina haleeluufidha. Yeroo san nannoon Salaalee Sulula Mogor hundi too’annoo Badhaadhaa jala waan jiruuf diinni akka barbaadeetti sochoo’uu hindanda’uu. Hawaasni naannoollee haala jiru qorachuun socho’a. Hawaasni naannoo kanaa gootummaan kan beekamu, gooticha miliqsuun, kallattii raayyaan wayyaanee oolu eeruu kennuun, jajjabeessuun, waraanaa wayyaaneetif harka kan hinlaanneedha

Faaruu kun, dhaloonni ammallee roorroof harka kennuu akka hiqabne akeekkachisuun enyummaa abbootii isaanii kan gootummaan beekkamu kana dhaluun dhalootatti akka dabrsaan hubachisuu keessatti faayidaa olaanaa qaba.

4.3.3. Seenaa Hawaasichaaa Ibsuufi Eegee Tursiisuu Keessatti

Akkuma Saba Oromoon godina biraa Oromoo Salaaleetis, seenaa keessatti ququqqaan, gaddi gammachuunifi injifannoon kan isaa muudate yemmuu ta’u, dhimmoota seenaa keessatti isaa muudatan immoo ogafaan isaatti fayyadamuun labata ittiin barsisaa, leenjisiaa, akeekkachisaa gootomsaa dhalootaa dhalootatti dabarsa. Faaruun gooticha Badhaadha Dilgaasaas ququqqa, gadda, gammachuu, injifannoo ittin ibsachuu keessatti, gadheefi gantuu ittiin qeeqaa, goota ittin jajaa, jajjabeessaa, gorsaa Seenaa hawaasichaa ibsuufi eegee tursiisuu keessatti faayidaa akkam akkamii akka qabu kanaa gaditti dhiyaateera.

4.3.3.1. Ququqqa Ittiin Ibsachuuf

A. Faaruwwaan Bifa Dhiichisaatiin dhiyaatan

Faaruu 31.

Yaa muraa maqasii hintaane yaa Mallasii,

Dubbiin Mangee deebitee dhufte ammasii.

(Madda: Afgaaffii Nama “O” irraa guyyaa 18/02/2013 argame)

Meeshaan maqasii jedhamu meeshaa waan muru tokko walqixxeessee muruudha. Akkuma wanti meeshaa kanaan muramu waqixa ta’ee sirni dargiifi wayyaanee tokko akka ta’e muraa maqasii kanaan walqabsiisanii hawaasichi ergaa isaanii dabarfachuu agarsiisa. Uummanni biyyatti Sirni bulchiinsa mootummaa dargii kan kuffise walqixumma Sabaafi sablamootaa akka mirkanaa’uf qabsoo hadhooftuu taasiseen yemmuu ta’u, ergii sirni dargii kufee uummanni bilisummaa yoo barbaadu, garuu mootummaan wayyaanee bilisummaa sabaa sarbuun akkuma dargii itti fufuu isaa agarsiisa. Kanaaf uummanni Oromoo keessattuu, Oromoon Salaale jarraa hedduuf hacuuccaa nafxanyaa jala waan tureef, jijjiiramni eegamee ture dhabamuu isaatiin kan ka’e hawaasni jijjiiramni hinjiru gochi sirnoota kana lamaanii walqixaa jabaadhuu qabsoo kee itti fufiitii, sirna ulee jallinaatin nama rukkutu kanaas, nurraa kuffisi jechuun gooticha Badhaadha Dilgaasaatti dhaamsa isaa dabarfata.

Faayidaa faaruun kun seenaa hawaasichaa eegee tursiisuu keessatti qabu, Oromoon Salaalee seenaa keessatti sababa saba olaantummaan aangoo harka tureen daangeeffamee jiruuf dinaagdeen, siyaasni, eenyummaafi afaan isaa haccuuccamaa tureera. Haata'u malee gootonni Akka Jeneeraal Taddaasaa Birruu, Agarii Tulluu, Muluu Asanuufi kanneen biroo roorroofi hacuuccaa kanaaf kan hinjilbeenfanne ta'uun seenaa galmeessaniru. Kanaafuu hawaasichi seenaa keessatti hawaasa roorroof harka hinlaanne waan ta'eef dhaloonni ammaallee seenaa kana dhaloota akka dhaalchisu gorsuu keessaatti faayidaa oolaanaa qaba.

4.3.3.2. Gootaa Ittiin Jajjabeessuf

B. Faaruuwwaan Bifa Shoboaxeetiin Dhiyaatan

Faaruu 32.

Yaa Badhaadha koo

Badhaadhaa kootiin rufaarrufaa

Jabaadhuu ammaa Haroon jijjiigee dhufaa

(Madda: marii garee irraa guyyaa, 23/02/2013 argame)

Akka faaaruu kanaarra hubachuun danda'amuutti Badhaannii nama kootii uffachuun beekkamu yemmuu ta'u, hojjaan isaa gabaabaa waan ta'eef kootii kana yeroo uffatu kan itti dheeratu ta'uu agarsiisa. Haroon faaruu kana keessatti tuqame immoo hawaasa Aanaa Dagam Ganda Yaayyaa Haroo jiraatudha. "Hawaasni kun yeroo gootichi qabsoorraa tureetti kallatti adda addaatin gooticha deeggaraa ture" jechuun odeeff kennitoonni marii garee irratti argaman himaniru. Deeggarsa hawaasichi taasise keessaa muraasni, kallatti diinni olee galu itti himu, gooticha miliqsuu yemmuu ta'u, shimaalafi meeshaalee lolaa kanneen birootiin wajjiin loluufi faaruu isaatin jajjuu, lellisuu, gorsuu, onnee itti horuun kakasuufi k.k.f kanneen hangafa ta'anidha. Walumaa galatti hawaasni Yaayyaa Haroo jijjiigee isaa wajjiin qabsa'aa waan tureef, jabadhu deeggarsa qabdaa yaada jechu dabarsa.

Dhaamsi faaruu kanaa akkuma, gootichi sirni wayyaanee hawaasichaaf akka hintaane hubatee sirna hawaasichaaf ta'u ijaaruuf aarsaa lubbuu kanfalee hawaasni Haroo deeggaraa ture, dhaloonni ammallee goota bilisummaa saba isaatif qabsa'uu garaaf jedhee gurguruu akka hinqabne, deeggaruu akka qabu kan akeekkachisuudha. Akkasumas gootonni ammaa roorroo uummata isaanirra gahuu callisanii akka hinlaalleef kutannoon uummata isaanii

akka dhaabbatan kan jajjabeessuudha. Yeroo kana immoo uummatarraa deeggarsallee argachuu akka danda’aan kan karaa qabsiisuudha.

Faaruu 33.

Yaa Badhoo kiyyaa xinnayyoo amma ijoollee,

Akka Emmifoortiin agabuu hinoollee.

(Madda: marii garee guyyaa, 23/02/2013 *adeemsifame* irraa *argame*)

Faaruu kun Badhaanni hojjaadhan gabaabaa ta’uu agarsiisa, haata’u malee, qalbiifi gootummaadhan akka hunda caaluu nihmama. Gootumma isaa kanaanis dhukaasee diina galaafachaa akka ture, “roorroo uummatarra gahu hambisuuf hanga mana bahee bosona mana godhatetti diinatti hinlaafne” jedhu odeefkennitoonni marii garee irraatti argaman. Hawaansis rakkoon isarra jiru dafee furmaata akka argatu hawwii isaa waan tureef “emmifoortiin kee hanga diina kana nurraa fixuutti yookan nurraa hari’uutti afaan duwwaa yookan osoo hinajjeessin oliin” jechuun dhaamsa isaaani dabarfatu. Kan malees, faaruun kun, Badhaanni yeroo mara kilaashii caalaa qawwee emmifoortii qabachuu akka baay’isuu agarsiisa. Kanummarra ka’uun hawaasni gocha isaafi isa argaa olee bulu “jabaadhu ni injifattaa” jechuun dhaamsa kan dabarsaafi turan ta’uu agarsiisa.

Faaruu kun, goonni bilisummaa saba isaatif mana bahee hanga injifannoo argatuutti diinaaf garaa laafuu yookan immoo sodaachuu akka hinqabe kan jajjabeessuufi yeroo hundaa kutannoodhaan loluu akka qabu akeekkachisuudhan gootota ammaafi gara fulduraatti ka’aan kaayyoo dhugaa qabatanii yoo socho’aan hawaasaan deeggaramuufi ijifachuu akka danda’aan kallatti itti agarsiisa.

Faaruu 34.

Koottu yaa Badhoo kiyyaa

Yaa Badhaadha qarree Tokkee

Maloo kilaashiidhaan natti dafi

Warra Wayyaanee garaan sokkee

(Madda: marii garee irraa *guyyaa*, 23/02/2013 *argame*)

Qarreen Tokkee bakka dhaloota Badhaadhatti dhiyeenya qaba. Dabalataniis, bakka loltoota wayyaanee heddu itti fixeetha. Faaruun kun Badhaanni roorroo mootummaa wayyaanee jibbuun kilaashii fudhatee akka bosona seene, mootummaan illee waraana Badhaadhaa kana too'achuu akka dadhabe agarsiisuuf naannoo dhaloota isaafi bakka injifannoo itti argateen walqabsiisuun kan faarfatameedha. Dabalataniis, erga Badhaanni waraana wayyaane hedduu fixee kanneen hafan immoo sodaa keessa kan galan ta'u, kaan immoo baqachaa akka turaan agarsiisuuf kan faarfatameedha. Kanaafuu hawaasni "warra wayyaanee garaan sokkee sodachatii jiru nutis si wajjiin jirra dafii kilaashiidhan nu dhaqabi" jechuun kan faarfatan ta'uu agarsiisa.

Faarsaan kun yoo jabaatanii qabsoo itti fufan osoo hinjaalatin mootummaa sodaachisuun harka miciruun aangoollee gadi dhiisuu yoo baate darara uummata irra geessisu hir'isuu akka danda'u dhaloota gorsuuf gargaara.

Faaru 35.

Hoola dhaltuu kallee hoola dhaltuu

Yaa Badhoo koo du'a hinoolan bakka hundattu

(Madda: marii garee guyyaa 23/02 2013 adeemsifame irraa argame)

Faaru kanarra hubachuun akkuma danda'amu, gootichi Badhaadha Dilgaasaa du'a sodatee akka hindheeffineef ittiin jajjabeessuuf kan faarfatameedha. Duuti seera uumama waan ta'eef dabeessa ta'anii gola keessattis yoo baqatan, sooreessa ta'anii yoo gamoo qabaatanii waan dhugaaniifi nyaatan yoo geegeddaratan, hiyyeessa ta'anii yoo daaraa uffatan, Goota ta'anii bosonaafi holqa keessa baala mukaa nyaatani yoo jiraatan hinhaftu. Garuu seenaan ittin du'aan maqaa namaa waamsisaa hafti. Faaruun Kunis gootichaan sodatee dheeffitee gadhuummaadhan waanjoo garbummaa siifi hawaasaa keerra jiru baatee yoo teesse maqaa dabeessuummatiin du'uun kee hinooluu gootummaa keetiin yoo waareegamte garuu du'a gootaa waan duutuuf seenaan kee laphee dhaloota keessatti barreeffame dhaloota itti aanuuf dubbiiiffama jabaadhu dhaamsa jedhu dabarsuuf kan faarfatamedha. Faaruun kun seenaa hawaasichaa keessatti namni du'a sodatee garbummaa baatee akka hinjiraanne kan barsiisuudha. Namni du'aa sodateef eessallee yoo dhage, haala akkamii keessallee yoo jiraate du'a kan oolle ta'uu agarsiisa.

Kanaafuu dhaloonni ammaa du'a hinhafne sodatanii seenaa hawaasichaa kan gootummaa beekkamu, dhiiga goototaa kaleessafi maqaa ofii balleessanii akka hinduune kan akeekkachisuudha. Dabalataniis, gantoota garaaf jedhaanii saba isaaniifi gootota isaanii gurgurataniis du'aaf dabarsanii kennanille dabaan gamoo meeqa yoo ijarrataniyyuu du'uun akka hinhafne barsiisuuf kan faarfatameedha

Walumaa galatti faaruun kun gootichi Badhaadha Dilgaasaa du'a sodaatee duubatti akka hindeebine jajjabeessuuf kan faarfatame yemmuu ta'u, dhaloonni ammaallee du'a sodatanii seenaa abbootii isaanii akka hinballeessine kan akeekkachisuudha.

4.3.3.3. Goota ittiin Jajuuf

C. Faaruwwaan Bifa Dhiichisaatiin Dhiyaatan

Faaruu 36.

Hoola qalee kochee nyaachuu malee

Erga yoomii Badhaanni diina gabbare

(Madda: Afgaaffii Nama "T" irraa guyyaa, 26/02/2013 argame)

Faaruu kun gootummaa goota sanaa jajuuf kan faarfatame yemmuu ta'u, seenaa hawaasichaa keesaatti gootota dhufanii darbaan ittiin jajjuufi gootota ammaattillee hamilee horuuf gargara. "Gootichi Badhaadha Dilgaasaa osoo qabsoof jedhe bosona hinseeniin dura qonnaan bulaa cimaa waan ta'eef yeroo baayee nama hoolaa qalee koochee nyaachuun beekkamuudha" jetti odeeff kennituun "T"n. Kanumarraa ka'uun gootichi Badhaadha Dilgaasaa diinaaf kan hinjilbeenfanneefi hinsodannee ta'uu isaa ibsuufi jajuuf kan faarfatameedha.

Faaruu kun seenaa hawaasichaa keessatti gootummaa gootichi Badhaadha Dilgaasaa galmeesse kana dhaloonni ammaa irraa barataanii gootummaa kana fakkaatuun hawaasa isaanii tiksuu akka qaban dhaamsa kan dabrsuufiidha.

Faaruu 37

Mogor qabate gootni Tokkee Mogor qabate

Garbatti gate waa wayyaanee Garbatti fixee

Holqa Mogoritti hirkate Tafeef dhufeera dabalatee

(Madda: Afgaaffii Nama "T" irraa guyyaa 26/02/2013 argame)

Faaruu kun akka agarsiisuutti gootichi Badhaadha Dilgaasaa kan qabsa'aa ture Laga Mogor mannee godhateeti. Hawaasni naannoo kana jiraatus, Mogoroo jedhamee wamaama. Maqaan hawaasa kanaaf kenname garuu maqaa tuffii hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam gara baddaa jiraatudha. “Yeroo dheeraaf hawaasa kana lamaan gidduu jechuunis, kanneen qarqara Laga Mogor jiraatuufi baddaa jiraatu gidduu waltuffiitu ture” jedha obboo Iraasuun”. Erga gootonni akka Badhaadha Dilgaasaa hawaasa kana keessaa bahanii garuu ilaalchi waltuffii kun akka badees nihimama.

Yeroo ammaa kana garuu Mogor biyya gootaa jedhamuun beekkama. Kanumaarra ka'uun yeroo ammaa kana maqaan dhaabbataa, waajjiraafi warshaalee hedduus maqaan isaanii Mogoritti kan mooggafaaman hedduudha. Gabaabumatti Mogor maqaa Laga Mogor irraa kan argame yemmuu ta'u, naannaawaan Laga Mogor hundi Mogor jedhamee wamaama. Naannawaan laga Mogor kunis, bu'aa ba'ii (Gaarreen, Bosona, Hallayyaa, Dhakaa, Holqa, Doolooloo garbafi .k.k.f) waan ta'eef nama keessa beekuuf malee, diina Badhaadha Dilgaasaa waraanuuf diidaa dhufuuf rakkoodha.

Gooticha Badhaadha Dilgaasaatiif garuu, bu'aa bahii kun dawoo keessattu holqi naannawaa Laga Mogoriitti argamuu mana isaati. “Gootichi kun holqa kana dawoo godhachuun jaalleewwan qabsoo isaa Tafarii Kabbadaafi Dhufeera Deetti wajjin diina raateessaa ture. Tafariifi Dhuuferan loltoota isaa keessa baayee ciccimoodha” jedhuu obboo Iraasuun.

Faaruu kun gootummaa gooticha Badhaadha Dilgaasaa ittiin jajuun hawaasicha keessa gootonni akkanaa jiraachuu isaanii kan ibsuudha. Gootichis qaama hawaasichaa waan ta'eef hawaasichi eenyummaan isaa maal akka ta'e ibsuu keessatti faayidaa olaanaa qaba. Kanaafuu dhaloonni ammaa eenyummaa hawaasa isaanii kana dhaaluun hakuuccaa gadi jedhanii baachuun akka hinbulleef eenyummaafi mirga isaanitiif karaa seera qabeessan akka falmatan kan gorsuudha. Yoo ta'uu baate immoo akkuma gooticha kana kutannoodhan qabsa'uun eenyummaa isaanii akka tikfaatan kan jajjabeessuudha. Faaruun kanatti aanee jiru kunis gootummaa Dhuuferaa Deettii loltoota Badhaadha keessaa tokko kan ta'e jajuuf kan kalaqameedha.

Faaruu 38.

Yaa Dhufeeraa kiyyaa

Yaa Dhufeeraa ilma Deettidhaa

Shakashaki akka Jeettiidhaa

(Madda: afgaaffii Nama “M” guyyaa, 23/02/2013 argame)

Faaruu kun gooticha Dhufeeraa Deetti jedhamu kan gooticha Badhaadha Dilgaasaa wajjiin qabsa’aa ture jajuuf kan faarfatame yemmuu ta’u, gootummaa goota kana jeettitti fakkeessuun kan jajame ta’uu ibsa. “Dhufeeraan yeroo loluu kutannoodhan nama loluufi diina hedduus caccabsee nama fixeedha” jedha odeefkennaan “M”n. Faaruun kun dhaloonni ammaas diina daangaa itti dabarte kutannoodhaan loluun hawaasa isaaniitin akka galateeffatamaniifi jajamaan kan karaa qabsiisuudha. Faaruun itti aanee jiru kunis bifuma walfakkaatuun, loltoota Badhaadhaa keessaa cimaa kan ta’e Tafarii jajuuf kan faarfatameedha.

Faaruu 39.

Tafarii kiyya

Yaa Tafarii shurubbaan quncee

Keessuma baate karaa Qundee

(Madda: Afgaaffi Nama “U” irraa guyyaa 26/02/2013 argame)

Faaruu kun immoo kan agarsiisu namni Tafarii Kabbadaa jedhamu miseensa loltoota Badhaadha Dilgasaa keessaa tokko kan ta’e nama shurruubbaa dhahachuun beekkamu, shurubbaan isaatiis dheeraa akka ta’e kan agarsiisuudha. Loltoonni kun yeroo baayee naannoo qarqara Laga Mogor gubbaa hanga gadii jiraatu. Yeroo hunda hawaasaatti makamarii hinjiraatan. Akka barbaadanittis bakka barbaadaan hindeeman. Sababni isaatis, diinni yoo arge hawaasa gidduutti dhukaasa itti bana. Yeroo kana immoo hawaasni miidhamu danda’a jedhanii waan yaadaniif, hawaasaarra adda bahanii bosonaafi holqa laga mogor keessa jiraatu. “Yeroo tokko tokko garuu yeroo odeeffannoo waa’ee diina isaanii dhaban tooftaadhan hawaasa keessa deemuun sassabbatu” jedha Tolasaan. Yeroo akkasii kana immoo hawaasni harka diinat bu’uu jedhanii waan yaadda’niif yeroo isaan nagaan deebi’aani galan nigammadu. Gammachuu isaa kanas faaruudhan ibsatu. Qundeen ganda Aanaa Dagam

keessaa ishee tokkoodha. Ganda kanas yeroo san waraanni wayyaanee buufata godhatee akka ture nihimama. “Tafariin karaadhuma buufata waraana wayyaanee kanaan darbee odeeffannoon barbaaduu fudhatee deebi’ee galee” jechuun odeeffennaan “U” dubbataniiru.

Faaruu kun qabsoo keessatti gootummaa qofa osoo hintaane tooftaan qabsoo dhimma baayee murteessaa akka ta’e hubachisa. Kanaafuu, qabsaa’oonni ammaa meeshaan ofharkaa qaba jedhanii diina isaaniitti hawaasa gidduutti dhukaasa banuu akka hinqabneefi qabsoon isaani tooftaadhan hogganamuu akka qabu kan akeekkachisuudha.

Faaruu 40.

Moo yaa Badhoo

Haatii too haatii tee

Lachuu dubartumaa

Kunoo ijjooleen dhuuftee

Hunduu kuttaattumaa

(Madda: marii garee guyyaa 20/02/2013 *adeemsifame irraa argame*)

Faaruu kun kutannoo Badhaannifi jaalleewwaan isaa qaban jajuuf kan faarfatame yemmuu ta’u, kan faarfatamees, yeroo Badhaanni qabsa’oota kaayyoo akka isaa qaban gara Aanaa Dagam deemuun gurmeesseedha. Yeroo sana dargaggoonni baayeen “aniis akkuma kee dubartirraan dhaladhee maaliifaan roorroo hawaasa koorraa gahu baadhee jiraadha” jedhanii kaka’uumsa horatanii qabsoo hidhannoo akka filatan odeeffennitoonni marii garee irratti argaman dubbataniiru. Faaruu kun kutannoo jaalleewwan Badhaadha Dilgaasaa hubachuun hawaasichi kutannoo akka horataan agarsiisa. Kanaafuu seenaa hawaasichaa keessatti gootonni abdi sabaa ta’aan gootummaa isaanii dhaloota dhaalchisuu akka danda’an hubachuun nidanda’ama.

Faaruu 41.

Laaftoon gogee

Laaftoo mataan gogee

Tokkosi Yaa Badhoo

Leenca laga Mogee

(Madda: Afgaaffi Nama “U” *irraa guyyaa 26/02/2013 argame*)

Mukti laaftoo jedhamu baayinaan naannawa Laga Mogoritti kan argamu yemmuu ta’u, muka akka salphatti goguu hindandeenyedha. Haata’u malee Laaftoon kun dhiibbaa uumamaafi namtolcheen irra gaheen goguu nidanda’a. Faaruun kun qabeenya uumamaa naannoo kanatti argamu bu’uura godhachuun gootichi Badhaadha Dilgaasaa roorroo diinni hawaasa irraan gahu qawween loluuf bosona laga mogoritti galuun leenca mogor jedhamee kan wamaamu ta’uu agarsiisa. Yeroo baayee diina mogor keessatti isa barbaada dhaqes ta’ee hawaasa keessa naanna’uu rasaasaan rukkutee kan ajjeessa ture ta’uu agarsiisa. Kanumarra ka’uun faaruun kun leenca bosonaa naannoo mogor jiraatuun walbira qabamuun kan jajame ta’uu agarsiisa. “Hawaasnis leenca kanaan “jarrii dhuftee dhukaasi” jechuun kallatti dinni ittiin itti deemaa jiru karaa laaftoo mataan gogee akka ta’ee itti himuuf faarfate” jechuun odeefkennan “U” dubbateera.

Faaruun kunis gootummaa Badhadha Dilgaasaa jajuun dhaloota ammaatti onnee kan horu yemmuu ta’u, dhaloonni ammaa roorroo keessumeessurraa lafa mijataa jirutti fayyadamuun falmachuu akka qabu ergaa kan dabarsuufidha.

Faaru 42.

Yaa Badhaadha koo

Badhaadha faaliin garagaruu

Erga wayyaanee nurraa fixxee

Maalikkanaa yoo duutees garuu

(Madda: Afgaaffi Nama “A” irraa guyyaa 24/02/2013 *argame*)

Qawween faalii jedhamu meeshaa diina halaalatti rukkutuuf gargaaruudha. “Dheeraa waan ta’eef yeroo qabatani deeman mataa bira oldarbee halaalaa salphaatti mul’ata” jetti odeefkennituun “A”n. Faaruun kun Gootichi Badhaadha Dilgaasaatis, meeshaa kana qabaachaa kan ture ta’uu agarsiisa. Ijoon faarsichaa waangaarii nuuf hojjeette yoo duuteeyyuu garaa nu hinnyaattu seenaan si hindagatu yoomuu laphee keenya keessa jirta yaada jedhu qaba.

Faaruun kun qabsaan nikufa qabsoon ittifufa kaayyoofi amaanaa goonni kufeef dhaloonni karaatti akka hinhambisne booree itti uumuuf ergaa kan dabarsuufidha.

Faaruu 43.

Koottu yaa Badhoo morma Bilillee,

Tokkicha taate malee hinhillee.

(Madda: marii garee guyyaa 23/02 2013 adeemsifame irraa argame

Meeshaan bilillee jedhamuu kan daadhiin/bookni ittiin dhugamu, meeshaa gabaabaa bareeda morma dheeratudha. Faaruu kanas meeshaa kanatti qabachuun bareedinaafi gabaabina gooticha kanaa ibsuun, gootummaa isaa jajuuf kan faarfatameedha faaruun kunis kan agarsiisu humni waraana Badhaadhaafi mootummaa wayyane baayinaan kan wal hinginnee ta'uufii injifannoon inni waraana mootummaa wayyaneerratti fudhachaa jiru immoo cimaa ta'uudha. Dabalatanis, “Badhaanni waraanaa isaa ogummaadhan hogganaa kan ture yemmu ta’u kophaa isaa hogganaa ture” jechuun odeefkennitoonni marii gareerratti argaman dubbataniiru. Kanumarra ka’uun hawaasni bittinna’uu waraana Badhaadhaatifi waareegamuu isaatif gaddi kan itti dhaga’ame gootummaa goota isaa jajuuf kan faarfatameedha.

Faaruu 44.

Bootti jilbaa jabaa maaltu jibbaa

Yaa Badhaadha Dilgaasaa

Tokkicha qixxee nama dhibbaa

(Madda: Afgaaffi Nama “T “ irraa guyyaa 26/02/2013 argame)

Faaruu kana keessatti bootti jilbaa jedhamee kan ibsame kophee dheeraa jilba gahu kan qotee bultoonni iddoo qorannoon kun irratti geggeeffame ganna dhoqqeen akka hintuqneef godhatanidha. Kanaan walqabsiisuun “faaruun kun yeroo loltoonni gooticha Badhadha Dilgaasaa muraasni waraana waayyane hedduurratti injifannoo argachaa ture gooticha ittin jajuuf faarfatame” jechuun odeefkennaan “T “ dubbataniiru. Gooticha kanan ati tokkicha garuu gootummaan kee nama dhibbaan si qixxeessa erga jedhu kan dabarsuufidha. Akka faaruu kanarraa hubachuun danda’amuutti Waraanni Wayyaanee Badhaadha ajeessuuf yeroo oolmaa isaa iyyaafatan hawaasni immoo “dabarsine hinkenninu inni jabaa keenya jabaa maaltu jibba nijaalanna” ergaa jedhu kan dabarsuudha. Kanaafuu seenaa hawaasichaa keessatti, gootonni iddoo guddaa akka qaban kan agarsiisuu yemmu ta’u, hawaasni gootota akkasii kan jaalatan, jajataniifi eeguumsa taasisaanif ta’uu hubachisa.

4.3.3.4. Hawwii Qaban Ittin Ibsachuuf

D. Faaruwwaan Bifa Shoboxeetiin Dhiyaatan

Faaruu 45.

Gad ilaalewoo

Shaaloo mataan gad ilaalewoo

Yaa Badhoo kiyya

Barana yoo wajjin baanewoo

Xilaa warqii sii tasaalewoo

(Madda: marii garee guyyaa, 20/02/2013 *adeemsifame irraa argame.*)

Shaaloon gosa miidhaniiti. Miidhaan shaaloo jedhamu kun hawaasa Aanaa Dagam kanneen gara baddaafi gammoojjii jiraataan biratti garaagarumma qaba. Kan hawaasa baddaa Dagam jiraatu biraatti shaaloo jedhamu gosa miidhaanii yeroo biqilu qamadii fakkaatudha. Hawaasa gammoojjii Dagam jiraatu biratti immoo yeroo biqilu mishingaa fakkaata. Gosti miidhaanii kun yeroo bilchaatee gogu mataan isaa gadi jedha. Kana booda nihamama waan ta'eef kunuunsi taasifamuuf hinjiraatu. Kanarraa ka'uun hawaasni faarsaa kanaan qabsoo keessatti duuti jiraachuu akka danda'u waan beekuuf, akka hinduune jiraatee diina hawaasa irraa akka ittisu, taabota naannoo isaanii jirutti galchaa galchuun waaqa akka kadhataaniif hubachiisa. Meeshaan xilaa warqii(dibaabee) kun mana bataskaanatti waan barbaadamuuf galchaa kanaan waaqni akka goota tiksuuf kadhachuuf gargaara.

Faaruu kun, goonni laphee hawaasaa keessatti iddoo guddaa akka qabu, hawaasichis gootichi akka jiraatu hawwii gaarii kan qabuuf ta'uu hubachiisun gootni immoo yeroo hunda adamsaan warra aangoo/ harkaa qabaniin kan itti baayatu waan ta'eef waaqni akka tiskee ta'uuf waaqa kan kaadhatanif ta'uu agarsiisa.

Faaruu 46.

Yookan lolii yookan algaa korii

Yaa Badhaadha Dilgaasaa Leencha Mogorii

Yaa Badhoo koo tokkosii yaa Leenca Mogorii

(Madda: marii garee guyyaa 20/02/2013 *adeemsifame irraa argame*)

Algaan siree irra rafan ta'ullee faaruu kana keessatti kan ibsame garuu aangoo bulchiinsa mootummaa biyyattiti. Nu bulchi yaada jedhu hawaasni hawwii qabsoo Badhaadha irraa qabu ibsuufidha. Jalqaba Badhaanni kan manaa bahe roorroo nafxanyaa jaarraa tokkoo oliif aangoo bulchiinsaa qabatee dhiibbaa uummata keenyarraan gahaa jiru ofirraa kuffsuuf Sulula Mogor filachuun isaa beekkamaadha. Uummanni bu'aa aangoon namaaf buusu waan beekaniif Badhaannis lolee yoo aangoo qabate rakkoofi dararri isaanirraa akka hafu waanbeekaniif injifatee akka aangoo qabatu hawwii qaban ibsachuuf kan faarfatan ta'uu agarsiisa.

Akeeki faaruu kanaa gadheen Mogor seenuu akka hindandeenye goota qixa leencaa kan diinaf harka hinlaanne ta'uu akka qabu, dhaloota keessatti miira gootummaa uumuun onnechiisuuf kan gargaarudha.

4.3.3.5. Baandotafi Basaastoota Ittiin Koomachuufi Ittin Ceepha'uuf

E. Faaruuwwaan Bifa Shoboxeetiin Dhiyaatan.

Faaruu 47.

Xafaan bade Addis Ababaa ga'e

Isinoo eessa lixxu yaa warra afaaniin alba'ee

(Madda: Afgaaffi Nama "U" irraa guyyaa 26/02/2013 argame)

Xaafan ilma Cangaree Sharriiti. Xiqqaatuus, taayitan harka abbaa isaa waan tureef nama goota kanaafi jaalleewwaan isaa basaasaa tureedha. Yeroo kana gootichi Tafarii Kabbadaa jedhamu loltoota Badhaadhaa keessa tokko kan ta'e baastotuma kanaan harka jaraa bu'ee ture. Yeroo san waraanni mootumma ajjeesuuf jennaan hawaasani ajjeeffamu hinqabu haa hidhamu jechuun mormaan. Xaafaan garuu, nama "haadu'uu jedhe mormeedha". Dhumaarrattis, murtii hawaasatiin du'a ofkalee mana sirreessatti darbatame. "Mana sirreessatis yeroo isaa fixatee gaafa bahu xaafaan Tafariin na ajjeessa jedhee finfinneetti baqate" jedha Tolasaan. Faaruun kun Namoonni kaanis, kan isaa baasasan kan jiran ta'u agarsiisa. Kanaafuu Xaafaan badeera isihoo warrii/namoonnii basaastan eessa lixxu jechuun baasastoota qeequuf kan faarfatameedha.

Dhaamsi faaruu kanatis, namoonni faallaa goota bilisummaa saba saanitif qabsa' uufi faallaa hawaasaa dhaabbachuun dhumni isaa salphina waan ta'eef, faallaa hawaasaa ta'uu dhiisuun

kabajafi eenyummaa hawaasa ofieeguun jiraachuun gaarii akka ta'e dhaloota ammaa kan akeekkachisuudha.

Faaruu 48.

Miidheen dhufee Ulaa Uummoo ga'ee,

Eessa seenta yaa warra afaan alba'ee.

(Madda: marii garee guyyaa 23/02 2013 adeemsifame irraa argame)

Faaruu kun kan faarfatame gaafa Miidheen mana hiidhaa cabsee baheedha. Gaafa goonni kun harka jaraa galee mana hidhaatti darbatamu basaastonna baayeen gammadani turan. “Jaarsii tokko mana hidhaatti dhaqee tuffatee “sumaa kan bosona keessa ta'ee ofguddisaa ture? koottaa ulee kanaan rukkutaa! kana booda ijoolleen koo sitti taphatu” jedhen. Kun immoo hunduma caalaa gooticha akka hadhaa guuru taasiseera” jedha Faayisaan Gizee. Gaafa mana sirreessaa cabsee bahuus mana jaarsichaa dhaqee “jaarsaa mee koottu amma na rukkuti! harka diinaa jalaatti mitii” jedheen. Jaarsiichiis “ilma koo! ana gaafa san na lakkafe dhiifama” jedheen. Gootichi kunis “amma ani homaa si hingodhu loltoota kootiif nyaata qopheessi geessif” jedhe akka loltoota isaatiif nyaata qopheesisise Faayisaan dubbateera. Jaarsa kana malees, namoonni goota kana hamachaa turan baayee akka ta'e faaruu kanarraa hubachuun nidanda'ama. Kanaafuu Miidheen dhufee Ulaa Uummoo ga'e namoonni isa hamachaa turtan maal gootukaa jechuun namoota kana sodachisuuf kan faarfatameedha. Iddoon lafa Ulaa Uummoo jedhamu Aanaa Kuyyuu keessadha. “Golli Badhaanni keessa socha'ee diinan lolu hanga sanatti waan ta'eef jalqaba akka mana hidhaatii baheen karaa sanaa bosona laga Mogor seene” jedha Faayisaan.

Ergaan faaruu kanaa goota roorroo saba isaa irra gahu jibbee qawween loluuf filate, hawaasni osoo jaalatuufi jajjabeessuu namoonni hamataan hawaasicha biraatti jibbamaa akka ta'e hubachiisudha. Dabalataniis, goonni sababa gootummaa isaatiin bilisummaafi mirga saba isaatii falmuuf diinan adamfamee harka diinaa bu'uu nidanda'a. Akkasumaas gootummaa isaatiin harka diinaatii bahuu nidanda'a. Gaafa san gantuun akka iddoo hinqabne hubachisa.

Faaruu 49.

Moo yaa Badhoo

Kaleessaa kalee kee

Kaleen galgaaltuudha

Bineensatti kennii

Ishee wanjaltuudha

(Madda: Afgaaffi Nama “U” irraa guyyaa 26/02/2013 argame)

Faaruu kun guyyaan kaleessaa guyyaa darbe ta’uu ibsuun, gootichi kun namoota isa hamatan akka dadabu dhaamsa dabsuuf kan faarfatameedha. Faaruun kun Hawaasa keessa namoonni gootummaa isaa hubachuun isa jajan akkuma jiran kan diinaaf dabarsanii kennuuf isa hordofanillee jirachuu hubachisa. Kanumarraa ka’uun namoonni gooticha maraarsifaatan “hamattu diinaa si kennuuf deemtuutu jira bineensatti kenni’ jechuunis, adabi jechuun faarfatan.

Faaruu 50.

Jaarsa wadaati

Damee Sharrii jaarsa waadaatii

Hintokkosaa gara gaadaatii

Shakashakee fixe wanna waadaatii

(Madda : Marii garee guyyaa 20/02/2013 irraa argame)

Namni Dame Sharrii jedhamu, yeroo san ganda Yaayya Haroo iddoo Qarree Bataskanaa jedhamu jiraachaa kan ture yemmuu ta’u ganda kanatti “jaarsa waadaa yeroo saniiti” jedhu odeefkennitoonni marii gareerratti argaman. Yeroo san obboleessi isaa namni Cangaree Sharri jedhamu bulcha ganda sanati. Yeroo baayee waraanni wayyaanees ta’ee mootummaan wayyaanee abbootii taayitaatiin akkam nama tokko qabu dadhabdan jedhani waan itti dhekkamanif, akkasumas yoo qabdan aangoofi mallaqni isiini kennama jedhani waaan abdachisaaniif Cangareenifi Dameen namoota ergamtu waraana wayyanee ta’uun adda dureedhan goota kana adamsaa turan akka ta’aan nihimama. “Gootichi Badhaadha Dilgaasaatis, yeroo baayee namoota kana gorsaafi akeekkachisaa ture” jedhu

odeeffkennitoonni kun. Haa ta’u malee namoonni kun waraana wayyaaneefi meeshaa isaan itti kennan da’oo waan godhataaniif gooticha kana tuffachuun gocha isaani itti fufaan. Dhumarratti garuu, waraanni Badhaadha gochi Damee Sharrii kan daangaa itti darbee manatti itti seenuun dhukaasan ajjeesan. Kanumaarra ka’uun Dame Sharrii kan du’e manatti waan ta’eef shakashakee fixe wanna waadaati jedhame sirbame. Faaruumti kanaan walfakkaatus, haala itti aanuun dhiyaateera.

Faaruu 51.

Yaa Damee Sharrii

Kana namaaf godha jarjarri

(Madda: Afgaaffii “T” irraa guyyaa, 26/02/2013 argame)

Faaruu kunis namoota alagaa Fira godhatanii Fira immoo alagaa godhatan akeekkachisuuf kan faarfatame yemmuu ta’uu yeroo san “Dame Sharrii ariitidhaan badhaasa abdachifame fudhachuuf goota kana nama adda durummaadhan adamsaa tureedha” jettio deeffkennitu “T”n. Kanaafuu faaruun kun basaastuu hawaasa keessa teesse garaaf goota gurguruuf jarjaru kana ceepha’uun gatii jarjaruu keetii бага argatte ergaa jedhu hawaasichi faaruu kanaan dabarfatan.

Faaruu 52

Amma’aan bu’ee karaa Kuyyuu Amma’aan bu’ee

Yaa Dame Maal godha sumat bararii afaan bu’e

(Madda: Afgaaffii Nama “M” irraa guyyaa, 23/02/2013 argame)

Amma’aa ilma Lammaa Barattaati. “Amma’aan obboleessa isaa Abraham Lammaa wajjiin loltoota Badhaadha keessa ciccimoofi waraana wayyaanee bahaa gala kan dhoowwanidha” jedha Faayisaan. Faaruun kun Loltoonni kun akkuma loltoota Badhaadha warra kaanii aanaalee Godina Shawaa Kaabaa keessa naanna’uun kan qabsa’aan ta’uu agarsiisa. Aanaan Kuyyuunis Aanaa Godina Shawaa Kaabaa keessaa tokko yoo ta’u iddoo kunis yeroo san to’annaa Badhaadhaa jala ture. Gaaf tokko Dameen bakka Amma’aa oole argee waraana wayyaaneetif yemmuu eeru kennu Amma’aa jala miliqee Kuyyuu bu’e. Yeroo achii deebi’uu Amma’aan Dame Sharrii rukkutee akka adabe nihimama. Kanumarra ka’uun hawaasni gocha kana arge “sumatu hunda dursee itti darbe” ergaa jedhu kan dabarsuudha.

Faaruu 53.

Tokkee gubbaan katamaa miti

Qarreen Tokkee katamaa miti

Yaa Badhaadha koo

Namni si ajjeessee namaa miti

(Madda: Afgaaffi Nama “A” irraa guyyaa 24/02/2013 argame)

Qarreen Tokkee iddoo oolmaa Badhaadhaafi iddoo waraana wayyaanee itti fixeedha. Iddoo kanatti Badhaannii gaaf tokko qotee bulaa fakkaate asheeta mishingaa gateettirra ka’aatee achi keessatti immoo qawwee isaa ka’aate osoo waraana wayyaanee adamsuu itti dhufan. isaaniis “baxaxa beekta?” jedhaniin innis “nan beeka Badhaannii kunoo ammuma asiin bu’e” jedheen. Isaanis Badhaadha barbaacha karaa inni kallatti qabsiise gadi bu’an. Inni immoo loltoota isaa kallatti qabsiisuun yeroo isaan gammoojjii keessa Badhaadha barbaadaa oolani deebi’anii galan iddoo qarree Tokkee kanatti akka fixe jechuun odeeffennaan “A” dubbataniru.

Faaruu kunis kan agarsiisu, iddoon kun gaarafi bosonaan kan haguggamee jiru malee magaalaa akka hintaaneedha. Kanumarra ka’uudhan nama goota kana ajjeesse koomachuun namni saba isaatif yaadu akka hinajjeesne himuufidha. Namni Badhaanni akka ofajjeessuf tolchaa nyaachisee ajjeesse gantuu waan taateef nama akka namaatti lakka’amuu akka hintaane ibsuun tuffachuufi ceepha’uuf kan faarfatameedha.

4.4. Akkaataa Dhugaan Gootummaa Gootichaa Walaloo Faaruu Keessatti Dhiyaate.

A. Faaruwwaan Bifa Geerarsaatiin Dhiyaatan.

Faaruu 54.

Jijjigduu mana hingodhuu ittumaan dhisa malee

Gadhee hiriya hingo dhoo ittumaan dhisa malee

Na bari kaa na bari Badhoo ilma Tokkee

Malittaa muudaa qaba? Hundasheen gobee gala

Baddaa Dagam gubbarra duumessa hamaatu jira

Keessa onnee koo dhaadannaa cimaatu jira

(Madda : Marii garee guyyaa 20/02/2013 ademiifame irraa argame)

Manni jijjigduun hinamansiistu. Yeroo roobni roobu dhimmisuun nama rakkisti. Yoo waa itti bu'e namarratti jiguu waan dandeessuuf nama yaaddeessiti. Akkasumas gadheen yookan dabeessi yeroo rakkoo nama gatee waan dheeffuuf hiriya godhatanii wajjiin loluuf nama yaaddeessa. Kanaafuu, gootaaf hiriya ta'uu hindanda'u. Gootaaf hiriya ta'uu kan danda'u goota yeroo rakkoofi lolaa goota wajjiin dhaabbatu, lolu, onnachiisu ta'uu qaba. Gootichi Badhaadha Digaasaatis yemmuu gootummaa isaaatin dhaadatu gadheen isaaf hiriya ta'uu akka hindandeenyeedha. Dabalataanis faaruu kanarraa kan hubachuun danda'amu, Baddaan Dagam yeroo gannaa yeroo hunda duumeessaan beekkama. Akkuma baddaa Dagamitti yeroo gannaa duumeessi hammaatu. Onnee gooticha kanaattis, yeroo sabni isaa hacuuccamu, roorrifamu, eenyummaafi afaan isaa molqamu diina saba isaa hacuucu kanaatti kan dhaadatu ta'uudha. Dhaadate kan galu qofas osoo hintaane, diinaa isaa gobee kan galu akka ta'eedha.

Walumaa galatti, dhugaan gootummaa goota kanaa walaloo faaruu kana keessaatti ibsame, gootichi Badhaadha Dilgaasaa goota cimaa, nama roorroo saba isaa callisee ilaaluu hindandeenye, nama gootummaadhan dhaadatee lolee injifatu akka ta'eedha.

Faaruu 55.

Soba hinxiixu kannisni

Yookan dammeessu malee

Yookaan dammeessuu heduu malee

Soba hindhaadatu Miidheen

Yookan ajjeessuu malee

Yookaan ajjeessuu heduu malee

(Madda : Marii garee guyyaa 23/02/2013 adeemsifame irraa argame)

Hawaasni gammoojjii Dagam jechuunis, hawaasni sulula laga Mogor keessa jiraatu qonnaan, horsiisa loonitiin dabalataanis, horsiisa kanniisaatin baayee beekkama. Kanummarra ka'uun

namoonni qabeenya kanneenin beekkamaan maqaa qabeenya isaanii kanaan waamamu. Kana jechuun, abbaa dammaa, abbaa dilbiifi abbaa loonii jedhamani waamamu. Akkuma faaruu armaan olii kana keessatti ibsame kannisni callise kan xiixu osoo hintaane, yoo dammeesseedha. Yoo dammeessu baateellee yeroo dammeessuf deemu xiixa. Akkasumaas, “gootichi Badhaadha Dilgaasaa /Miidheen dhaadannoo isaa dhageessisaaa kan ture yeroo loluuf deemuufi yeroo lolee injifannoo argate qofa” jedhu odeefkennitoonni marii garee irratti argaman.

Dhugaa gootummaa gooticha kanaa faaruu walaloo kana keessaa hubachuun akka danda’amuutti, akkuma amala gootota ciccimoo dhaadannoon isaa lafa duwwaatti osoo hintaane, yeroo lolee diina isaarratti injifannoo argachaa ture akka ta’eedha.

Faaruu 56.

“Jedhe Badhaanni nan ajjeessinii

Wayyanuumti nan ajjeessinii

Lubbuu koo hinballeessinii

Ana rasaasa takkatu naga’a

Karooora koo galmaan naa ga’aa”

(Madda: Afgaaffi Nama “U” irraa guyyaa 26/02/2013 argame)

“Badhaanni gootummaadhan waggaa afur erga qabsa’ee booda tolchaadhan raata’ee harka diina gale” jedha odeefkennaan “U”n. Innis raata’uu isaa ofirraatti beeknaan “harka Wayyaaneetiin du’uu hinqabu’ jedhe ofin ofajjeesse. Yeroo kana “kaayyoon ani wareegameef akka karaatti hinhafne adaraa kaayyoo koo galmaan naa ga’aa” jedhe jaalleewwan qabsoo isaattifi hawaasaa isaatti adaraa kennate addunyaa kanarraa akka darbeedha.

Dhugaan gootummaa gooticha kanaa walaloo faaruu kana keessaa calaqqisisuus, gootichi kun kaayyoo dhugaatiif hawaasaa isaatif waggaa afur gootummadhaan qabsaa’aa erga ture booda erga harka diinaa gale, yeroo ofiin ofajjeesu “kaayyoo koo galmaan naa ga’aa” jedhee dhaamsa akka dhaammateedha.

B. Faaruwwaan Bifa Shoboaxeetiin Dhiyaatan

Faaruu 57.

Kan qarree Tokkee goota Qarree Tokkee

Haleelii nurraa galchii raayyaa Wayyaanee gobii galchi

Nu qabbaneessii takka takkee

(*Madda: Afgaaffii Nama “O” irraa guyyaa, 18/02/2013 argame*)

Gootichi Badhaadha Dilgaasaa bakki dhaloota isaa bakka Qarree Tokkee jedhamuutti dhiyaata. Caalumaatti immoo bakka Qarree Tokkee jedhamu kanatti injifaannoo boonsaa diinaa isaa duguguudhan waan galmeesseef goota qarree Tokkee jedhamee wamama. Yeroo ammaa kanallee gooticha qarree Tokkee jennaan namni hunduu maqaa Badhaadha Dilgaasaat dhaha. “Bakka kanatti Raayyaa Wayyaanee gooticha kana adamsuuf Yaayyaa Gullaaleefi Yaayyaa Harootti bobba’aan baayeen isaanii dhumaanii kan hafan immoo baqatanii biyya san keessaa bahan” jedha odeefkennaan “O”n. Kanumarra ka’uun hawaasni Raayyaa Wayyaaneetiifuu nagaan bahee galuun yaaddoo itti ta’e, “injifannoo kee nu qabbaneessera” jechuun gootummaa goota kanaa jajan.

Dhugaa gootummaa goota kanaa, walaloo faaruu kana keessaa hubachuun akka danda’amuutti, gootichi kun gootummaadhan bakka Qarree Tokkee jedhamuutti diina isaa akka duguugeefi kan hafan immoo baqatanii naannoo san akka gadhisaan taasisuu isaati. Injifannoo Kana boodas, hawaasni naannoo kana roorroo jalaa bahanii hanga mootummaan humna biraa erguutti akka aara galfataniidha.

Faaruu 58.

Yaa Badhoo kiyyaa ati homaayyuu hinballeessinee

Nutu si tuqee Raayyaa Wayyaanetiin gowwooffamne

Nutis hindhumne rasaasa jaraatin duguggamne

(*Madda: Afgaaffii Nama “O” irraa guyyaa, 18/02/2013 argame*)

Faaruu kanarraa hubachuun akka danda’amuutti, Gootichi Badhaadha Dilgaasaa nama saba isaa jaalatuufi quqqamuufiidha. Kaayyoon qabsoo isaallee hawaasni inni jaalatu bilisummaadhan akka jiraatu aadaa, eenyummaafi seenaa isaa akka ibsatufi dhalootaa

dhalootatti akka dabarfatuudha. Gootichi kun hawaasa isaa nama miidhu osoo hintaane, miidhaa hawaasa isarra jiru hambisuuf nama qabsoo hidhannoo filateedha. Haa ta’u malee, baandonni saba keessaa dhalatan garaaf jecha gooticha kana dabarsanii kennuuf kallatti adda addaatin yaalaa erga turanii booda dhumaarratti “nyaata tolchaan itti hojjetame nyaachisaanii diinaaf hidhanii kennanii akka wareegamu taasisaan” jedha Faayisaan Gizze. Erga gootichi kun wareegamee booda raayyaan wayyaanee hawaasa nagaa heddu akka fixxe nihimama. Kanumaarra ka’uudhan “ati balleessa tokkollee hinqabdu, nutu Raayyaa Wayyaaneetiin gowwoomfamne si kennee akka wareegmtu taasisee ofiifis rasaasa jaraatiin dhumnee” jechuun hawaasni gadda isaanii faaruu kanaan ibsatan.

Walaloo faaruu kana keessatti dhugaan gootummaa gootichaa ibsame, gootichi kun kan hawaasa miidhuu osoo hintaane, saba isaa kan jaalatu, eegumsaa cimaa kan taasisaafi ture ta’uudha. Hawaasnis koomii kan irraa hinqabne akka ta’eedha. Haata’u malee, dhumaarratti gantoota hawaasa inni qabsaa’uuf keessa jiraataniin dabarfamee diinaaf akka kennameedha. Erga inni wareegamee booda hawaasicharra dhumaatifi dararri akka irra gaheedha.

Faaruu 59.

Xaafii goljaa

Tolchite yaa Mooti Tolchaa

Bakka Miidhee Dilgaasaa jalqabdee hojjaa

(Madda: Afgaaffi Nama “A” irraa guyyaa 24/02/2013 argame)

Xaafii goljaa kan jedhamu xaafii baayee dheeraa ta’eedha. Mootii Tolchaa namni jedhamu immoo jiraataa yeroo gootichi kun qabsoorra ture Aanaa Dagam Ganda Yaayyaa Haroo jiraataa nama tureedha. “Mootiin nama kaayyoo gooticha kanaa galmaan gahuuf qabsoo hidhannooti galeedha” jetti odeefkennituun “A”n. Mootiin erga gootichi Badhaadha Dilgaasaa kaayyoo isaa akka galmaan gahanif adaraa hawaasa isaatti kennee wareegamee boodaa, kaayyoo gooticha kana galmaan gahuuf dargaggoota isa wajjiin kaayyoo walfakkaatu qaban gurmeessuun nama bosona Mogoritti galuun qabsoo eegaleedha. Yeroo booda Mootummaan Wayyaanee “shifaaadha” jechuun adamsoo erga itti baayisee booda qe’eefi qabeenya isaa dhiise deeme Magaalaa Sulultaa jiraachuu eegale. Sulutaatti haalli jiruufi jireenya isaa akka yeroo lafa abbaa isaa qotatee nyaatu san ta’uu didee harka hiyyuumma bu’e. Hiyyummaadhan yeroo dheeraaf erga dararamee booda dhukkubsatee

addunyaa kana irraa lubbuun isaa darbeera. Osoo hindu'iin garuu, kaayyoo gooticha kanaa galmaan gahuuf nama baayee ifaajeedha. Hawaasnis kaayyoon gootichi kun qabatee socho'aa ture gaariidha. Atis бага Bakka Miidhee buute hojii jalqabde jechuun faarsaan.

Walaloo faaruu kana keessatti dhugaan gootummaa gootichaa akka mul'atuutti, gootichi waan gaarii hojjechaa akka tureedha. Hawaasnis hojii isaa kanan isaa galateeffachaa gootota isaa booda kaayyoo akka isaa qabataniis socho'aan kan jajjabeessu akka ta'eedha.

Faaruu 60.

Leencii dhalee shiboo keessaa duuta

Emmifoortiin Badhoo lafaa nama buuta

(Madda: Afgaaffii Nama "O" irraa guyyaa, 18/02/2013 argame)

"Gootichi Badhaadha Dilgaasaa yemmuu emmifoortii dhukaasu namni hundi niraafama" jechuun Faayisaan nidubbata. Sababni isaatis, gootichi kun yemmuu diina isa adamsuuf gara naannoo inni jiraatu dhufu sodachaa osoo hintaane gootummaadhan dhukaasuudhan diina raasaa akka tureedha. Akka faaruu kanarra hubachuun danda'amuutti emmifoortii kan diinaarraa garaagarummaa qaba osoo hintaane, akkaataa dhukaasuu isaatu garaagarummaa qaba. Gootummaadhan itti dhukaasuudhan diina lafaa buutaa akka tureedha. Dhugaan gootummaa gooticha kanaa faaruu kana keessaa mul'atus, gootichi kun gootummaadhan dhukaasuudhan diina lafaa buutaa akka tureedha.

Faaruu 61

Yaa Badhoo faaliin gungumaa

Jirta yaa dhiira dhugumaa

(Madda: Afgaaffii Nama "A" irraa guyyaa 24/02/2013 argame)

Faaliin meeshaa waranaa gootichi kun ittiin lolaa tureedha. "Meeshaan waranaa kunis yeroo hunda sagalee dhageessisa" jetti odeeff kennitu "A"n. Sababni isaatis, gootichi kun meesha kana fayyadamuun diina kokkee qabee hanga biyyaa baasuutti dhukaasaa waan tureefidha. Yemmuu diinaan loluus hamileefi dhiirummaadhan waan loluuf goota dhugaa ta'u isaa hawaasni faaruu kanaan dhugaa baheefi jira.

Dhugaan gootummaa goota kanaa faaruu kana keessa jiru gootichi hanga qabsoorra tureetti akka hin hille gootummaadhan diina isaa injifachuuf sagalee dhukaasaa dhageessisaa akka tureedha.

4.5. Argannoofi Ibsa

Kaayyoon Qorannoo kanaa faaruwwaan gooticha Badhaadha Dilgaasaa qaaccuusudhaan dhaamsa inni gama adda addaatin qabu keessaa baasuudha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuufis adeemsa garaagaraa keessa darbuun argannoowwan garagaraa qorannichaan argameera. Argannoowwan qorannoo kanaa argannoowwan qorannoo dirree qorannoo kanaan walfakkatuurraatti hojjeetamaniin haala armaan gadiitiin walbira qabamuun dhiyaataniru.

Tasfaayee Dubaroo (2008/2016) Xiinxala afwalaloo “gooticha Oromoo Jeneraal Huseen Bune Dararaa” Godina Baalee Aanaa Sawweennaarratti geggeesseen mala qorannoo qulqulleeffataa (ibsa) hojirra oolchuun, ragaa qorannichaa Madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaarraa fudhatee, Meeshaalee funaansa ragaa afgaaffii, ilaalaa hirmaachuu, sakatta’a galmeewwaniifi waraabii fayyadamuun argannoowwaan kan qorannoo kanaatiin walitti siqu kan kanaa gadii argamaniru.

Walfakkeenyi argannoo qorannoo lamaanii, Gootichi Oromoo Jeneraal Huseen Bune Dararaa hacuuccaafi cunqursaa jalaa uummata baasee hawaasa biratti kabajaafi fudhatama guddaa argachuun isaa, Gootummaa isaa mirkaneessee rakkoo uummataa, dinagdee, misoomaa, barnootaafi kkf furee uummataaf bu’aa guddaa buusuun argannoo qorannoo Tasfaayee keessaa kan argannoo qorannoo kanatiin walfakkaatudha. Akkumaas gootichi Badhaadha Dilgaasaa goota cimaa, nama roorroo saba isaa callisee ilaaluu hindandeenye, ofii isaatiifis hawaasaa isaa miidhaa kan ture osoo hintaane miidhaa hawaasa isaarra jiru hambisuuf nama gootummaadhan qabsa’aa ture akka ta’e, Hawaasniis koomii irraa akka hinqabneefi hojii isaatiin isaa galateeffachaa gootota isaa booda kaayyoo akka isaa qabatanii socho’aan kan jajjabeessu akka ta’e qorannoo kanaan bira gahameera. Dabalataniis, Injifannoo gootichi Badhaadha Dilgaasaa Qarree Tokkeetti galmeesseen hawaasni naannoo kana roorroo jalaa bahanii hanga mootummaan humna biraa erguutti akka aara galfataniidha. Kanaafuu gootonni kun lamanuu hawaasa isaanii roorroo jalaa baasuuf qabsoo waan geggeessanniif hawaasa biratti jaalatamummaa argachuu danda’aniru. Kana malees, qabsoon isaanii roorroo jalaa hawaasa isaanii baasuu danda’uun argannoowwan lamaan walfakkeessuudha. Dabalataniis, gootoonni kun lamaanuu adeemsa qabsoo isaanii keessatti ciminaan loluudhan kan gootummaa isaanii mirkaneessan ta’uun argannoo qorannoo lamaniiti.

Assefa Tefera Dibaba Mata duree “Ethnography Of Resistance Poetics Power And Authority In Salale Oromo Folklore And Resistance Culture”(2015) irratti qorannoo geggeesseen, mala qorannoo qulqulleeffataa hojirra oolchuun, ragaa qorannichaa Madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaarraa fudhatee, Meeshaalee funaansa ragaa afgaaffii, ilaalaa hirmaachuu, sakatta’a galmeewwaniifi waraabii fayyadamuun argannoowwaan kan qorannoo kanaatiin walitti siqu kan kanaa gadii argamaniru.

Durii kaasee Oromoon Salaalee afwalaloo qabsoo/mormiitiin olaantummaa aadaa, dhiibbaa siyaasaafi saamiicha diinadgee isaarraa gahu mormuuf itti fayyadamaa akka ture, keessattuu saamiicha lafa isaafi qabeenya uumamaa lafa isarra jiru karaa itti fayyadama aangoo karaa maleetiin irra gahu mormaa akka ture argannoo qorannoo Asafaati. Argannoon qorannoo kanaatis, faaruun gooticha Badhaadha Dilgaasaa dhiibbaa diinagdeefi siyaasaa hawaasicharra gahaa ture ibseera. Dhiibbaa diinagdeefi siyaasaa ibsuu isaaniitiin argannoowwan qorannoo lamanii walfakkaata.

Kana malees, Oromoon Salaalee duriirra kaasee sirna bulchinsa Abinissi’aa keessatti haala jiruuf jireenyaa, akkasumaas hariiroo aangoo qixa qoodachuu kan hinqabne ta’uu isaafi walitti bu’insa keessatti uummata faaruu/walaloo isaatti akka tarsiiimoo sirnawaatti itti fayyadamuun quuqqaa isaa ibsachuun Oromummaa isaa mirkaaneeffachaa ture ta’uu isaa argannoo qorannoo Asafaatiin bira gahameedha argannoo Asaafaa kun argannoo qorannoo kanaa keessa kan ittiin walfakkaatu, faaruun gooticha Badhaadha Dilgaasaa aadaa, eenyummaafi seenaa hawasaa Aanaa Dagam ibsuufi tursuu waliin walqabatee shoora oolaanaa kan qabu ta’uu isaati.

Dabalataniis, Melese Ijara, (2019) “Oral Songs in the Cultural Resistance of Salaalee Oromoo” jedhuu keessatti faaruwwaan qabsoo Oromoo Salaalee qaaceessera. Walfakkeenyi argannoo qorannoo kanaafi qorannoo Mallasee Kaayyoon qorannoo Mallasee afwalaloo mormii uummata salaalee walitti qabuufi qaaceessuudha. Mala qorannoo qulqulleeffataa(ibsaa fi addeessaa)tu hojiirra oole. Madda ragaa tokkoffaafi lammaaffaa fayyadame. Meeshaaleen funaansa raga afgaaffii, ilaalaa hirmaachuu, sakatta’a galmeewwaniifi waraabii fayyadamee argannoowwan argaman faaruun mormii Oromoo Salaalee Qabiyyeewwan akka dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi dinaagdee hawaasichaa kan of keessaa qabu ta’uu. Faaruun sirbaa Oromoo Salaalee sirna mootummota Itoophiyaa dhufaa darbaa keessaatti dhiibbaa hawaas –dinaagdeefi siyaasaa

irraa gahee kan ibsu ta'uu, dhiibbaa dinaagdee qotee bulootarra jiru ibsuu keessatti humna guddaa akka qabu argannoo qorannoo Mallaseetin bira gahameedha. Dabalataanis, qotee bultoonni Salaalee mormii weerara lafaa, dhiibbaa siyaasaa sirna bulchinsaa ittiin mormuuf kan itti fayyadaman ta'uudha. Argannoon qorannoo kanaatis, faaruun gooticha Badhaadha Dilgaasaa dhiibbaa dinaadgeefi siyaasaa ibsuu keessatti faayidaa guddaa kan qabu waan ta'eef argannoon qorannoo lamaanii dhimmoota kanarratti walitti siqa.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO QORANNICHAA

5.1 Cunfaa Qorannichaa

Sabni Oromoo saba guddaa Gaanfa Afrikaa jiraatuufi seenaa bara dheeraa qabuudha. Seenaa kanas yeroo dheeraadhaaf ogbarruu barreeffaamaa kan hinqabne yemmuu ta'uu, duudhaa, seenaa, aadaa, barsiifata, beekumsa hawaas-dinaagdee isaa ogafaan isaatiin dhalootaa dhalootaatti dabarfaachaa tureera. Kanaaf ogafaan seenaa, duudhaa, eenyumma hawaasa tokko daddabarsuu kessatti shoorra olaanaa qaba. Ogafaan qoodinsa adda addaa qaba. Hayyoonni hedduunis bakka garaagaraatti haaqoodan malee, kanneen gurguddoo ta'an kan seeneeffamanifi walaleeffaman yookan kanneen bifa afwalalootin daddarban akka ta'an nieeru.

Faaruu ogafaan walaleeffamu yookiin bifa walaloon daddarbu keessaa isa tokkodha. Kunis walaloo miira faarfannaatiin guuttame namoota hojii gaarii qaban jajuuf, seenaa isaa ibsuuf, gurra guddisuufi galateeffachuuf kan hawaasni dhimma itti bahuudha. Haaluma kanaan, Oromoon Salaalee sirnoota mootummaa dhufaa darbaa keessatti dhiibbaa dhimmoota gama diinagdee, aadaa, amantaa, eenyummaa, seenaa, afaan isaa irratti dhufu callisee kan ilaalu osoo hintaane, faaruu isaatti dhimma bahuun quuqqama isaa kan ibsataa turedha. Faaruu isaa kanaan, gootota hedduu sababa qabsoo saba isaaniitiif jecha aarsaa kanfalaa turan ibsaa tureera. Oromoon Salaalee gootota bilisummaa saba isaniitif jedhani dirree lolaatti wareegamaan kan dagate osoo hintaane akaakuu ogafaanii afwalaloo kan ta'e faaruu garaagaraatin seenaa isaanii kaasuun seenaan isaanii akka hindagatamneefi dhaloota ammaa ittin barsisuufis ta'ee gootummaa isaanii cimsuuf itti fayyadamaa jira.

Haaluma Kanaan, xiyyeeffaannoon qoraannoo kanaas, Faaruun Gooticha Badhaadha Dilgaasaa qacceessuudhan dhaamsa inni gama adda addaatin qabuu keessa baasuun, faayidaa inni hawaasichaaf qabu ibsuu yoo ta'u, maddi ragaalee qorannoo kana keessatti hojirraa oolaan madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaaati. malli iddatteessuu kaayyeeffataa (purposive sampling)fi iddatteessuu darbaa dabarsaatin (snow ball sampling) jedhamantu hojiirra oole. Ragaaleen qorannoo kanaa immo bifa Afgaaffii, marii gareefi sakatta'a dookimentitiin funaannamaniru. Ragaaleen bifa akanaan walitti qabamaan bifa

isaan ittiin dhiyaataaniin qoqooduun mala qulqulleeffataatin qaacceessuun dhaamsa isaan gama adda addaatiin qaban qindeessuun dhiyaataniru. Dhimmoonni qorannoo kana keessatti ibsaman dhaamsawwan faaruun kun gama diinagdeefi siyaasaatiin qabu, yoomessi faaruun kun keessaatti kalaqamaan kanneen kan akka yeroo gootichi injifannoo argate injifannoo gootichaa ibsuu, wareegama gootichaa ibsuun walqabatee, akkasumas bakka itti wareegame ibsuu waliin kan walqabatedha. Kana malees, kan qorannichi irratti xiyyeeffate faaruun gooticha kanaa dhimmoota aadaa seenaafi eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuufi eegee tursuu keessatti faayidaa maali akka qabu irrattidha.

Walumaagalatti, faaruun akaakuu ogafaanii unka walaloo qabu ta'ee afaaniin kan dhalootaa dhalootatti daddarbaa dhufeedha. Faaruun gootaas dhimmootaafi gahee gootonni hawaasicha keessatti ittiin beekaman tokko ibsuu keessatti shooraa kan qabudha. Faaruun gooticha Badhaadha Dilgasaas dhimmootaafi gahee gootichi qabsoo hawaasaa wajjiin wal qabatee dabarse kan ibsu yoo ta'u faaruun kun hawaasa Oromoo Salaalee Aanaa Daggam keessatti nimul'ata.

5.2. Argannoowwan Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo qabatee ka'e qaba. Kaayyoon isaas faaru gooticha Badhaadha Dilgasaas qaacceessuudhaan ergaa inni gama diinagdeefi siyaasaatiin qabu keessaa baasuudhan faayidaa inni aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasichaa ibsuufi eegee tursiisuu keessatti qabu ibsuudha. Ragaalee qorannoo kanaaf, barbaachisu odeefkennitoota irraa funaanname qaaccessuudhaan argannoowwan qorannoo kanaa bifa armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

- Faruun gooticha Badhaadha Dilgasaas gama diinagdee ilaalchisee dhiibbaan diinaagdee haawaasichaa laamshessu maal akka ta'e ibseera.
 - ✓ Kunneenis, kan akka loon isaa waraana mootummaa yeroo sana aangoo irra tureen jalaa qalamuu, hawaasichi dirqiidhaan waraana mootumma yeroo sanaatiif nyaata qopheesuu aannan obaasuu waliin walqabatee miidhaa diinagdee irra kan ture ta'uu isaa qorannoon kun ifoomsee jira.
 - ✓ Gama siyaasaatiin dhaamsa akka dhiibbaa siyaasa yeroo sanaa keessumattuu, shira siyaasaa yeroo sanaa maqaa jaarsummaafi tolchaa jedhuun kan tureefi

haala kanaan gootichi mana hidhaa galuu isaa qorannoon kun adda baasee jira.

- ✓ Kana malees, xaxoo siyaasa yeroo sanaa keessatti baandootni Badhaadha Dilgaasaa fakkaatanii icciitii isaa mootummaa yeroo sanaaf himaa turuun isaa qorannoon kun mirkaneessee jira. Karaa biroo sirni siyaasaa biyya tokko yoo hinmijanne sirnicha mijataa taasisuuf qabsoon barbaachisaa ta'uu isaa ergaa yookiin dhaamsa faaruu gooticha kanaa gama siyaasaatiin akka ta'e qorannichi ibseera.
- Faaruun gooticha Badhaadha Dilgaasaa yoomessawwan akka yeroo gootichi injifannoo argatu, yeroo gootichi bakka isaa hinmalleetti argame ittiin qeequufi gorsuuf, akkaataa itti waraagame ilaalchisee keetoodhan akka ta'e ibsuufi bakka itti wareegamee immoo naannoo Ada'aa Bargaa akka ta'e ibsuuf faaruun gooticha kanaa akka kalaqamaa qorannichaan bira gahamee jira.
- Argaannoo qorannoo kanaa inni biroon dhimmoota aadaa, eenyummaafi seenaa hawasaa tokkoo ibsuufi tursuu waliin walqabatee shoora qabaachuu isaati.
 - ✓ Gama aadaatiin erga gootichi waaregamee gumaan gootichaa bahu akka qabu ibsuun gumaan sirna duudhaa haawasicha keessatti diriiree jiruufi dhaloota ammaa birattis kan mul'atu ta'uu isaa qorannoon kun eeree jira.
 - ✓ Karaa biroo qorannoon kun Seenaan qabsoo goototaa maal keessa akka darbe dhaloota hara'aa barsiisuuf faaruun gooticha kanaa faayidaa seenaa tursuuufi beeksisuu qabaachuu isaa qorannoon kun kan ifoomsedha.
- Dhugaan gootummaa goota kanaa walaloo faaruu kana keessaatti ibsame, gootichi Badhaadha Dilgaasaa goota cimaa, nama roorroo saba isaa callisee ilaaluu hindandeenye, ofii isaatifis hawaasaa isaa miidhaa kan ture osoo hintaane miidhaa hawaasa isarra jiru hambisuuf nama gootummaadhan dhaadatu, akkasuman kan dhaadatu osoo hintaane yeroo lolee injifatu akka ta'eedha.
 - ✓ Hawaasniis koomii irraa akka hinqabneefi hojii isaatiin isaa galateeffachaa gootota isaa booda kaayyoo akka isaa qabatanii socho'aan kan jajjabeessu akka ta'eedha.

- ✓ gootichi kun kaayyoo dhugaatiif hawaasaa isaatif waggaa afur gootummadhaan qabsaa'aa erga ture booda erga harka diinaa gale, yeroo ofiin of ajjeesu “kaayyoo koo galmaan naa ga'aa” jedhee dhaamsa akka dhammateedha
- ✓ Gootichi kun gootummaadhan bakka Qarree Tokkee jedhamuutti diina isaa akka duguugeefi kan hafan immoo baqatanii naannoo san akka gadhisaan taasisuu isaati. Injifannoo Kana boodas, hawaasni naannoo kana roorroo jalaa bahanii hanga mootummaan humna biraa erguutti akka aara galfataniidha
- ✓ Gootichi hanga qabsoorra turetti akka hinhille gootummaadhan diina isaa injifachuuf sagaalee dhukaasaa dhageessisaa akka tureefi gootummaadhan dhukaasuudhan diina lafaa buutaa akka tureedha.

5.3 Yaboo Qorannichaa

Argannoon qorannoo kanaa akka ibsutti, Faaruun gooticha Badhaadha Dilgaasaa ergaa gama diinagdeefi siyaasaa akka qabu ibse. Kanamalees yoomessi faaru gooticha kanaa dhimmoota wareegama gotichaan walqabatan, akkasumas, gaddafi gammachuu ibsachuufi gooticha gocha gootummaa isaa waliin walqabsiisee bakka hintaane akka hindhaabbanne gorsuufi qeequun wal qabatee kan kalaqamanidha. Karaa biroo immoo dhimmoota seenaafi aadaa hawaasa tokko ibsuufi tursuu keessatti faaruun gooticha kanaa faayidaa akka qabu kan ibsameedha. Dabalataniis, dhugaan gootummaa gootichaa walaloo faaru keessatti maal akka fakkaatu ibsameera. Bu'uura argannoo qorannoo kanaatiin yaboon armaan gadii eerame jira.

- ◆ Waajjirri Aadaafi Turiizimii Aanaa Dagam akkaataa isaanii danda'ameen manguddootas ta'ee qaamota dhimma kanaarratti muuxannoo qaban irraa faaru gootota aanaa kanaa walitti qabuun seenaa faaruun sun keessatti faarfatame wajjiin galmeessanii osoo ka'aanii gaariidha.
- ◆ Faaruun gooticha Badhaadha Dilgaasaa faayidaan inni gama adda addaatin qabu hedduudha. Qorannoo kana keessattis, kan xiyyeeffatame aadaa, eenyummaafi seenaa hawaasichaa ibsuufi eegee tursiisu qofa waan ta'eef faayidaa faaruun kun gama adda addaatiin qabuus, qorannoo bal'aan osoo irraatti geggeeffamee gaarii ta'a .
- ◆ Ogeeyyiin sadarkaa adda addaatti jiran keessattuu sirna barnoota Afaan Oromoo warri qopheessanii fi barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan manneen barnootaa keessatti faaru gootichaa kaanaa dhalonni ammaas ta'ee gara fulduraatti dhufu xiyyeeffannoo akka itti kennuuf, yoo xiqqaate hawaasa irraa funaanuun M/B keessatti osoo kuusani.
- ◆ Mata duree kana ilaalchisee hanqinoota qorannoo kana keessatti mul'atan fooyyeessuufi daangaa qorannoo kanaa bal'isuun qorataan yookiin qorattuun kanaan booda dhufu/dhuftu qorannoo gadi fageenyaa osoo geggeessanii gaariidha.

Wabiilee

- Abiyoot Adinoo. (2008). *Qaacceessa Faaruu Daa'immanii Aanaa Amboo: Yuunivarsitii Addis Ababaa Finfinne*
- Abrahams, Roger D.(1980). "Folklore." In *Harvard Encyclopedia of American Ethnic Groups* Stephan Thernstrom, ed., Cambridge: Belnap Press, pp. 370-9.
- Assefa Jalata. (2010). *Oromo Peoplehood: Historical and Cultural Overview*, University of Tennessee
- Asaffaa Jalata. (2007). *Oromummaa: Oromo Culture, Identity and Nationalism* University of Tennessee, Knoxville: Atlanta, Georgia, 31146
- Assefa Tefera. (2003). *Towards A Political Sociology Of Oromo Literature: Jaarsoo Waaqoo's Poetry*. Addis Ababa University
- Assefa Tefera. (2015) *Ethnography Of Resistance Poetics Power And Authority In Salale Oromo Folklore and Resistance Culture Ethiopia*. Northeast Africa: Indiana University.
- Assefa Tefera. (2017). *Ethnographic History Of Oromo Folklore Study: cushitic Oromo Nation, Northeast Africa*, Indiana University. USA.
- Ashenafi Belayfi Eba Teresa.. (2017). *The Poetics of Oromo Blessing Expressions: A Stylistic Analysis of a Verbal Art Genre* *International Journal of Sciences: Basic and Applied Research (IJSBAR)* Volume 32, No 1, pp 92-120.
- Baqqalaa Laataa.(2011). *Seenaa Qabsaa'oota Oromoofiwareegamtootaa :Finfinnee*
- Bascom. W. (1954). *Four Functions of Folklore :The Journal Of American Folklore*, Vol. 67, No. 266. (Oct. - Dec., 1954), Pp. 333-349. Stable URL:
- Bayyanaa Laggasaa. (2008). *Qaacceessa Yoomessaafi Qabiyyeewwan FaaruuLoonii, Ummata Oromoo Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa Keessatti:Yuunivarsitii Addis Ababaa (Finfinnee), Finfinne*
- Dorson. R. (1972).*Folklore and folklife:An introduction*.Chicago and London:The university of Chicago press.
- Dundes. A. (2007). *The meaning of folklore: the analytical essays of Alan Dundes / edited and*

- introduced by Simon J. Bronner. Utah State University Press Logan, Utah.
- Filee Jaallataa.(2016). Beekumtaa Oromoo. Naqamtee, Oromiyaa. Mana Maxxansaa Raajii: Finfinnee.
- Finnegan .R. (1970). A Note Oral Tradition and Historical Evidence: History And Theory
Vo. 9, No. 2. (1970). Pp. 195-201
- Finnegan. R. (1974). How Oral Is Oral Literature: Bulletin Of The School Of Oriental and African Studies, University Of London, Vol.37 No.1 In Memory Of W. H. Whitely. (1974), Pp. 52-64.
- Finnegan .R. (1992). Oral traditions and the verbal arts: Routledge is an International Thomson
Publishing Company.A guide to research practices.
- Finnegan.R.(2012). Oral Literature In Africa: World Oral Literature Series: Volume 1.
- Hussein J. (2005). The Functions Of African Oral Arts: The Arsi-Oromo Oral Arts In Focus. Alemay University: ISSN: 2050-7933.
- Megersa Regassa. (2017). Females Voice through Oral Poetry among Limmuu Oromo, Ethiopia Jimma University, Ethiopia Journal of Ethnic and Cultural Studies Vol. 4, No. 2, 28-40.
- Melese Ejara. (2019). Oral Songs In The Cultural Resistance Of Salaalee Oromoo: Mekdela Amba University (Wallo) , International Journal Of Advanced Research (IJAR) ISSN: 2320-5407 Int. J. Adv. Res. 7(5), 1264-1277.
- Sims and Stephens. (2005). Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their Traditions. Ohio: The Ohio State University, Utah University Press.

Dabalee A

Yuuniversitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiwuumaanitii

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutti

Gaaffilee afgaaffiifi marii garee odeeffannoo faaruwwan gooticha Oromoo Badhaadha Dilgaasaa ittiin funaanaman.

A. Gaaffilee afgaaffii

Gaaffileen afgaaffii kun maanguddoota, haawwan, dargaggootaafi hojjeetoota waajjira aadaa fi tuuriziimii aanichaa waa'ee gootichaafi faaruu isaa nibeeku, muuxannoo niqabu yookaan ammoo dhagahaniiru jedhamanif kan dhiyaateedha. .

Kabajamoo jiraattota Aanaa Dagamiifi namoota biroo iddattoo qorannoo kanaa taatan hundaaf gaaffilee dhiyaatan deebisuuf hayyamamoo tahuu keessaniif, Akkasumas,yeroo keessaniif dursee isin galateeffadha. Xiyyeeffati qorannoo kootii, faaruu gooticha Badhaadha Dilgaasaa qaacceessuudha. Galma gahiinsa hojii kanaa keessatti ragaan isin irraa argamu baay'ee murteessadha. Kanaafuu gaaffiin isin gaafadhurratti ibsa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Afgaaffii Maanguddoota, hawwan,dargaggootaafi qabsaa'ota lubbuun jiran waliin onkololeessa 18-30/2013 taasifame.

Waa'ee Odeef-kennitootaa.

Maqaa_____Umrii_____Bakka Jireenyaa(Ganda)___ Gahee Hojii Isaanii_____

1. Gootanni Oromoo naannoo kanatti adda durummaan beekaman eenyu fa'a?
2. Mee gootota Oromoo naannoo kanaa keessaa Seenaan gooticha Badhaadha Dilgaasaa maal fakkaata?
3. Gootni kun isin biratti nifaarfataama?
4. Mee faaruwwan gooticha Oromoo Badhadha Dilgaasaa maal faadha?
5. Yeroo akkamii faarfataama?
6. Eessaatti faarfataama?
7. Eenyuufaatu faarfata?
8. Yeroo amma kana moo dur irra caalaatti faarfataama?

9. Sababni faaruu goota kanaa akka hinfoooyyofneefi akka dhaloota biroo hindhaalchifne godhan jiruu? Yoo jiraatan maal fa'i?

Dabalee B

Yuuniversitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiwuumaanitii

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutti

B. Gaaffilee Marii Garee

Gaaffileen marii garee kun immoo maanguddoota, haawwan, dargaggoota waa'ee gootichaafi faaruu isaa nibeeku, muuxannoo niqabu (namoota gooticha wajjin jiran) yookaan ammoo dhagahaniiru jedhamanif dhiyaachuuf kan qophaayedha.

1. Faaruun gooticha Oromoo Badhadha Dilgaasaa bifawwan akkam akkamiin dhiyaata?
2. Faaruwwan Gooticha Badhadha Dilgaasaa faayidaa akkam akkamii qaba?
3. Faaruu gootaa faarfachuuf wantoonni barbaachisaan maal faadha?

Dabalee C

Yuuniversitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiwuumaanitii

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutti

Faaruuwwan Gootummaa Badhaadha Dilgaasaa (Miidhe) Gaaffilee Bu;Uuraa Qorannoo
Kanaa Akkaataa Deebisuu Danda'aaniin Hawaasarraa Bara 2013 Funaannaman.

Kuulleen Dhaalee Arboon Darabaa Galee

Yaa Badhaadha Dilgaasaa Ergii Sagalee

Kuula Maraniis Laga Liqimmeetti

Kuulaa Maraaniis

Sawwaan Dhugaa Hin Oolani

Irraa Hin Dheeffiin Yaa Badhoo

Lubbuu Mukaan Koraaniis Lolaa Tolaanis

Du'a Hinoolaanii

Baala Qilxuu Gogdee Waashaa Hinlixxuu

Moo Yaa Miidhee Yaa Itti Cittuu

Moo Yaa Badhoo

Jabbiin Hidhaaa Kuttee Hidhaan Hiidha Mormaa

Dubbiin Natti Dhuftee Dubbiin Diiraa Oorma

Re'een Dhaltee Gadii Baasaadha
Erga Mangeen Gabaree Galee
Yookan Baddaatti Ol Naa Baasaadha
Yookaan Maqaa Kiyya Kaasaadha
Jedha Badhaaanni Dilgaasaadha
Daandii Qalloo Kan Miidheen Bobba'uu
Alii Dheeraa Yaa Biyya Kilaashiin Boba'uu
Akkaatti Uursu Mogenii
Dhabbatteet Laaltii Togenii
Moo Badhoo Araangabaa Seetee Axceedha
Jaalalaa Seetee Nabseedha
Araangabaa Seetee Arbuudha
Jaalala Seetee Lubbuudha

Mooyaa Badhoo
Loon Keenya Badanii
Dhukkeerraa Gad Yaa'uu
Jaalaalli Yoo Bushaa'ee
Tamboorraa Aja'uu

Yaa Badhoo Kiyjaa
Koottuu Yaa Badhoo Kiyya
Yaa Badhoo Goda Maraaramii

Koottuu Badhoo Kiyya

Hundumaan Araaramii

Koottuu Yaa Badhoo Kiyya

Hamattuuf Gurgurtuun Abbaa Qabdii

Gadhee Goota Hamattu

Koottu Yaa Badhoo Kiyya

Gaggarafii Biraa Deemii

Akka Eeffana Reefu Leenjitu

Koottu Yaa Badhoo Gaafa Diggisi

Koottu Yaa Badhoo Yaa Likiskisii

Maalif Dhaqxe Mana Diggisii

Harka Seekkoodha

Yaa Badhaadha Harka Seekkoodha

Wayyaaneen Maal Si Balleessite

Kan Si Galafate Keettoodha

Yaa Badhoo Kiyaa

Dirree Buute Caaliinii

Ana Qawween Na Hindhawu Jettaa

Maa Morma Sirra Kute Faaliinii

Faaliidha Moo Immafoortii Wayyaa

Moo Yaa Miidhee Gangalatee Buute Hallayyaa

Moo Yaa Badhoo Tokkostuu Qawwee Labanii

Salaaleerra Si Dhabanii

Moo Yaa Badhoo

Hinaareem Hinaaruu

Dhoowwee Si Dhadhaabee

Shiiboo Sitti Ijaaruu

Looniin Eeganii

Zangii Qalloo Looniin Eeganii

Kootu Shugguxii Kee Narraa Fudhu

Yoon Du'ellee Waan Hinbeekanii

Hoolaa Malee Maa Re'ee Sii Qaltii

Moo Yaa Miidhee Ada'ii Duruu Nama Gantii

Yaa Badhoo Koo Maal Gochuu Buute

Ganda Qarree Biiftuu Liixaa

Moo Yaa Miidhee Meeqatu Si Bitaa

Yaa Badhoo Koo

Maal Gochu Buute Biyya Godaa Lafaa

Biyya Keenya Qeerreensu Odaaa Jala Rafa

Yaa Badhaadha Koo

Badhaadha Faaliin Gungumaa

Babbaddee Yaa Dhiira Dhugumaa

Yaa Badhaadha Koo

Badhaadha Faaliin Babarruu

Tokkicha Koo Wal Hinagarruu

Araangabaan Bona Hinsaaruu

Baddee Yaa Badhaadha Dilgaasaa

Qeerrensa Qeerrensa Caalu

Yaa Badhaadha Koo

Yaa Badhaadha Cammaan Kiskiisii

Jalqabuumaan Hafte Atisi

Biyyee Diigdee Hingaltuu

Yaa Badhoo Koo

Akka Arrittaa Reefu Magartuu

Yaamiidhee Silaa Karaa Fiicheet Galtee

Emmifoortiikee Eessatti Gattee

Re'een Dhaltee Gadi Baasadhaa

Lakkii Gumaa Kiyya Baasadhaa

Jedha Badhaanni Dilgaasadhaa

Yaa Badhaadha Koo

Guyyaa Kurraaziin Hinboba'uu

Ajjeftanii Nurraan Hindeemina

Damiin Carqii Miti Hin Moofa'uu

Harangamaan Muka Maaliiti

Muki Daraaru Firii Hinqabne

Ilmi Dilgaasaa Ilma Eenyuuti

Ilmi Ajjeessani Damii Hinqabne

Gizzeen Kuni Malinnii

Gizzeen Ajjeessani Damii Hinbaafne

Maal Gochuu Buutee Biyya Badhaanni Jiru

Salaalee Biyya Shimalaan Nama Diruu.

Maal Gochuu Buute Biyya Badhaanni Jiruu,

Mogee Kilaashiin Baroode Deebiin Hinjiruu

Yaa Muraasii Maqasii Hintanee Yaa Mallasii,

Dubbiin Mangee Deebitee Dhufte Ammasii.

Yaa Badhaadha Koo

Badhaadhaa Kootiin Rufaarrufaa

Jabaadhuu Ammaa Haroon Jijjiigee Dhufaa

Yaa Badhoo Kiyjaa Xinnayyoo Amma Ijoollee,

Akka Immafoortiin Agabuu Hinoollee

Yaa Badhaadha Qarree Tokkee

Maloo Kilaashidhaan Natti Dafi

Warra Wayyaanee Garaan Sokkee

Hoola dhaltuu kallee hoola dhaltuu

Yaa Badhoo koo du'aa hinoolan bakka hundattu

Hoola Qalee Kochee Nyaachuu Malee

Erga Yoomii Badhaanni Dhiira Gabbaree

Mogor Qabate Gootni Tokkee Mogor Qabate

Garbatti Gate Waa Wayyaanee Garbatti Fixee

Holqa Mogoritti Hirkate Tafeef Dhufeera Dabalatee

Yaa Dhufeeraa Kiyjaa

Yaa Dhufeeraa Ilma Deettidhaa

Shakashaki Akka Jeettidhaa

Tafarii Kiyya

Yaa Tafarii Shurubbaan Quncee

Keessuma Baate Karaa Qundee

Moo Yaa Badhoo

Haatii Too Haatii

Lachuu Dubartumaa

Kunoo Ijjoolee Dhuuftee

Hunduu Kuttaattumaa

Laaftoon Gogee

Laaftoo Mataan Gogee

Tokkosi Yaa Badhoo

Leenca Laga Mogee

Koottu Yaa Badhoo Morma Bilillee,

Tokkicha Taate Malee Hinhillee

Bootti Jilbaa Jabaa Maaltu Jibba

Yaa Badhaadha Dilgaasaa

Tokkicha Qixxee Nama Dhibbaa

Gad Ilaalewoo

Shaaloo Mataan Gad Ilaalewoo

Yaa Badhoo Kiyya

Barana Yoo Wajjin Baanewoo

Xilaa-Warqii Sii Tasaalewoo

Yookan Lolii Yookan Alгаа Koori

Yaa Badhaadha Dilgaasaa Leencha Mogorii

Yaa Badhoo Koo Tokkosii Yaa Leenca Mogorii

Xafaan Bade Addis Ababaa Ga'e

Isinoo Eessa Lixxu Yaa Warra Afaaniin Alba'ee

Miidheen Dhufee Ulaa Uummoo Ga'ee,

Eessa Seenta Yaa Warra Afaan Alba'ee

Moo Yaa Badhoo

Kaleessaa Kalee Kee

Kaleen Galgaaltuudha

Bineensatti Kennii

Ishee Wanjaltuudha

Jaarsa Wadaati

Damee Sharrii Jaarsa Waadaatii

Hintokkosaa Gara Gaadaatii

Shakashakee Fixe Waa Waadaatii

Yaa Damee Sharrii

Kana Namaaf Godha Jarjarri

Bu'ee Karaa Kuyyuu Amma'aan Bu'ee

Yaa Dame Maal Godha Sumat Bararii Afaan Bu'ee

Tokkee Gubbaan Katamaa Miti

Qarreen Tokkee Katamaa Miti

Yaa Badhaadha Koo

Namni Si Ajjeessee Namaa Miti

Dabalee D

Maqaa Namoota Oddeeffannoo kennanii

Lakk.	Maqaa	Saala	Umrii	Bakka Jireenyaa	Gahee hojii
1.	Ob.Assaffaa Tacaanee	Dhi	56	Ganda Uruxaa	Qotee bulaa
2.	Qabsaa'aa Buzunaa Taddasaa	Dhi	44	Magaala A/Dagam	Hojjetaa M/kitabaa
3.	Ob. Faayisaa Bultoo	Dhi	56	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
4.	Qabsaa'aa.Faayisaa Gizee	Dhi	50	Ganda Y/haroo	Daldalaa
5.	Ad.Galaanee Nugusee	Dha	64	Ganda Uruxaa	Qotee bulaa
6.	Ob. Labataa Taklaa	Dhi	47	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
7.	Ob. Shifarra Lammaa	Dhi	43	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
8.	Ob. Katamaa Lammii	Dhi	46	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
9.	Ad. Qacinee Badhaasaa	Dha	70	Ganda Leemmaan	Qotee bulaa
10.	Darg.Saamu'eel Kabbadaa	Dhi	30	Magaalaa Fichee	Barataa
11.	Ob. Ijaaraa Dabalee	Dhi	52	Ganda qundee	Qotee bulaa
12.	Ob. Dirriba Gabawoo	Dhi	67	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
13.	Ob. Iraasuu Tufaa	Dhi	76	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
14.	Ob. Tolaasaa Gaddaafaa	Dhi	65	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
15.	Ob.Faayisaa Bayyanaa	Dhi	60	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
16.	Ad.Addisuu Waaqjiraa	Dha	61	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
17.	Ad.Dirribee Caalaa	Dha	45	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
18.	Ob.Tulluu Bariii	Dhi	48	Magaala A/Dagam	Hojjetaa W/A/T
19.	Ad.Oromiyaa Darajjee	Dha	38	Magaala A/Dagam	Hojjettuu W/A/T
20.	Ob. Tujaaree Ida'ee	Dhi	42	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
21.	Darg. Salamoona Bojaa	Dha	34	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
22.	Tolaasaa Garradoo	Dhi	45	Magaalaa dagam	Qotee bulaa

23.	Darg.Katamaa wadajoo	Dhi	42	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
24.	Darg.Caalaa dirribaa	Dhi	28	Ganda Y/haroo	Barataa
25.	Ijaaraa Buuphaa	Dhi	46	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa
26.	Wadajoo Tufaa	Dhi	64	Ganda Y/haroo	Qotee bulaa

Dabalee E.

Suuraa Odefkenniitootaa



Suuraa 1. Yeroo Afgaaffiin Ad. Qacinee Badhaasaa wajjiin guyyaa 24/02/2013
adeemsifame



Suuraa 2. Yeroo afgaaffiin ob.Tolasaa Garradoo guyyaa guyyaa 26/02/2013
adeemsiifame



Suuraa 4. Yeroo Afgaaffii Darg. Salamoon Bojaa, 23/02/2013 adeemsifame



Suuraa 5. Afgaaffi Ob. Assaffaa Tacaanee wajjiin guyyaa 26/02/2013 adeemsifame



Suuraa 6. Faayisaa Bultoo wajjiin guyyaa,. 23/02/2013 *adeemsiifame*



Suuraa 7. Afgaaffi Ob. Iraasuu Tufaa wajjiin guyyaa 26/02/2013 *adeemsiifame.*



Suuraa 8. Afgaaffii qabsa' aafi hojjeetaa mana kitaabaa Waajjiira Aadaafi Tuuriziimii Aadaa Dagam Buzunaa Taddasaa wajjiin guyyaa 26/02/2013 *adeemsiifame*



Suuraa 9. Afgaaffii yeroo hojjeetoota Wajjira Aadaafi Tuuriziimii Aanaa Dagam wajjiin guyyaa 18/02/2013 adeemsifame



Suuraa 10. Yeroo Mariin Garee xiyyeeffannoo 02/20/2013 Adeemssifamu